# Xiinala Fayyadama Afaanii Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti

**Gabaasa Qorannoo Ittiin Guuttannaa Digirii Duraan Boodaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuuf Dhihaate**

**Sagantaa Barnootaa Digirii Lammaffaa**

**Yuunivarsiitii Haramaayaa**

**Shifarraa Badhaadhaa**

**Adoolessa, 2025**

**Yuunivarsiitii Haramaayaa,**

**Haramaayaa**

# Xiinala Fayyadama Afaanii Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessattii

**Yuunivarsiitii Haramaayaa**

**Barnoota Digirii Duraan Boodaa**

**Gabaasa Waraqaa Qorannoo Muummee Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuu**

**Ittiin Guuttannaa Gulantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

**Shifarraa Badhaadhaa**

**Adoolesssa, 2025**

**Yuunivarsiitii Haramaayaa,**

**Haramaayaa**

**Waraqaa Mirkaneessaa**

**Yuunivarsiitii Haramaayaa**

**Barnoota Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf, Shifarraa Badhaadhaa Mataduree: “Xiinala Fayyadama Afaanii Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti” jedhuun qophaa’e, Ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

___________________________________ _________ ____________

Maqaa Gorsaa Dursaa Mallattoo Guyyaa

___________________________________ _________ ____________

Maqaa Gorsaa Gargaaraa Mallattoo Guyyaa

Akka miseensa boordii madaaltota qorannoo MA’tti waraqaan qorannoo Shifarraa Badhaadhaa ani dubbiseefi madaale kun ulaagaa ittiin guuttannaa digirii Lammaffaa (MA) kan guute ta’uu isaafi fudhatamummaa akka qabaatu mirkaneesseera.

___________________________________ _________ ____________

Qindeessaa Mallattoo Guyyaa

___________________________________ _________ ____________

Qoraa Keessaa Mallattoo Guyyaa

___________________________________ _________ ____________

Qoraa Alaa Mallattoo Guyyaa

Mirkaneessi xumuraafi fudhatamummaan waliigala waraqaa gabaasa qorannoo kanaa hanga daangaa yeroo sirreeffamaaf qoratichaaf kennamee Muummeefi Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (CGS) galeetti kan turu ta’a.

<u>Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa (MA)</u>

Maqaa: ___________________________________Mallattoo _________ Guyyaa: ______________

# Ibsa Qoratichaa

Qorannoon kuni hirmaannaa kennitoota deeggarsa yookiin gorsitoota kiyyaa irraa kan hafe, dadhabbii bu'aa hojii mataa kootii ta'uusaa mallattoo kootiin nan mikaneessa. Adeemsa qorannichaa keessatti, jalqabaa hanga dhumaatti haala qajeelfama naamusa qorannoo bu'uura godhate hordofeen qorannoo kana hojjadhee xumure. Ragaalee barreeffamaa milkaa'ina qorannichaatiif fudhatamanis wabeeffadheen jira.

Gabaasni qorannoo kunimmoo, kan gulantaa ittiin guuttannaa Digirii Lammaffaa (MA) Yuunivarsiitii Haramayaatiif dhihaate yemmuu ta'u, waraqaan gabaasichaa mana dubbisaa Yuunivarsiitii keessa galuun haala dambii mana dubbisichaatiin itti fayyadamtootaaf ergifamee bu'aa barnootaaf ooluu danda'a. Waraqaan gabaasa qorannoo kun dhaabbata kamiifuu dabarfamee kennamuu hinqabu.

Qaamni heeyyama ergifannaa waraqaa kanaa, qaama dhimmi ilaallaturraa argachuun itti fayyadamee/tee odeeffannoo irraa waraabbate/tte immoo, ragaalee waraabatan sana ifoomsuu qabu.

Maqaa: ____________________________________ Mallattoo: ______________________

Guyyaa: ___________________________________

Muummee: ________________________________

## Seenaa Qoratichaa

Maqaan koo Shifarraa Badhaadhaa yoo ta'u, Abbaa koo: Badhaadha Naggasaafi Harmee too Gorfee Haftee kan jedhaman irraayin Caamsaa, 25/1992 A.LA. Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa Ganda Iluu Xoosinyiitti dhaladhe. Gaafa umuriin koo barnootaaf gahu, dhaladhee waggaa Saddeetitti bara 2000 A.L.A. mana barnootaa achuma ganda dhalootaa koo keessatti argamu: Mana Barumsaa Dirree Madaallee Sadarkaa Tokkoffaatti galmaa'uun barumsa koo eegale. Gulantaa barnoota sadarkaa tokkooffaa (1-8) achumatti hordofaa tureen qormaata naannoo kan kutaa 8$^{ffaa}$ bara 2008 A.L.A. fudhachuun bara 2009 A.L.A. gara gulantaa barnoota sadarkaa 2$^{ffaa}$tti cehuun Mana Barnootaa Magaalaa Incinnii keessatti argamutti galmaa'uun barnoota koo kutaa (9$^{ffaa}$- 12$^{ffaa}$) ergan hordofaa tureen booda bara 2012 A.L.A. qormaata seensa Yuunivarsiitii qoramee darbuun bara 2013 hanga 2015 A.L.A Yuunivarsiitii Haramaayaatti Ramadamuun Barnoota Digirii Jalqabaa: Muummee Afaan Oromoo, Qunnamtiifi Ogumaa irraa eebbifame. Yeroo ammaa kanatti, ogummaa barsiisummaatiin Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Boolee, Mana Barumsaa Boolee Lam Sadarkaa 2$^{ffaa}$ttan tajaajilaa jira.

# Galata

Jalqabarratti, Dandeettiifi beekumsa qaban osoo narraa hinqusatiin yeroo isaanii qaalii ta'erraa naaf qooddanii hanqinoota adeemsa qorannichaa keessatti na mudachaa turanirratti qajeelchaafi gorsa ogummaa miira qajeelummaa olaanaa qabuun dabaalameen nagorsaa milkaa'ina kanaan kan nageessisan: Gorsaa koo ijoo, Muhaammad Abdoo (Ass. Prof.) fi Gorsaa gargaaraa, Fiqaaduu Baldaa (Ass. Prof.) tiin galata daangaa hinqabne argadhaan jedhaani. Itti aansuun, gulantaa sadarkaa barnootaa koo akkan fooyyeffadhuuf carraa barnootaa kana kan naaf kenne, Ministeera Barnootaa galateeffachuun barbaada. Dabalataan, Barsiisotni Muummee Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuu beekumsi isin hubannoo hojii qorannoo kootii cimsu irratti naaf dabaltanis, galata guddaatu isiniif mala.

Dhumarratti, hiriyoota koo beekumsaafi dandeettii qabaniin na faana dhaabbatanii deeggarsa barbaachisu naaf kennan hunda isaaniitiif galata guddaan galchaafi. Hundi keessanuu Galatoomaan jedhaan.

## Xiinxala Fayyadama Afaanii Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti

## Axeereraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa, Xiinxala Fayyadama Afaanii Walaloowwan Zalaalama Abarraa filataman keessattii xiinxaluudha. Malli qorannoo hojiirra ooles, mala qorannoo 'akkamtaa' yemmuu ta'u, Maddi ragaalee qorannichaaf dhimma itti bahame, madda ragaa sadarkaa tokkoffaati. Gama biraatiin, Iddattoon qorannoo kanaaf filataman walaloowwan matadureen isaanii: 'Utuu!', 'Ana 'Anaafi Ana', 'Asiifi Achi' fi 'Malli Maali?' kanneen jedhaniidha. Malli funaansa ragaalee hojiirra oolemmoo, mala qaaccessa harshammee yoo ta'u, ragaalee funaanaman mala qaaccessa ragaalee, allakkoofsawaatti dhimma bahuun qaacceffamani. Kanaanis walqabatee, argannoowwan qorannoo kanaan bira gahaman: haalli itti fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti hojiirra ittiin oolan, kan garaagarummaa haala qabatamaa hawaasa keessa jiru ibsuurratti xiyyeeffate ta'uusaa, jechoonni walaloowwan filataman kessaatti dhimma itti bahaman kanneen amaloota, gochoota, sochiilee namoota irraa mul'atan bifa yaad-fakkiitiin sammuu jamaa keessatti suuressan ta'uusaanii, Jechootni filatamanii dhimma itti bahaman, jechoota ummanni adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu ta'uurraa kan ka'e hubannaa namootaa kan hindanqine ta'uusaaniifi haalli fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti hojiirra ittiin oolan, haala jechoota afaaniitiin sammuu namaa keessatti fakkii yaadaa suuressuu danda'aniin kalaqaman ta'uu isaaniiti. Dhumarratti, yaadotni yaboo qorannichaa akka ta'aniif qoratichaan eeraman haala fayyadama afaanii, walaloowwan filataman keessatti dhimma bahaman akka muuxannoo fakkeenyummaa gaariitti fudhatamuun namootni biroo dirree hojiilee kalaqa walaloo irratti bobba'anii jiraniifi fuula duraaf hawwii qaban akka irraa barataniif osoo haalli mijateefii gaarii ta'a*

# Baafata


Axeereraa iv

Baafata v

1. SEENSA 1

1.1. Seenduubee 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa 3

1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa 4

1.4. Kaayyoo Qorannichaa 4

1.4.1. Kaayyoo Gooroo 5

1.4.2. Kaayyoo Gooree 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.6. Daangaa Qorannichaa 6

1.7. Hudhaalee Qorannichaa 6

2. SAKATTA’A BARRUULEE FIROOMINAA 7

2.1. Fayyadama Afaanii 7

2.2. Fayyadama Afaanii Walaloo Keessatti 8

2.2.1. Filannoo Jechootaa 10

2.2.2. Dubbii Qolaa 11

2.2.3. Suuressa 15

2.3. Bu’aa Fayyadama Afaanii Walaloo Keessatti 16

2.4. Yaadiddama Qorannichaa 17

2. 5. Sakatta’a Qorannoo Walfakkii 19

3. MALA QORANNOO 21

3.1. Saxaxa Qorannichaa 21

3.2. Madda Ragaalee 21

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu 21

3.4. Mala Funaansa Ragaalee 23

3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee 24

3.6. Naamusa Qorannicha Keessatti Hordofame 25

4. QAACCESSA RAGAALEE 27

4.1. Fayyadama Afaanii Walaloowwan Filataman Keessatti 27

4.2. Qabiyyeewwan Fayyadama Afaanii 29
4.2.1. Suuressa 29
4.2.2. Malleen Dubbii/Dubbiiwwan Qolaa 35
4.2.3. Filannoo Jechootaa 58
4.3. Dhimmoota Walaloowwan Filatamaniin Kaafaman 62
4.3.1. Seenaa 62
4.3.2. Siyaasa 63
4.3.3. Hawaasummaa 67
5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO 70
5. 1. Cuunfaa 70
5.2. Argannoo 70
5.3. Yaboo 71
WABIILEE 73

# 1. SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Ogwalaloon hojiilee kalaqa sammuu dhala namaa keessaa isa tokko ta'ee, dhimmoota jiruufi jireenya hawaasaa keessatti argaman karaa miidhagina qabuun qindeessanii akkaataa miira jamaa irratti dhiibbaa uumuu danda'uun dhiheessuu akka ta'e maddootni odeeffannoo adda addaa ni ibsu. Haata'u malee, hanga ammaatti maalummaa ogwalaloo irratti hiikni dhaabbataan namoota hunda waliigalchuu danda'u hinjiru. Namoonni adda addaa ogwalaloof hiika garaa garaa kennaniifillee, qabxii ijoon hundi isaanii ibsa isaanii keessatti hammachiisan tokko garuu nijira. Innis, dhimma xiyyeeffannoo itti fayyadama afaaniitiin walqabatee dhihaatu ta'uusaa ragaaleen maddoota odeeffannoo adda addaa irraa agaman ni mul'isu.

Yaada kanaan walqabatee, Zalaalam (2003:123) waa'ee ogwalaloo Afaan Oromoo yemmuu ibsu,
"Putting poetry in to a single set of definition is, indeed, a difficult task. As a matter of fact, no two poets seem to agree on a single definition. Some characterize it as the surplus value of language." jedha.
Yaada kanarraa kan hubatamuun danda'amu, ogwalaloodhaaf hiika dhaabbataa ta'e tokko kennuufiin rakkisaa ta'uu isaafi waloowwan lama mataan isaanii haala tokkoon kan hin ibsine ta'uusaati. Namoonni gariin ogwalaloon, bu'aa afaanitti fayyadamuun ergaa dabarfachuu akka ta'etti yemmuu ibsan, isaan biroo ammoo, ogwalaloon hojii qalbiitti miira olaanaa horuu akka ta'etti ibsu.
Kanaafuu, ogwalaloon yaadota kanneen lamaan bu'uureffachuun yemmuu ibsamu, hojii miira ilma namaafi manaabawwan waa'ee jaalalaa, abjuu, hawwii, uumamaa, bareedinaafi wantoota adda addaa ittiin ifoomsan ta'uusaa agarsiisa. Kunimmoo, hiikni walaloodhaafkennamu namootaa namootatti garaagarummaa kan qabuufi hiikni dhaabbataan namoota hundawaliigalchu kan hin jirre ta'uusaa kan ibsudha.
Dabalataan, Nuuraddiin ( 2020: 156) waa'ee walaloo yeroo ibsu, akkas jedha:

> *Hayyoonniifi qeeqxotni ogbaruu walaloo haala garaagaraatiin ibsuuf yaalaniiru. Kuuwwan isaanii, walaloon jochoota guyyaa guyyaatti dubbatamanitti fayyadamuun jechoonni sun humnaa ol akka dubbatan*

> *taasisuudha jedhu; kuunimmoo, walaloon muuxannoo gammachiisaa yookan gaddisiisaa kan yeroo murasaa haala muraasa keessatti jechoota muraasaan waan hedduu ibsuuf barreessanidha* jechuun akka ibsan lafa kaa’a.

Yaada kanarraayis wanti hubatamu, walaloon jechoota humna qabeeyyiifi ulfaatina dhageettii olaanaa qabaniin qindaa’ee, haala miira jamaa tuttuquun yookiin qirqirsuun gara kallattii tokkootti geessuu danda’uun kan dhihaatu ta’uusaati. Kana gochuufis, waloon yookiin barreessaan walaloo, jechoota muraasatti fayyadamuun ergaa bal’aafi gadi fageenya qabu yeroo gabaabduu keessatti jamaa biraan gahuu yaada jedhu bu’uura godhachuu akka qabus hubachuun ni danda’ama. As keessattis, dhimmi ijoon sirriitti hubatamuu qabu, itti fayyadamni afaanii walaloo keessatti qooda olaanaa qabaachuu isaati. Sababiin isaa, ergaa akka darbu barbaadame sana akka jamaan salphaatti hubachuu danda’u kan taasisu haala itti fayyadama afaanii waloon dhimma itti bahe waan ta’eef.

Kana malees, Tewodros (2002:9) waa’ee ogwalaloo akkana jechuun ibsee jira: “Ogwalaloon hojii kalaqaa waa’ee waan tokkoo suuressee miira cimaa ta’e wayii nama keessatti uumuufi jechoota muraasaan yaada bal’aa dhugaa hawaaasa tokkoo karaa hawwataa ta’een dhiheessuuf humna qabuudha” jedha.

Kunimmoo, ogwalaloon hojii kalaqaa dhimmoota jiruufi jireenya dhala namaa keessatti mul’atan jechootaan bocanii, qindeessanii, mi’eessanii haala qalbii namaa hawwachuu danda’uun jamaa biraan gahuu akka ta’e nu hubachiisa. Dabalataanis, akka yaadni armaan olitti dhihaate kun ibsutti, ogwalaloon oguma jechootatti fayyadamuun waa’ee waan tokkoo sammuu jamaa keessatti ittiin suuressaniifi miira cimaa ta’e nama keessatti uumudha. Jechootatti fayyadamuun ammoo, miseensota itti fayyadama afaanii keessaa tokkodha.

Qabxiilee armaan olitti maalummaa walaloo ibsuurratti fuulleffachuun dhihaatan keessatti qabxii ijoon hundi isaanii irratti waliif galan tokko garuu jira. Innis, ‘yaada fayyadama afaanii’ jedhuudha. Waa’een ogwalaloo yemmuu ka’u, dhimmi fayyadama afaanii ogumicha keessatti hordofamus, qabiyyee biraa hin hafnedha. Sababiin isaa, ogumni hojii afaanitti fayyadamuun dhugaa hawaasa keessa jiru bareechanii haala hawwataa ta’een hawaasicha afaan sana dubbatu biraan gahan waan ta’eef, ergaa darbuu barbaadu sana haala fayyadama afaan ogumicha keessatti dhimma bahametu galmaan gaha waan ta’eefidha. Walaloon/barwalaloon ammoo, dameewwan ogbarruu jiran keessaa fayyadama afaanitiif xiyyeeffannoo olaanaa kennuudhaan beekama. Fayyadamni afaanii kunis, haala barbaachisummaa isaanii irratti hundaa’uun miseensota adda addaatti qoodamuun kan

hojiirra oolu.

Miseensota/caaccuulee fayyadama afaanii walaloo/barwalaloo keessatti hammatamaniin walqabatee, Sylvan and William (2009:47) immoo, waa'ee fayyadama afaanii walaloo keessatti dhimma hojiirra oolan ilaalchisee:

> Language of poetry is abroad category that include figurative speech as well as sound device and imagery From whole of language the author selects certain words and grammatical constructions; these selection constitutes the person's and sequence of words the way the words are meant to be heard playfully, angrily, confidentially, ironically and etc. jechuun ibsan.

Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amus, walaloo keessati fayyadamni afaanii qabxii ijoo barreessitoonni walaloo xiyyeeffannoo guddaa keessa galchuun caaccuulee fayyadama afaanii kanneen akka dubbiiwwan qolaa akkasumas, galumsawwan jechootaan suuressuu danda'an filachuun dhimma itti bahaman hordofsiisu ta'uu isaati. Adeemsa kana keessattis, jechoonni filatamuun dhimma bahaman kanneen dhageettii cimaa miira namootaa dadammaqsuuf humna guddaa qaban ta'uu akka qaban yaadichaarraa hubachuun ni danda'ama.

Bu'uuruma kanaan, qorataan kunis miseensota/caaccuulee fayyadama afaanii walaloowwan waloo Zalaalam Abarraa filataman keessatti dhimma bahaman: kanneen akka filannoo jechootaa, malleen dubbiifi suuressuun fa'ii haala kamiin akka dhimma bahamaniifi dhimmoota akkamiifaa ibsuurratti akka xiyyeeffatan qorannoo gaggeesse kana keessatti gadi fageenyaan xiinxaluun dhiheessee jira. Walaloowwan Zalaalam Abarraa qorannoo kana keesatti xiinxalamuuf filatamanis 'Utuu!', 'Ana 'Anaafi Ana', 'Asiifi Achi' fi 'Malli Maali?' kanneen jedhaniidha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorataan kun mata duree kana irratti qorannoo gaggeesuuf dhimoota isa kakaasan keessaa inni tokko, qorannoowwan Afaan Oromoo dhimmoota walalootiin walqabatanii gaggeeffamaa jiran hedduu isaanii hanga ilaaletti qabiyyeewwan fayyadama afaanii qeenxessanii tokko tokkoon qorachuu isaaniiti. Kunimmoo, hubannoofi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii walaloo keessatti hammatamuu qabus, hanqina akka godhatu taasisa.

Xiyyeeffannoon qorataa kanaatis, qaawwi gama kanaan uumamuu danda'u duuffamee

qorannoowwan dhimma fayyadama afaanii walaloo keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaban irratti akka fuulleeffatamu gochuudha.

Ka'umsi qorannoo kanaa kan biroon immoo, qabiyyeewwan fayyadamni afaanii hojii walaloo keessatti xiyyeeffannoo akkamii qabaachuu akka qabu adda baasuun ifoomsuudha. Bu'uuruma kanaan qorataan kunis, dhimmoota fayyadamni afaanii Walaloowwan waloo Zalaalam Abarraa filataman keessatti ibsu xiinxaluun dhimmoota isaan keessatti hordofaman qorannoo kanaan ifoomsuun namoonni hojii walaloo qopheessuu irratti argamaniifi gara fuulduraatti hawwii kana qaban bu'uura kana faana bu'uun milkaa'ina gaarii akka goonfatan taasisuuf mata duree qorannoo kanarratti xiyyeeffate. Kunimmoo, dagaagina gahumsa ogummaa walaloo qopheessuu namootaa kan dabaluufi guddina afaanii keessattis shoora olaanaa qabaata.

Kana malees, qorataan kun walaloowwan Zalaalam kanneen filataman irratti qorannoo akka gaggeessu kan isa kakaase, walaloowwan Afaan Oromoo Zalaalam Abarraatiin barreeffaman kuni hanga fudhatamummaa isaanii qorannoodhaan deeggaramanii sirriitti ibsamuuf fuulleffannoo guddaa dhabuu isaaniiti. Wantoota hojiilee kalaqaa addunyaaf ifoomsan keessaa tokko qorannoo waan ta'eef, kalaqni qorannoodhaan hinmasakamne umuriifi tajaajila kennuu qabu osoo hinkennine akka haguuggamee hafu taasisa. Kanaafuu, qorataan kunis qorannoo isaa kanaan walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman rakkoo akkanaa jalaa baasuun ifoomsuu waan barbaadeef filannoo taasifate.

## 1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Gaaffiileen bu'uuraa qorannoon kun deebisuuf irratti xiyyeeffachuun gaggeeffame kanneen armaan gaditti tarreeffamanidha. Isaanis

- Haalli Fayyadama afaanii Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman keessatti maal fakkaata?
- Caaccuuleen fayyadama afaanii walaloowwan waloo Zalaalam Abarraa filataman keessatti hammataman maal maali?
- Dhimmootni Fayyadama Afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa filatamaniin ibsaman maal fa'i?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi Kaayyoowwan gooree adda addaa of keessatti hammata.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen filataman keessatti argaman xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooreen qorannoo kanaati kanneen armaan gaditti tarreeffaman ta'u. Isaanis:

- Haala fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti mul'atan addaan baasuu.
- Caaccuuleen/miseensonni fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti argaman maal maal akka ta'an addeessuu
- Dhimmoota fayyadamni afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa filatamaniin dhihaatan ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu, iddoo isaaf malutti barbaachisummaa mataasaa danda'e qabaata. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kunis dhimmoota garaagaraa armaan gaditti dhihaatan keessatti barbaachisumaafi gahee mataa isaa niqabaata. Isaanis:

Walaloowwan filataman kunneen bifa barreeffama waraqaatiin qophaa'anii maxxanfamuu dhabuu isaanii irraa kan ka'e, namoonni hundi akkaataa barbaachisuun carraa argatanii dubbisuun hubachuu kan dhaban qorannoo kanarraa argachuun akka dhimma itti bahan gochuu irratti gahee guddaa qabaata.

Dabalataan, adeemsa guddinaafi dagaagina hojiilee kalaqaa, barwalaloo Afaan Oromoo keessatti milkaa'ina gaarii qabu jajjabeessuun muuxannoo namootaa gabbisuu keessattillee shoora guddaa taphata.

Kana malees, qorannoon kun hojiilee walaloowwan waloo 'Zalaalam Abarraa' kanneen biroofillee, namoonni xiyyeeffannoo guddaa kennuufidhaan kallattiiwwan adda addaatiin argachuuf kaka'umsa cimaa kessatti uumuuf qooda guddaa fudhata.

Gama biraatiin, qorannoon kun namoota mata dureewwan barwalaloodhaan walqabatan irratti qorannoo adda addaa gaggeessuu barbaadaniif odeeffannoo kennuufis barbaachisummaa ni qabaata.

Kana qofaa miti, Qorataan qorannoo kana gaggeessellee, beekumsaafi hubannoo duraan qabu irratti muuxannoo dabalachuun bilchinaafi gahumsa xiinxala hojiilee kalaqaa birootiif akka of qopheessu taasisuufis qooda guddaa qaba.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Adeemsa qorannoo keessatti milkaa'ina gaarii uumuuf qorannichi daangeffamaa ta'uutu irra jiraata. Bu'uuruma kanaan, qorataan kunis milkaa'ina qorannoo isaa kanaaf jecha, qama abiyyee qorannichaatiin walqabatee, miseensota fayyadama afaanii hojii kalaqaa walaloo keessatti hammataman keessaa miseensota fayyadama afaanii (suuressa, filannoo jechootaafi malleen dubbii) walaloowwan filataman keessatti argaman xiinxaluu yemmuu ta'u, gama irraawwatama qorannichaatiin ammoo, gosoota Ogbarruu Afaan Oromoo jiran keessaa ogwalaloo Afaan Oromoo irratti kan hundaa'eedha. Gosoota Ogwalaloo keessaayis, barwalaloo Afaan Oromoo irratti kan daangeffamu yemmuu ta'u, Barwalaloowwan Afaan Oromoo waloowwan garaa garaatiin gumaachaman keessaa walaloowwan waloo Zalaalam Abarraa, mata dureewwan 'Utuu!', 'Ana Anaafi Ana', 'Asiifi Achi' fi 'Malli Maali?' jedhan filachuun qorannoo kana gaggeesse.

## 1.7. Hudhaalee Qorannichaa

Qorataan kun, adeemsa qorannoo isaa kana keessatti, haalota rakkisoo: milkaa'ina qorannichaa gufachiisan adda addaa keessa darbuun qorannoo isaa kana gaggeesse.

Rakkoon inni tokko, walaloowwan xiinxala qorannoo kanaaf filataman keessaa, walakkaa/lamaan isaanii: 'Utuu…! fi 'Ana, Anaafi Ana' malee; walaloowwan lamaan: 'Malli Maaliifi Asiifi Achi' jedhan bifa barreeffamaatiin argachuun waan dadhabameef jecha; kanneen waraabbii sagaleetiin jiran barreefamatti deebisuu keessatti danqaalee mudataniidha. As keessatti, rakkoo guddaan qoraticha mudate, jechoota bifa sagaleetiin dhagahaman barreeffamatti deebisuuf iddoo tokko tokkotti sababa hanqina qulqullina sagalee irraa kan ka'e, jecha sirriidhaan bakka buusuu dadhabuu qoratichaati.

# 2. SAKATTA’A BARRUULEE FIROOMINAA

Boqonnaa kana jalatti, ogbarruuwwan barreeffamaa waa’ee itti fayyadama afaanii, miseensota/qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii walaloo keessatti dhimma bahamaniifi barbaachisummaa itti fayyadamni afaanii walaloo keessatti qabaniin walqabatee ibsametu dhihaatee jira.

## 2.1. Fayyadama Afaanii

Fayyadamni afaanii qabiyyee bal’aa dhimmoota jiruufi jireenya ilma namaa hedduudhaan waltuquudha. Waliigalteen kamuu kan uumamu karaa itti fayyadama afaaniifi mallattoolee afaan bakka bu’aniin ta’a.

Waa’ee itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976:10) akkas jechuun ibsee jira: ”Applied Lingustics is the one of several academic disciplines focusing on how language is acquired and used in the modern world.” jedha. Akka yaada kanarraa hubchuun danda’amutti Fayyadamni afaanii sababoota garaagaraa kanneen akka umurii, saalaa, sadarkaa barnootaafi kan kana fakkaatanii addaaddummaa akka qabaatu ibsa.

Fakkeenyaaf, haalli barataan tokko mana isaatti maatii isaa, ollaa isaa, hiriyoota isaa waliin guddateefi mana barumsaatti immoo, barsiisota isaa waliin dubbatu garaagarummaa qabaata. Barsiisaa isaa, namoota umuriin yookaan haala hawaasummaa adda addaatiin isa caalan yeroo haasoofsiisu, barsiifata hawaasummaa of eeggannoon guutameefi haala seerri afaanichaa eeyyamuun fayyadamee yoo dubbatu, mana maatiifi hiriyoota isaa waliin garuu of eeggannoofi xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun miti jechuun ibsa.

Kunis, fayyadamni afaanii yoomessafi haala keessatti hojiirra oolu qabaachuu isaati. Kana jechuun, namoonni yoomessa irratti hundaa’anii afaan yoomessa sana waliin deemutti dhimma bahuu isaanii kan agarsiisu ta’uusaa nuhubachiisa.
Kana malees waa’ee faayyada afaanii ilaalchisee, Cook (2010: 85) akka ibseeti,

> Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our live and remember our past: we exchange ideas and experiences, we from our social and individual identities.

Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee, kan ilaalcha jaalala yookaan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsannuudha. Faayidaa afaanii keessaa muraasni, qorannoofi qo'annoo dhimmoota hawaasummaan walqabatan ifa baasuuf, beekumsa dhokate sammuu keessaa ifa godhee agarsiisuuf, miira sammuu keessa jiru ifa gochuuf, aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokkoo olkaasee dubbachuufi kan kana fakkaatan ittiin ibsachuu danda'u ta'uusaa ibsa.

Ayub (2008:60) Clark (1996) Wabeeffachuudhaan waa'ee fayyadama afaanii yemmuu ibsu, "Areas of language use as place and situation where people do things, like business, film, politica with language." jechuun maalummaa itti fayyadama afaanii maal akka ta'e ibsa.

Yaadni kunis, ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta'ee, waliin dubbii namoonni guyyaa guyyaan haala jiruufi jireenya isaanii keessatti dhimmoota akka daldalaa, falmii siyaasaa, hojii ogummaa adda addaafi waantoota kan kana fakkaatan ittiin ibsachuuf hojiirra oolchan akka ta'e ibsa. Gama biraatiin, yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu, Itti fayyadamni afaanii yaadrimeewwan dhimmoota jiruufi jireenya dubbattoota afaanichaatiin walqabatan giddugaleeffachuun hojiirra kan oolu ta'uu isaas ni ibsa.

## 2.2. Fayyadama Afaanii Walaloo Keessatti

Walaloon dameewwan ogbarruu keessaa isa tokko ta'ee, kan miidhagina aartii olaanaa of keessaa qabuudha. Wantoota miidhagina kana kan itti horan keessaa inni tokko, itti fayyadama afaanii achi keessatti hojiirra oolaniidha. Miseensota itti fayyadama afaanii walaloo keessatti hammatamanis, yaadota waa'ee walaloo ibsuurratti namoota garaagaraatiin kennaman irraa hubachuun ni danda'ama.

Kanaan walqabatee, Falmataan (2021:1) waa'ee walaloo yemmuu ibsu, akkana jedha:

> *Walaloon karaa dhalli namaa miira sammuu isaa keessatti uumame jechoota filatamoofi gaggabaaboo fayyadamee sagalee rukuttaafi yaa'insa hawwataa qabuun ergaa gadi fagoo dabarfatuudha. Copha nadhii ogummaa sammuu namaa keessatti cuunfametu kobbeerraan xuruuree waraqaa adiirratti baha. Miixuu yaadaa ilmi namaa sammuu ofii keessatti miixatutu ittiin dhalata. Singiggoo yaada sammuu ilma namaa keessaa aarutu ittiin obbaafatama. Booree onnee namaa keessatti kulkuleti isaan malaafama. Gaddaafi gadadoo*

> *sammuu namaa weeraretu isaan furga'a. Jaalalatu isaan hiikoofi hiika argata. Walnyaatinsa sammuu ilma namaa keessatti gaggeeffamutu ogummaadhaan cophee isa ciniinsifatu furee isa sooratu soora. Eelaa ofiitu ittiin aadama. Gadoo ofiitu ittiin gaadama. Hawwii ofiitu ittiin badadama. Haqa ofiitu ittiin barbaadama. Jechuun ibsa.*

Yaada kanaarraa akka hubachuun danda'amutti, walaloon hojii kalaqaa waloon jechoota filatamoofi gaggabaaboo sammuu jamaa keessatti miira ergaa darbuu barbaadamee suuressuu danda'anitti dhimma bahuun yaada isaa ittiin ibsatu ta'uusaati. Walaloon karaa waloon jechoota filatamootti fayyadamuun miira isaa ittiin bulgaafatu ta'uu isaatis yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Kunimmoo, walaloo keessatti itti fayyadamni afaanii xiyyeeffannoo guddaa qabaachuusaa kan mul'isuudha. Haata'uyyu malee, ibsa armaan olitti kenname kana keessatti yaadni dhihaate akka ibsutti, walaloon kan waloon miira isaa qofa ittiin ibsatu akka ta'etti dhihaate. Ta'iinsota qaama hawaasaa biroo keessa jiran ittiin ibsuuf akka tajaajilu qabxiin ibsu hin mul'atu. Miira waloo malee miira jamaa keessa jiru ibsuu akka danda'us sirriitti ibsee hin jiru. Kunimmoo, gara hubannoo walaloon yaada nama dhuunfaa (waloo) tokkoo akka ta'etti nama geessa.

Dabalataanis, Nuuraddiin ( 2020: 156) waa'ee walaloo yeroo ibsu, akkas jedha:

> *Hayyoonniifi qeeqxotni ogbaruu walaloo haala garaagaraatiin ibsuuf yaalaniiru. Kuuwwan isaanii, 'walaloon jochoota guyyaa guyyaatti dubbatamanitti fayyadamuun jechoonni sun humnaa ol akka dubbatan taasisuudha' jedhu; kuunimmoo, 'walaloon muuxannoo gammachiisaa yookan gaddisiisaa kan yeroo murasaa haala muraasa keessatti jechoota muraasaan waan heddúu ibsuuf barreessanidha' jechuun akka ibsan lafa kaa'a.*

Yaada kanarraayis kan hubatamu, hayyoonni ogbarruu garaagaraa hiika walaloof kennamurratti yaada walfakkaataa ta'e qabaachuu dhiisuu isaaniiti. Isaan kuun jechoota humna qabeeyyii ta'anitti fayyadamuun ergaa cimaa ta'e kan ittiin dabarfatan yemmuu jedhan, kuuwwan isaanii ammoo, walaloon jechoota muraasatti dhimma bahuudhaan waa'ee miiraafi muuxannoo jireenyaa karaa ittin ibsatan akka ta'e kan ibsan ta'uusaatu hubatama. Qabxii ijoon yaadota armaan olitti dhihaatan kanneen keessatti ibsaman lamaanuu akka mul'isanitti garuu, itti fayyadamni afaanii walaloo keessatti qooda olaanaa qabaachuu isaaniiti.

Gama biraatiin, Sylvan and William E.cain, (2009:47) immoo, waa'ee itti fayyadama afaanii walaloo keessatti dhimma hojiirra oolan ilaalchisee:

> Language of poetry is abroad category that include figurative speech as well as sound device and imagery From whole of language the author selects certain words and grammatical constructions; these selection constitutes the person's and sequence of words the way the words are meant to be heard playfully, angrily, confidentially, ironically and etc. jechuun ibsan.

Akka yaadni kun ibsuttis, walaloo keessatti miseensotni itti fayyadama afaanii xiyyeeffannoo guddaa keessa galuun dhimma itti bahamuu akka qaban kan mul'isuudha. Miseensonni fayyadama afaanii kunneenis, qabiyyeewwan akka: dubbii qolaa, Filannoo jechootaa, fi suuressa qindoomina gaarii bu'uureffachuun miirota akka: gammachuu, aarii, si'aayina, ofitti amanamummaa uumuu danda'an of keessaa qabaachuu qaba. Kanaafuu, Qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii walaloo keessatti xiyyeeffannoo guddaa argachuu qaban: Filannoo Jechootaa, Dubbii qolaafi Suuressa ta'uu isaa yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama.

### 2.2.1. Filannoo Jechootaa

Ulaagaalee humna walaloo tokkoo murteessuuf xiyyeeffannoo guddaan kennamuufii qaban keessaa inni tokko filannoo jechootaa waloon sun itti dhimma bahuu/bahedha. Sababiin isaas, walaloon mataansaa jechoota murtaawootti fayyadamuun ergaa yookiin dhaamsa guddaa ta'e dabarsuurratti kan xiyyeeffatu waan ta'eefidha.

Waa'ee filannoo jechaa walaloo keessattii kana ilaalchisuun, Fedhasaan (2021:125) akkana jechuun ibsa:

> *Filannoon jechootaa, ijaarsa qaama walaloo keessatti bu'aa olaanaa kan qabuufi yeroo filataman haalaafi bakka itti galuu qaba xiyyeeffatamuu qabu. Akka kanaan uunkaan gabaabbachuu jechootaa, waldhahuu jechootaa, cimina sagalee, bu'aa sagaleefi suura miiraa uumuu fa'aan xiyyeeffannoodhaan qindaa'uu akka qaban addeessa.*

Yaada kanarraa kan hubatamus, hojii kalaqa walaloo keessatti filannoon jechootaa xiyyeeffannoo guddaa kan qabu ta'uu isaati. Jechoonni filatamanis, bifa qindoomina cimaa qabaniin tartiibeffamuufi haala sagalee qalbii jamaa hawwachuu danda'uun xiyyeeffannoo keessa galfamuu qabu. Sababiin isaa, kaayyoon walaloo jechoota filatamootti dhimma bahuun ergaa akka darbuuf barbaadame tokko dabarsuu waan ta'eef, filannoo jechootaa irratti

xiyyeeffannoo guddaan kan kennamu waan ta'eefiidha. Kunimmoo, walaloo keessatti hubannoo barbaadame tokko uumuun bu'aa filannoo jechootaa waloon sun dhimma itti bahu ta'uusaa nama hubachiisa.

Kana malees, Nuuraddiin (2020:157) waa'ee filannoo jechootaa ilaalchisee akkana jechuun ibsa:

> *Walaloo keessatti jechoonni humnaa ol itti gargaaramu. Walaloo keessatti jechi lafa bu'u hinjiru. Kanajechuun, jechi tokko hiika duraan afaanicha keessatti qabuun ala hiika addaa fe'achuu danda'a. Kanaafuu walaloo keessatti jechoonni filataman kan humna dhageettii keessa namaa, dhikkifannaa jireenya nama keessaa, miixuu dhala namaafi k.k.f ibsan ta'uu qabu.*

Akka ibsa kanaatti, walaloo keessatti filannoon jechootaa dhimma xiyyeeffannoo guddaan kennamuufii qabu ta'uu isaafi jechoonni filatamaniis kanneen hiika duraan afaanicha keessatti qabaniin addatti ergaa biraa dabarsuu danda'an akka ta'uu qabantu hubatama. Kunimmoo, jechoonni walaloo keessatti filataman kanneen jamaa sammuu keessatti miira wayii uumuuf gahumsa guddaa qabaniifi hubannoo gahaa ta'e qabsiisan ta'uu akka qaban hubachiisa.

### 2.2.2. Dubbii Qolaa

Dubbiin, akkaataa itti fayyadama afaanii ta'ee, akka mi'eessitoota dubbiitti kan tajaajila kennuudha. Keessattuu, hojiilee kalaqaa kan barreeffamaa keessattis ta'ee, kan afoolawoo keessatti ergaawwan darbarsuuf barbaadaman miidhagsanii, mi'eessanii haala qalbii jamaa hawwachuu danda'uun dhiheessuuf dubbiiwwan qolaa/malleen dubbii shoora olaanaa taphatu.

Addunyaan (2021:208) hiika malleen dubbii yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun, karaa itti waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammoo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii, cinaachaan himaniifi k.k.f taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha" jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamuu danda'us, malleen dubbii tooftaa malleen garaagaraatti fayyadamuun ergaa dabarfachuu barbaadan miidhaksanii bifa qalbii namaa hawwatuun jamaa ofii biraan gahan ta'uusaati. Maloonni kunis, waldorgomsiisuu, amala waan tokkoo kan

biraaf kennuu, faallaa wanta jedhamuun barbaadame Sanaa dubbachuun haala salphaa ta'een ergaa keenya dabarfachuu ta'uun isaa yaada kanarraa ni hubatama.

Dabalataan, Shaw (1972:208) wa'ee malleen dubbii yoo ibsu, Dubbiin qolaa, Oguma keessatti akka mala itti fayyadama afaanii waa'ee waan dhugaan jiru tokkoo ibsuuf yaada faallaa waan sanaatti fayyadamuun ibsuuf hojiirra oolu akka ta'e addeessa.

Akka yaadni kun ibsutti, malleen dubbii mala itti fayyadama afaanii waa'ee waan tokkoo ibsuuf, yaada faallaa isaatiin bakka buusanii ibsuu akka ta'e hubachiisa. Kunimmoo, jamaan oguma sanaa yaadicha miira cimaa ta'een akka faana bu'anii ergaa akka darbu barbaadame sana hubatan taasisa. Kanaaf jecha, dubbiiwwan qolaa hojiilee walaloo keessattis haalaan dhimma itti ,bahamuu akka qabantu jajjabeeffama.

Gama biraatiin, Nuuraddiin (2020:171) waa'ee malleen dubbii yeroo ibsu, "Malleen dubbii jechuun, dubbiifi barreeffama tokko keessatti hololoonis ta'ee, walaloon dhaamsa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi bareedina goonfachiisuudhaan sammuu jamaa keessatti fakkii uumee salphaatti akka hin irraanfatamneefi xiyyeeffannoo guddaa akka argatu gochuun dhiheessuuf qooda olaanaa qabuudha" jechuun ibsa.

Yaada kana irraa kan hubatamus, Malleen dubbii ergaa barreeffamaan darbu keessattis ta'ee, kan dubbii afaanitiin dhihaatu keessatti xiyyeeffannoo jamaa keenyaa harkisuufi miira isaanii ol kaasuun dhaamsa keenya dabarfachuuf mala gaarii ta'uu isaati.

Malleen dubbii/Dubbiiwwan qolaa kunneenis, dhimmoota isaan ibsuuf hojiirra oolaniin walqabatee gosoota adda addaatti kan qoodaman ta'u.

Gosoota malleen dubbii ilaalchisee Guddon (1982:27) yemmuu qoqqoodu, "The Figure of speech divided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbole, antithesis, synecdoche, paradox and symbol" jechuun qoqqoodeera.

Akka qoqqoodinsa kanaatti gosoonni malleen dubbii/dubbiiwwan qolaa kanneen akka akkasaa, iddeessuu, nameessuu, Hinjirree Dubbisuu, arbeessuu, habalaka, mitihee, fakkoommii fi mallattoo fa'adha.

Dabalataan, Fedhasaan (2021:161) gosoota malleen dubbii yeroo qoqqoodu, "Dubbiileen qolaa akaakuuwwan hedduu qabu. Isaan keessaa muraasni: akkasaa, iddeessaa, habalaka, nameessa, gurra guddisa, fakkoommiifi walqabsiisa" jechuun tarreessee jira. Akaakuuwwan dubbii qolaa kunneenis, haala itti aanuun tokko tokkoon kan dhihaatan ta'u.

**Akkasaa:** Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, akkuma maqaan isaa kun ibsu waan tokko waan biraatiin bakka buusuun walfakkeessee ibsuu irratti kan fuulleffatudha. Kana gochuufis, jechoota 'akka' fi 'fakkaata' jedhanitti dhimma bahama.
Kanaan walqabatee, Kevan & Lyam (2011:2) akkasaa yeroo ibsan "A simile shows one thing as "similar" to something else—as in "kisses as sweet as honey. A simile usually involves the word "like" or "as." jedhu. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, akkasaan wanta tokko waan biraatiin bakka buusuun jechoota 'akka' fi 'fakkaata' jedhan fayyadamanii ergaa dabarfachuuf mala tajaajilu ta'uu isaati.

**Iddeesaa:** Iddeesaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko yemmuu ta'u, tajaajilli isaa waan tokko guutummaatti waan biraatiin bakka buusanii ibsuu irratti kan fuulleffatudha.
Yaada kana ilaalchisee, Ricoeur (1975:28) "Methaphor is possible only because of methapor presents the polarity ofthe term compared in a bridge form" jechuun ibse.

Kunis, waan tokko waan biraatiin bakka buusuun maqaafi amala wanta bakka bu'e sanaan maqaa dhahuu jechuu akka ta'e nu hubachiisa. Fakkeenyaaf, 'Oromoon Galaana' yoo jennu, Ummata Oromoo galaanaan bakka buusnee waamuun iddeesaa ta'a jechuudha.

**Nameessuu:** Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, kan waan nama hintaane tokko amala namaa goonfachiisudhaan dhimma itti bahamee ergaan ittiin dabarfatamudha. Fakkeenyaaf, mammaaksa "Kunuu warri rafnaani jette sareen" jedhu yoo fudhanne, sareen akka waan dubbattuutti nameeffamtee dhihaatte.

Kanaan waqabatee, Fedhasaan (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu, "Nameessi dubbii qolaa wanta, horii, bineensaafi k.k.f amala namummaa gonfachiisuun dhiheessudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha" jechuun ibse.

**Arbeessuu:** Gosni mala dubbii kanaa ammoo, dhugaa duraan jiru tokko humnaa ol duddisanii yookaan xiqqeessanii ibsuuf kan itti fayyadamamudha. As keessatti wanti ibsamu sun yoo guddaa ta'e, guddinasaa sana akka malee ol kaasanii ibsuufi yoo xiqqaa ta'es, akka malee gadi xiqqeessanii himuudhaan ergaa dabarfachuutu hojiirra oola.
Yaaduma kana cimsuun Addunyaan (2021:214) yoo ibsu, "Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii dhiyeessudha. Kana jechuun, waan tokko guddisanii hanga Arbaa, kineessanii hanga huubaa taasisuu jechuudha" jedhe. Yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu,

arbeessuun gosa dubbii qolaa waa'ee waan tokkoo humnaa ol guddisuun yookiin akka malee, gadi xiqqeessudhaan ibsuuf tajaajilu ta'uu isaati.

Fakkeenyaaf,

Ililleen qaqaa harcaase.

Qallattee lilmoo taate.

Fakkeenyota lamaan armaan olii keessatti Ililleen akkam guddatullee, qaqaa harcaasuu hindanda'u. guddina sagalee ilillee sanaa baay'ee olkaasanii dubbii qolaa 'Abeessuu' tiin ibsuun barbaadameeti. Kan lammaffaa keessattis, akkuma kana qal'ina nama tokkoo arbeessanii himuuf jecha qal'attee 'lilmoo' taate jechuun ibsu malee, namni qal'atee hanga lilmoo gahu jiraatee miti.

**Habalaka:** Habalakni ammoo, waan tokko faallaa isaatiin ibsuudha. Kana jechuun, ergaa dabarfachuu barbaanne faallaa waan jedhamu sanaatti dhimma bahuun ta'a jechuudha. Fakkeenyaaf, nama hojjaan isaa gabaabaa ta'e tokkoon 'Birbirsoo, Baargamoo' jedhanii waamuun habalakaan dubbachuudha.
Kanas, Fedhasaan (2021:163) yeroo ibsu, "Habalakni dubbii qolaa addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha; Wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessan dhugaan jechaa jiru sirriitti yoo hubatameedha" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamus, mala dubbii gosa habalakaa kana keessatti ergaan dabarfatamuuf barbaadame faallaa yaada jedhameetiin akka dhihaatudha.

Dabalataan, Addunyaan (2021:213) waa'ee habalakaa yemmuu ibsu, "Habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinuudha.Hiika waan ibsame kanaa hubachuufis, haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha" jedha. Ibsi kunis, gosni dubbii qolaa kun wanta dhugaan jiru tokko faallaa isaatiin bakka buusanii fayyadamuu akka ta'e agarsiisa.

**Mitihee:** Mitiheen malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, kan yaada irra keessaan yemmuu ilaallu dhugaa hin fakkaanneefi yemmuu gadi fageenyaan xiinxallee hubannuu yaada dhugummaa of keessaa qabu kan ibsudha.
Gosa dubbii qolaa kana ilaalchisee, Depryck (1993:79) yoo ibsu "Starting from a series of seemingly perfectly acceptable and reasonable premises. A paradox leads to a conclusion that contradicts the foundation on which built" jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, malli dubbii kun jechoota, gaaleewwan yookaan yaadolee waliif faallaa ta'anirraa uumama jechuudha. Eemitiin wantoota waliif faallaa ta'an lamaan yaada tokko keessatti ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha.

**Hinjirree Dubbisuu:** Gosni dubbii qolaa kunimmoo, akkuma maqaan isaa ibsu kana, waan nama bira hinjirre wayii yookaan jiraatullee kan dubbachuu hin dandeenye tokko waliin dubbii taasisuu yaada jedhu bakka bu'ee tajaajila. Mala dubbii waan hinjirre yookaan hin dubbanne tokko akka waan jiruu yookaan dubbatuu fakkeessuun waliin dubbii taasisuu irratti xiyyeeffatudha.

Yaada kana cimsuun Fedhasaan (2021:172) akka ibsetti, "….. Waan ijaan arguu hindandeenye tokko waamuudha. Kan itti dubbatan sun nama ykn waan bira hinjirreefi hindhageenyeedha" jechuun ibsa. Akka ibsa kanarraa hubatamuttis, hinjirree dubbisuun waan hindubbanne tokko waliin dubbii taasisuu jechuu akka ta'e agarsiisa. Kunimmoo, gama tokkoon gosoota malleen dubbii keessaa guutumaan guutuutti ta'uu baatullee hanga tokko nameessuudhaan walfakkeessa.

**Mallattoo:** Mallattoonis, gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, waan tokko waan biraatiin bakka buusanii mallattoo bakka bu'e sanatti dhimma bahuun ergaa dabarfachuuf kan tajaajiludha. Kana jechuun, mallattoo waan tokkootti fayyadamuun dhaamsa dabarfachuuf barbaadame dabarfachuuf kan oolu mala dubbii kana jechuudha. Fakkeenyaa, Odaan ummata Oromoo biratti mallattoo akka ibsituu eenyummaa isaatti bakka bu'a. Dubbii keessattis, Odaan waanuma bakka bu'e sana ibsa.

Kanaan walqabatee, Yaadannoon (2014:90) yemmuu ibsu, "Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha" jedha. Kana jechuun ammoo, dubbiin qolaa gosa kanaa yaada tokko mallattoo wayiitiin bakka buusanii mallattoo sanaan ergaa darbuu barbaade sana dabarsuuf mala tajaajiluudha jechuudha. Mallattoon sunis, yaada bakka bu'e sana guutummaatti waan ibsuuf ergaa jamaan hubachuu qabu sana kan hubachiisudha.

### 2.2.3. Suuressa

Qabiyyewwan Ogwalaloo keessaa inni tokko waa'ee waan tokkoo sammuu jamaa keessatti suuressuudha. Kunimmoo, akkaataa waloon walaloo sana ittiin qindeessee jamaa biraan gahu irratti hundaa'uun kan kalaqamu yemmuu ta'u, Ogwalaloon hojii kalaqaa ta'uusaa kan nutti agarsiisus isuma kanadha.

Yaada kanaas, Elsa (2011:6) iddoo lamatti qooduun ibsite. Inni tokko, jechoota murtaa'oo ta'annitti fayyadamuun nama, iddoo, waanta yookaan gocha tokko ibsuu yemmuu ta'u, inni lammaffaan immoo, suuressuun yaada tokko akka qaamolee miiraa keenya shananiinuu yookaan shanan keessaa tokkoon bira gahamuun danda'amutti gadi fageenyaan ibsuu akka ta'e ibsa. Kunimmoo, walaloon waa'ee waan tokkoo jechootatti fayyadamuun fakkii kaasanii sammuu jamaa keessa kaa'uu akka ta'e nama hubachiisa.

Kana malees, waa'ee suuressuu Lawrence (1992:49) akka kana jechuun ibse:

> That the word 'image' perhaps most often suggest a mental picture of something sense in the mind's eye. Therefore visual imagery is the kind of imagery that occurs most frequently in poetry. An image also represents a sound, asmell, ataste, atouch such as hardness, softness, wetness, or heat and cold, an internal sensation, movement or tension.

Ibsa kanarraa kan hubatamus, suuressuun qabxii ijoo sammuu jamaa keessatti hubannoo cimaa uumuuf akka qaamolee miiraatiin adda baafachuun danda'amutti yaadaan fakkii kaasuuti. Kana jechuun, ergaan walaloo tokkoo hubatamee hiikni itti kennamuuf suuressa yaadaa walaloon sun jamaa isaa keessatti uume bu'uurffata jechuudha. Sababiin isaa, miira jamaa walaloo sanaa kan murteessu, haala suuressa sammuu achi keessatti dhihaatu waan ta'eef.

## 2.3. Bu'aa Fayyadama Afaanii Walaloo Keessatti

Adeemsa waliigaltee keessatti hubannoo barbaachisu tokko uumuuf itti fayyadamni afaanii gahee olaanaa qabaachuusaa qabxiilee armaan olitti dhihaatan irraa hubachuun ni danda'ama. Waliigaltee keessatti hubannoon uumamu kunis, haala itti fayyadama afaanichaa kan bu'uureffatu yemmuu ta'u, itti fayyadamni afaanii laafina yoo qabaate, waliigalteen qaamota odeeffannoo wal jijjiiran gidduutti uumamullee laafaa ta'a jechuudha.

Kanaan walqabatee, Ayub (2008: 60) yemmuu ibsu, "Areas of language use as place and situation where people do things with language" jedhe. Kana jechuun, fayyadamni afaanii haala hawaasni tokko afaanichatti gargaaramuun ergaa waan tokkoo ittiin walhubachiisu ta'uusaa kan ibsuudha. Kunimmoo, fayyadamni afaanii kallattii namoonni yaada sammuu isaanii keessa jiru tokko haala namoonni biroo hubachuu danda'anitti dhimma bahuun ergaa ittiin dabarsan ta'uu isaa agarsiisa. Kana jechuun, ergaan waan tokkoo haala barbaadamuun jamaa bira akka gahu taasisuuf itti fayyadamni afaanii hangam murteessaa akka ta'e kan

addeessudha. Kanaafuu, walaloo keessatti ergaafi jamaa gidduutti walhubannaan akka uumamuuf haalli fayyadama afaanii barreessaan walalichaa dhimma itti bahe gahee guddaa qabaata jechuudha.

Dabalataan, barbaachisummaa itti fayyadama afaanitiin walqabatee, Richard (2008:75) yoo ibsu:

> Language in use provides the theoretical and descriptive foundations for the investigations and solution of language related problem especially those of language education (first, second, and foreign language teaching and learning). But, also the problems of translation and interpretation, lexicography, forensic linguistic and perhaps, jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, itti fayyadamni afaanii rakkoolee hojiirra oolamaa afaanii gufachiisan hambisuufi furmaata kennuuf tajaajila. Rakkooleen kunneenis, kanneen dhimmoota akka xiinhiikaa, xiinqooqaa fi xiinjechaatiin wal qabatu. Kanaafuu, adeemsa waliigaltee tokkoo keessatti hubannoo barbaadame uumuufi rakkoolee adeemsicha gufachiisan hambisuuf itti fayyadamni afaanii qabxii murteessaadha jechuudha. As keessatti wanti hubatamuu qabu tokko, itti fayyadamni afaanii, haala dubbattoota afaanichaa kan bu'uura godhatu yoo ta'e, hubannoo barbaachisu kan uumu yemmuu ta'e, haala dubbattoota afaanichaa kan giddu galeeffate yoo hintaane, rakkoo hubannaatu uumama.

Walumaagalatti, akkuma yaadota armaan olitti barbaachisummaa itti fayyadama afaaniitiin walqabatee dhihaatan irraa hubachuun danda'amutti, walaloo keessatti ergaa dabarsuun barbaadame tokko haala barbaadamuun jamaa walalichaa biraan gahuuf itti fayyadamni afaanii achi keessatti hojiirra oole murteessaa ta'uusaati. Sababiin isaa, ergaa walaloo sanaa kan baatu afaanicha itti fayyadamnu sana waan ta'eefi jamaan walaloo sanaatis ergaa sana hubachuuf nama gaafachuun osoo hintaane afaanichuma barreessaan walalichaa itti fayyadame sanarraayi waan ta'eefiidha. Kanaafuu, namni walaloo barreessu tokko barreessudhaan dura haala dubbistootaa yookaan dhaggeeffattootaafi afaan itti fayyadamuun isaan biraan gahuu qabu irratti hubannoofi dandeettii gahaa qabaachuu qaba jechuudha.

## 2.4. Yaadiddama Qorannichaa

Yaadiddamoota qorannoo kanaaf hordofaman keessaa inni tokko, yaadiddama haalawaa (stylistics theory) ti. Sababiin isaa, yaadiddamni kun xiinxala hojiilee ogbarruu keessatti akkaataa fayyadamni afaanii yaadota ibsamuu qaban ibsuuf hojiirra oolan sirriitti ibsuuf

hordofamu waan ta'eefi. Waa'ee yaadiddama kanaa ilaalchisee, toorri interneetii https://doi.org/10.1093/acrefore/9780190201098.013.1008 irratti Mechael (2019) wabeeffachuun akkana jechuun ibsee jira:

> Literary stylistics is a practice of analyzing the language of literature using linguistic concepts and categories, with the goal of explaining how literary meanings are created by specific language choices and patterning, the linguistic foregrounding, in the text. Nevertheless, the best stylistic analyses, which productively demonstrate direct relations between prominent linguistic forms and patterns in a text and the meanings or effects readers experience, are explicit in their procedures and argumentation, systematic, and testable by independent researchers.

Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amuus, yaadiddamni haalawaa kuni akkaataa fayyadamni afaanii gama xiinqooqaatiin jiru ogbarruu keessatti barreeffamaan ibsame xiinxaluuf kan hordofamuu qabu ta'uusaati. Kana jechuun, adeemsa xiinxala ogbarruu keessatti akkaataa filannoo fayyadama afaanii ergaa dabarsuuf barbaadame galmaan qahuuf xinqooqa waliigalaatiin qindoomee barreeffama keessatti ittiin dhihaate xiinxaluuf yaadiddamni filatamaa ta'e yaadiddama haalawaa akka ta'e ibsa.

Bu'uuruma kanaan qorataan kunis qorannoo isaa kana keessatti haala fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman kanneen bifa waraabbii sagaleetiin(Audio)'n jiran xiinxaluuf akkaataa jechootni ergaa akka darbuuf barbaadame dabarsuuf dhimma itti bahamaniifi haala qabatamaa xiinqooqa dubbattoota Afaan Oromoo biratti beekkamu walbira qabee waan ibseef yaadiddama kanatti dhimma bahee jira.

Gama biraatiin yaadiddamni qorannoo kana keessatti hordofame, yaadiddama bifeessuummaa /bocummaati. Sababiin isaa, yaadiddamni bifeessummaa xiinxala hojiilee ogbarruu keessatti akkaataa qooddattootni gosa ogbarruu sana keessatti bakka bu'anii gahee taphatan ibsuuf kan tajaajilu waan ta'eefiidha. Yaada kanaanis walqabatee, Fileen (2019:29) akkas jechuun ibsa: "Abbaan hojii kalaqaa tokko: akkaataa jechoota, qooddattootaafi walaloowwan boca adda addaa qaban haala kamiin akka itti fayyadameefi filannoo jechootaa ogbarruuwwan biroo irraa adda ta'e qabu qorachuuf kan tajaajiluudha" jedha. Yaadni kunis, yaadiddamni bifeessuu, haala dhihaatina qooddattootaafi akkaataa filannoo jechootaa, yaadota hojii ogbarruu tokko keessatti hojiirra ittiin oolan xiinxaluuf kan hordofamu ta'uusaa mul'isa. Bu'uuruma kanaan Qorannoon kunis, gosoota ogbarruu keessaa tokko kan ta'e,

Walaloo qaaccessuu irratti kan xiyyeeffate ta'uusaa irraa kan ka'e yaadiddamni 'Bifeessummaa' kun filatamuu danda'e jechuudha.

Kanaafuu, qorannoo gaggeeffame kana keessatti dhimmoonni ijoon qoratichi xiinxala irratti taasise, haalota qooddattootni walaloowwan filatamna keessatti ittiin kalaqamaniifi akkaataa itti fayyadama afaanii waloon ergaa isaa ittiin dabarfachuuf dhimma itti bahe qaaccessuu waan ta'eef yaadiddama '*Bifeessuu'* kana hordofuuf filate jechuudha.

Yaadiddamni milkaa'ina qorannoo kanaatiif hordofame inni biraa immoo, gosa Yaadiddama Ak-barruuti. Yaadiddamni kunis, Akka Fileen (2019:37) Chapman (2000:120) wabeeffachuun ibsetti, "…Yaadrimeen yaadiddama kanaa akkaataa dubbiifi sochii qaamaa dubbattootaafi dhaggeeffattootaa irratti hundaa'udhaan hiika itti kennuudha" jechuun ibsa.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, gosni yaadiddama kanaa akkaataa dubbiifi sochii qaamaa qooddattootaa xiinxaluun hiika itti kennuuf kan hordofamu ta'uusaati. Adeemsa hojii qorannoo kana keessattis kan xiinxalame, haala dhimmoonni mata-duree walaloowwan filataman keessatti ittiin dhihaatan: keessattuu, akkaataan dubbiifi sochii qaamaa maal akka ibsan kan xiinxalaman waan ta'eef yaadiddamni kun hordofame. Haala qooddattootni kalaqaman adeemsa sochii qaamaa, amalootaafi gochoota adda addaa mul'isuuf mallattoolee garaagaraatiin bocamaniifi akkaataa dubbii afaanii qooddattoota kanneen irraa mul'atu; haala qabatamaa jiruun walitti fiduutu qorannicha keessatti hojiirra oole jechuudha.

## 2. 5. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan mata-duree qorannoo kanaan walfakkoommii qaban; kanneen Afaan Oromootiin kanaan dura qorattoota birootiin gaggeeffaman ni jiru. Haaluma kanaan, qorataan kunis qorannoowwan adda addaa mata-duree qorannoo isaa kanaan walfakkaatan sakatta'uudhaan garaagarummaawwan kallattii fuulleffannoo isaan gidduu jiru adda baasuun ibsee jira. Isaanis, kanneen armaan gaditti dhihaataniidha.
Tamasgeen qorannoo isaa (2019) mata-duree: "Qaaccessa Fayyadama Afaanii Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^ffaa^" jedhurratti gaggeessee jira. Qorannoon kunis, Ulaagaa Didirii Lammaffaa (MA) Ittiin Guuttachuuf kan gaggeeffamedha. Qorannoo kanaafi kan koo walbira qabuun yoo ilaalamu, lamaan keessattuu kan qaacceffame, *'Fayyadama Afaanii'* ta'uutu walisaan fakkeessa. Lamaanuu keessatti qabiyyeen xiinxalamu tokkummaa qabaatullee, iddattoowwan qaacceffaman kan garaagaraati. Iddattoon qorannoo kanaa,

"*Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa]* "yemmuu ta'u, inni kan koommoo, "*Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman*" irratti kan hundaa'edha.

Caalaan qorannoo isaa (2019) mata-duree, "Fayyadama Malleen-Dubbii Walaloo *'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?*" jedhu irratti gaggeessee jira. Qorannoon kunis, akkuma isa kan kiyyaa, Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Ittiin guuttachuuf gaggeeffame yemmuu ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa "*Itti Fayyadama Malleen Dubbii Walaloo"* keessatti hojiirra oolan qaaccessuudha. Qorannoo kanaafi kan kiyya wanti walfakkeessummoo, lamaanuu 'Walaloo' irratti fuulleffachuu isaanii yoo ta'u, qabiyyeewwan qaacceffamaniifi iddattoowwan qaaccessi irratti xiyyeeffatu garaagarummaa qabu. Qorannoo kana keessatti kan qaacceffame, fayyadama malleen dubbii walaloowwan filataman keessatti hojiirra oolanii yoo ta'u, inni kan koo 'Fayyadama malleen dubbii' qofa osoo hintaane, 'miseensota/caaccuulee fayyadama afaanii' walaloowwan filataman keessatti dhimma bahaman qaaccessuu rratti kan bu'uureffate ta'uusaatiin qorannoo kanarraa adda ta'a.

Sinqinesh qorannoo ishee (2019) mata-duree: "Qaaccessa Malleen Dubbiifi Sureessuu Walaloo 'Obomboleetti' Keessatti" jedhu irratti gaggeessitee jirti.

Qorannoon qorattuu tanaatis akkuma kan qorattoota armaan olitti dhihaatanii, qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf kan gaggeeffamedha.

Qorannoo kanaafi kan kiyya wanti walfakkeessu immoo, lamaanuu walaloo 'Zalaalam Abarraa' irratti fuulleffachuun gaggeeffamuu isaanii yemmuu ta'u, qabiyyeewwan qaacceffamaniifi iddattoowwan filataman garaagarummaa guddaa qabu. Qorannoo qorattuun tuni gaggeessite keessatti qabiyyeewwan qaacceffaman '*Malleen Dubbiifi Suuressuu'* yemmuu ta'u, iddattoon filatame, kitaaba kuusaa walaloowwanii matadureen isaa *"Obomboleettii"'* jedhu, Kan Waloo Zalaalam Abarraa barreessedha. Qorannoo kiyya keessattimmoo, kan qaacceffaman qabiyyeewwan/miseensota 'Itti Fayyadama Afaanii' hojiirra oolanii yoota'u, iddattoowwan akka madda ragaaleetti fudhataman, Walaloowwan 'Zalaalam Abarraa' filatamanidha. Walaloowwan filataman kunneenis, muraasni isaanii kanneen bifa kitaabaatiin maxxanfamanii argaman osoo hintaane, kanneen bifa waraabbii sagalee irraa gara barreeffamaatti deebisuun qaacceffamaniidha.

Walumaagalatti, qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkeenyummaa qabaachuun isaanii ibsame kun, kaayyoo qorattootaafi adeemsota qorannoo keessatti hojiirra oolantu walfakkaata osoo hintaane, dirreewwan qorannoon irratti fuulleffatee gaggeeffameefi qabiyyeewwan qorannoo kana keessatti qaacceffamaniidha.

# 3. MALA QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo, akkaataa caaseffama adeemsa qorannoo tokkoo kan ibsuudha. Kana hordofuudhaan qorataan kunis, milkaa'ina qorannoo isaa kanaaf saxaxni qorannoo inni hordofe, gosa saxaxa qorannoo, Qaaccessa Hafeeti. Sababiin isaa, kaayyoon qorannoo kanaa, caaccuuleen fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen filataman keessatti dhimma bahaman isaan kam fa'aa akka ta'aniifi dhimmoota akkamii ibsuurratti akka xiyyeeffatan, akkasumas haala kamiin akka dhihaatan qaaccessuu irratti kan fuulleffate waan ta'eefiidha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee, milkaa'ina qorannoo tokkoof odeeffannoowwan qorannicha keessatti dhihaatan eessarraa akka argaman ragaa qulqulluu ta'e kennuuf kan tajaajiluudha.

Qorataan kunis, ragaalee qorannoo isaa kanaaf barbaachisan walitti qabachuuf gosoota madda ragaalee sadarkaa tokkoffaafi kan sadarkaa lammaffaatti dhimma bahuun qorannoo kana gaggeesse. Sababni isaa, odeeffannoowwan bu'aa qorannoo kanaaf oolaniifi yaadotni milkaa'ina qorannichaatiif dhimma itti bahaman ragaalee barreeffamaa namoonni adda addaa kanaan dura barreessaniifi walaloowwan Afaan Oromoo qorannoo kanaaf filataman, kanneen waloo Zalaalam Abarraatiin qophaa'anii ummata bira gahan xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf madda ragaa sadarkaa 2ffaa tti qofa dhimma bahame.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon adeemsa qorannoo keessatti odeeffannoo qorannichi barbaadu kennuuf qaama bakka bu'udha. Kunimmoo, ragaalee qorannoo tokkoof barbaachisan haala barbaachisummaa isaanii irratti hundaa'uun bu'aa qorannichaatiif dhimma itti bahamu murteessuuf kan tajaajiludha. Kanumarraa ka'uun qorataan kunis, galma gahiinsa qorannoo isaa kanaaf iddattoon inni dhimma itti bahe, walaloowwan Afaan Oromoo waloo Zalaalam Abarraatiin qophaa'an keessaa  mata dureewwan walaloo qoratichaan filataman afran (4): 'Utuu!', 'Ana Anaafi Ana, 'Asiifi Achi' fi 'Malli Maali?'jedhaniidha.

Sababiin isaa, ragaaleen/odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan hundi isaanii kan walitti qabamuun xiinxalaman, barruudhuma walaloowwan filataman kanneen irraa argaman kan giddu-galeeffate waan ta'eef.

Kanumaan walqabatee, qoratichi iddattoowwan qorannoo isaa kanneen tooftaalee filannoo iddattoowwan qorannoo keessatti hordofaman keessaa mala iddatteessuu miti carraa/carraanalaatti dhimma bahee filate. Sababiin mala iddatteessuu miti carraa kanatti dhimma baheefis, walaloowwan Afaan Oromoo waloo Zalaalam Abarraa keessaa kaayyoo qoratichi qorannoo isaatiin xiinxaluuf irratti xiyyeeffate mata dureewwan walaloo jiran hedduu keessaa kanneen filannoo mataa isaatiin murteeffate waan ta'eefidha. Kanumaan walqabatee, qorataan kun gosoota mala iddatteessuu miti-carraa kana keessatti hordofaman keessaayis; mala iddatteessuu akkayyoo/dhimmataatti gargaaramuun iddattoo qorannoosaa filachuun ragaalee kaayyoo qorannoo isaatiif barbaachisoo ta'an irraa funaannatee jira. Sababiin mala iddatteessuu dhimmataa kanatti fayyadamuun iddattoo isaa akka filatu isa taasise ammoo, iddattoowwan dhimma qorannoo isaa kana milkeessuu danda'an kanneen filannoo mataa isaatiin alaa yoo ta'an, kaayyoo qoratichi galmaan gahuu barbaade waan gufachiisa waan ta'eef. Kana malees, mata-dureewwan walaloo qoratichi ragaalee barbaachisan irraa funaannachuuf argachuu danda'u kan murtee qoratichaa qofaan adda bahee filatame yoo ta'e bu'aan qorannoo milkaa'ina gaarii qabu gaggeeffamas waan ta'eef. Yaada kana deeggaruun Fileen (2019:68) yemmuu ibsu:

> *Iddattoon tooftaa kanaan filataman odeef-himtootni dhimma mata duree qorannoo tokkoo irratti odeeffannoo barbaachisaa tahan kennuudhaaf namoota gahumsa qaban hawaasa keessaa filachuudhaan odeeffannoo barbaachisoo tahan malleen odeeffannoo ittiin walitti qabatan adda addaa fayyadamuudhaan funaannachuu* akka ta'e ibsee jira.

Yaadani kunis, adeemsi filannoo iddattoo mala akkayyoo kuni, tooftaa iddatteessuu qorataan tokko maddoota odeeffannoo ragaalee qorannoo barbaachisoo ta'an kunnuufii akka danda'an itti amanee murtee mataasaatiin filatu ta'uusaa hubachiisa. Kanaafuu, qorataan kunis, mata dureewwan walaloo Zalaalam Abarraa keessaa kanneen qorannoo kanaaf filataman akka iddattoowwan qorannichaatti kan dhimma itti bahe yemmuu ta'u, iddattoowwan kanneen filachuuf immoo, mala filannoo iddattoo akkayyootti fayyadame.

## 3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorataan kun, ragaalee barbaachisoo: qorannoo isaa kana milkeessan madda odeeffannoo akka iddattootti filataman irraa walitti qabachuuf, malleen funaansa ragaalee jiran keessaa mala funaansa ragaa: 'Sakatta'a harshammee'tti dhimma bahe. Sababiin isaas, odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an kan irraa funaannaman hafeewwan barreeffamaa, walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen filataman waan ta'eefi ragaaleen funaannamanis qoratichuma kanaan kan walitti qabaman waan ta'eefiidha. Kana jechuun, ragaaleen dhimma qorannichaatiif barbaachisan harshammeedhuma sakatta'amu keessatti kan argamaniifi kan sakatta'amanis qoratichuma kanaaniidha jechuudha.

Yaada kana cimsuuf Fileen (2019:85) waa'ee mala funaansa ragaalee kanaa akkana jechuun ibsa:

> *Barruulee adda addaa dubbisuudhaan odeeffannoo walitti qabachuu yemmuu ta'u, haala kanaan odeeffannoo walitti qabachuun kunis, kanneen maxxanfamaniifi hin maxxanfamne, akkasumas odeeffannoowwan ol kaawwataman (archived data) meeshaalee elektirooniksiidhaan waraabamanis ta'ee, kanneen suuraan yookan fakkiidhaan kaafamanii jiran irraayis walitti qabachuun ni danda'ama.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu, malli funaansa ragaa sakatta'a harshammee, mala qorataan odeeffannoo walitti qabachuuf ragaalee maxxanfamaniifi kanneen hin maxxanfamne maddoota garaagaraa irraa dubbisuudhaan ittiin funaannatu ta'uusaati.

Yaaduma kanaan walqabatee, malli funaansa ragaa sakatta'a harshammee/qaaccessa barruu kunis haxoota garaa garaa kan ofkeessaa qabu yemmuu ta'u, haxoota kanneen keessaa kan qorataan kun dhimma itti bahu, haxa dubbii ijooti.

Waa'ee haxa kanaa ilaalchisuun Fileen (2019:86) haala kanaan ibsa:

> *Namni qorannoo gaggeessuuf kallattii kanaan odeeffannoo walitti qabatu tokko duraan dursa barruu sana gadi fageenyaan irra deddeebi'ee dubbisuudhaan qabxii ijoofi birqaboo ta'an adda baafachuutu irraa eeggama. Barreessaan barruu kanaa ijoo isaa sittiitti adda baasee dubbistoota isaatiif dhiheessuufi dhiisuu isaa gadi fageenyaan dubbisuudhaan odeeffannoo walitti qabatan xiinxaluun hiika itti kennuuf kan hordofamuudha.*

Kanaafuu, qorataan kuni adeemsa mala sakatta'a harshammeetiin ragaalee barbaachisoo ta'an walitti qabachuuf, haxa dubbii ijootti kan dhimma bahu ta'a jechuudha. Sababiin isaa, qoratichi qabxiilee ijoo kaayyoo qorannoo isaa galmaan gahan funaannachuun kan qaaccessu waan ta'eef. Qabxiileen kunneenis, yaadrimeewwan itti fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti dhimma itti bahamaniin walqabatanii jiraniidha.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorataan kuni ragaalee maddoota odeeffannoo irraa mala funaansa ragaa filateen walitti qabate, mala qaaccessa ragaa akkamtaatti dhimma bahuudhaan ragaalee funaannaman qaaccessee jira. Sababiin mala qaaccessa ragaa kanatti dhimma bahameefis, ragaaleen funaannaman hundi isaanii jecha afaaniitti yookaan lakkoofsaan alatti fayyadamuun ibsi itti kennamaa kan qaacceffaman waan ta'eefiidha. Adeemsa qaaccessa ragaalee mala akkamtaa kanas Fileen (2019:110) yemmuu ibsu, akkas jedha.

> *Malleen qaaccessa ragaalee jiran keessaa malli akkamtaa daran kan xiyyeeffatu, odeeffannoo argame jechootaan, gaaleedhaan, ciroodhaan, himootaan yookaan mallattoolee adda addaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan ibsuudha.Yaadrimeen akkamtaa jedhu kuni yaada yookaan ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka ummanniifi hawaasni jedhutti, ilaalutti, ibsuttiifi hiika itti kennutti ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata.*

Yaadni kunis kan agarsiisu, malli qaaccessa ragaa akkamtaa, odeeffannoowwan maddoota ragaalee irraa funaannaman qaaccessuuf ibsa afaanii fayyadamuun dhugaa jiru xiinxaluun hiika itti kennuu kan bu'uura godhatu ta'uusaati.

Kanaafuu qorataan kunis, ragaalee haala galumsa fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen filataman keessatti dhimma bahamaniin walqabatee maddoota odeeffannoo irraa argaman kallattii ibsa afaaniitti gargaaramuun xiinxala isaa gaggeesse.

Gama biraatiin, malli qaaccessa ragaalee akkamtaa kuni gosoota adda addaa kan ofkeessaa qabu yemmuu ta'u, isaan keessaa kan qorataan kun itti dhimma bahuun ragaalee qorannichaa ittiin qaaccesse, gosa xiinxala qabiyyeeti. Sababiin isaa, qorannicha keessatti qabiyyeewwan fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti argamantu xiinxalame waan ta'eef.

Yaada kanaan walqabateetis, Fileen (2019:112) waa'ee gosa qaaccessa qabiyyee akkana jechuun ibsa:

> *Xiinxala qabiyyee jechuun odeeffannoo walitti qabaman tokko keessatti dhimmoota ijoo jiran, gaaffiilee bu'uuraa ka'uufi ibsamuu qaban qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Kana jechuunis, mata dureen odeeffannoo walitti qabamee jiru tokko dhimma maalii irratti akka xiyyeeffatu adda baasee ibsuudhaaf tooftaalee ragaa akkamtaa ittiin qaaccessan keessaa isa tokkodha. Dhimmoonni ragaalee akkamtaa keessa jiran, fakkeenyaaf, waa'ee hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, falaasama, duudhaa ummataa kanneen ibsan ta'uu danda'u.*

Bu'uuruma kanaan, qorataan kunis, qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti argaman dhimmoota akkamii akka ibsan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, gosa qaaccessa qabiyyee kanatti dhimma baha. Adeemsa qaaccessa ragaalee kana keessattis, ragaaleen barbaachisoo ta'an mala funaansa ragaa filatameen erga funaanamanii booda garee gareetti qoqqoodamuudhaan haala galumsa isaanitiin xiinxalamaniiru.

Ragaaleen xiinxala kanaaf fudhataman kunneenis, walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessaa bo'oowwan galumsa barbaachisu waliin deeman bifa koodessuutiin fudhatamuun xiinxalalani.

Kanaanis walqabatee, ragaaleen xiinxala kanaaf fudhataman tokkoon tokkoo walaloowwan qorannichaaf filataman keessatti bo'oo/buufata ragaan barbaachisu irratti argamu kan waraabbii sagalee irraa fudhataman waan ta'aniif, daqiiqaafi sekoondii irraa eegaluufi irratti dhaabbate lakkofsaan ibsameera.

## 3.6. Naamusa Qorannicha Keessatti Hordofame

Adeemsa qorannoo keessatti naamusawwan eeyyamamoofi hin eeyyamamne garaagaraatu jira. Naamusawwan qorannoo keessatti hin eeyyamamne keessaa inni tokko, hojii nama biraa osoo hinwabeeffatiin akka yaada ofiitti dhiheessuudha. Kanaan walqabatee, qorataan kunis qorannoo gaggeesse kana keessatti odeeffannoowwan milkaa'ina qorannoo isaatiif barbaachisan kanneen maddoota odeeffannoo adda addaa irraa funaannatee bu'aa qorannoo isaa kana keessatti dhimma itti bahe hunda isaanii madda isaanii eeruun amanamummaan

qorannichaa akka eeggamu taasisee jira. Ragaaleen qorannoo kana keessatti haala barbaachisummaa isaanitiin qoratichi fayyadame maddoota irraa waraabaman waliin ibsamaniiru.Kana malees, qoratichi adeemsa funaansaafi qaaccessa ragaalee galma gahiinsa qorannichaatiif oolan keessattis, qabxiilee hinjirre jiraachisuun yookaan kan jiru awwaaluun dhugaa walaloowwan filataman keessatti argaman jallisuun dhiheessuu irraa bifa bilisa ta'een qorannoo kana gaggeesse. Kana jechuun, qoratichi ragaalee barbaachisoo ta'an hunda haala isaan walaloowwan kanneen keessatti ittiin dhihaatan funaanuufis ta'ee, hiika itti kennuuf wantoota qabatamaan jiran giddu-galeeffachuun qorannoo kana gaggeesse jechuudha.

# 4. QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaalee maddoota odeeffannoo irraa funaannamantu gosa gosaan qaacceffamee dhihaate. Ragaaleen qaacceffaman kunneenis, gaaffiilee bu'uuraa qorannichaafi kaayyoo qoratichi qorannoo isaa kanaan, haala itti fayyadama afaanii hojiirra ittiin oole giddu-galeeffataniidha. Qabxiilee ijoon boqonnaa kana keessatti qaacceffamanii dhihaatanis: Caaccuulee fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti hojiirra oolan, Dhimmoota fayyadamni afaanii walaloowwan filataman keessatti ibsuurratti fuulleffatuufi Haala itti fayyadamni afaanii walaloowwan filataman keessatti dhimma bahaman ittiin bahamaniidha.

## 4.1. Fayyadama Afaanii Walaloowwan Filataman Keessatti

Haalli fayyadama afaanii walaloowwan filatama  keessatti barreessichi dhimma itti bahuun ergaa dabarsuu barbaade ittiin dhiheesse, kan haala hubannaa namootaa irratti dhiibbaa hamaafi hubachuuf rakkisaa ta'e hin'uumneedha. Namoonni ergaa walaloowwan filataman kanneenii hubachuuf hinrakkatan. Isa kanaaf immoo, haalli mijataan akkanaa akka uumamuuf kan shoora olaanaa tabate, haala fayyadama afaanii barreessaa walaloowwan filataman kanaa (waloo Zalaalam Abarraa)ti. Kana bu'uureffachuun, haalota hubannaa gaarii uumuuf, barreessichi gama fayyadama afaaniitiin hojiirra oolche kanneen immoo tokko tokkoon haa'ilaallu.

Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti jechoonni dhimma itti bahaman, jechoota ummanni jireenya guyyuu keessatti itti gargaaramuun jiruuf jireenya isaa geggeeffatu waan ta'aniif haala salphaa ta'een hubatu. Kana qofaa miti; jechoonni walaloowwan filataman kanneen keessatti hojiirra oolan, jechoota waaltawan osoo hintaane, kan looga naannoo bu'uura godhate ta'uu isaatiin haala hubannaa namootaa nisalphisa.

Kana malees, haalli itti fayyadama afaanii waloon kun hubannoo jamaa isaa cimsuuf dhimma itti bahe inni biraa, garaagarummaawwan amalaafi akkaataa dubbii namoota gidduutti mul'atu jechoota afaaniitiin bakka buusuun dhiheessuu isaati. Kana jechuun, fayyadamni afaanii waloon dhimma itti bahe, jechoota gocha garaagaraa haala qabatamaa ummata keessa jiru ibsuu danda'an ta'uu isaanii irraan kan ka'e, ergaa walalichi dabarsu hubachuun hinrakkisu jechuudha.

Fakkeenyaaf: Qabiyyeewwan walaloo matadureen isaa "Utuu…!" jedhu keessatti dhihaatan yoo fudhannee ilaalle, fayyadamni afaanii seenaa goototni Oromoo birmadummaa biyyaa eegsisuu keessatti galmeessisaniifi aarsaa isaan kanfalan ibsuu irratti fuulleffata. Jechoonni afaanii: haalota kana ibsuuf hojiirra oolanis, mallattooleefi gochoota goototni kunneen yaada isaanii ibsachuuf kallatiiwwan adda addaatiin taasisan bakka bu'uun kanneen dhihaataniidha. Dhimmoota akka: gootummaa, diinummaa, gamnummaa, gantummaa/baandummaa adeemsa qabsoo keessatti gootota Oromoo mudateefi haala yaada isaanii bifa gaabbiitiin ittiin ibsatan kan ifoomse, itti fayyadama afaanii walalicha keessatti hojiirra oolaniidha.

Walaloo matadureen isaa "Malli Maali?" jedhu keessattis, jechoonni dhimma itti bahaman kanneen yaadota haala qabatamaa qonnaan bultootni Oromoo bu'aa ba'iiwwan jireenya dadhabsiisaafi cunqursaa sirna gita bittaa alagaa jalatti gidirfamaa turuu isaanii agarsiisaniidha. Haalota rakkisoo kanas, qonnaan bultootni kun nama isaan keessaa barnoota ammayyaa baratee; beekumsa addunyaatiin fooyya'ee, hiree hirmaannaa bulchiinsaa argateen abdii fala rakkoo isaanii akka ta'etti amananii boodarra isaan gane: 'Caalii' tti yeroo himataniifi innis, yeroo of ibsu haala kamiin akka of dhaadhessee rakkoo isaanii kana furuuf waadaa galee, boodarra achumaan badee hafe ibsuuf jechoonni ittiin dhihaatan sadarkaa hubatamummaa ergaa akka darbu barbaadame sanaa sirriitti ifoomsuuf gahumsa cimaa kan qaban ta'uutu hubatame. Kunimmoo, humna itti fayyadamni afaanii ergaa walalichaa hubachiisuuf qabuufi gahumsa olaanaa, waloon afaanitti fayyadamuun dhugaa hawaasa keessa jiru walaloo kanaan ibsuu danda'e kan mul'iseedha.

Dabalataanis, haala itti fayyadama afaanii: walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessaa tokko kan ta'e, walaloo matadureen isaa "Asiifi Achi" jedhu keessatti ittiin hojiirra oole yoo ilaalle, kan yaadota garaagarummaa biyya barreessaan walalichaa (Zalaalam Abarraa) gaafa walaloo kana barreessu keessa jiraachaa tureefi biyya dhaloota isaa/biyya Abbaasaa (Oromiyaa) gidduu jiru ibsuu irratti fuulleffateedha. Garaagarummaawwan biyyoota kana lamaan gidduu jiru ibsuuf qabiyyeewwan waloon irratti xiyyeeffatee ittiin dhiheesses, garaagarummaa haala Roobaafi ta'iinsota Roobaan walqabatanii mul'atanii, garaagarummaa haala hawaasummaatiin walqabatee, hariiroo/walitti dhufeenya ummanni adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti waliin qabuu, garaagarummaa jijjiirama qaamota namaa, ta'iinsa uumamaatiin mul'atu jijjiiruudhaan walqabatu, garaagarummaa haala kabaja mirgoota namoomaafi kunuunsa beeyladootaa gidduu jiran fa'iidha.

Qabiyyeewwan garaagarummaa biyyoota lamaan gidduu jiran kunneenis, haalli isaan walaloo kana keessatti afaanitti fayyadamuun ittiin dhihaatan jechoota ergaa guutuu ta’e dabarsaniifi miira hubannaa jamaa walalichaa hindanqine ta’uutu hubatame. As keessatti yaadni hubatamuu qabu garuu, qoratichi haala qabatamaa biyya yeroo ammaa keessa jiraatu; kan waloon “Achi” jechuun dhimma itti bahe malee, yaadota biyya waloon gaafa walaloo kana barreesse keessa jiraatu; kan “Asii” jechuun itti fayyadamee haalota qabatamoo biyya sanaa ibsan irratti hubannoo dhuunfaa isaa hinqabu. Haala itti fayyadama afaanii waloon kun dhimma itti bahe irraa garuu, karaa ifaaf bilisa ta’een garaagarummaa biyyoota kana lamaan gidduu jiru walbira qabuun hubachuun danda’ameera. Kunimmoo, bu’aan itti fayyadama afaanii, adeemsa waliiqaltee uumuu keessatti qabu olaanaa ta’uu agarsiisa.

## 4.2. Qabiyyeewwan Fayyadama Afaanii

Qabxiilee qorataan kun, qorannoo isaa kana keessatti qaaccesse keessaa inni tokko, Qabiyyeewwan fayyadama afaanii walaloowwan Zalaalam Abarraa, kanneen filataman keessatti hammataman maal fa’aa akka ta’an adda baasuun qaaccessuudha. Bu’uuruma kanaan, Qabiyyeewwan qorannoo kana keessatti adda bahuun qaacceffaman: suuressa, malleen dubbii/dubbii qolaafi filannoo jechootaati.

### 4.2.1. Suuressa

Suuressuun fayyadama afaanii keessaa isa tokko ta’ee, akkaataa bardubbiitti fayyadamuun waa’ee waan tokkoo sammuu jamaa keessatti yaad-fakkii kaasuuti. Walaloowwan filataman hunda keessatti suuressoowwan waloon ergaa isaa ittiin dabarfachuuf itti fayyadame, qalbii jamaa keessatti yaad-fakkii uumuudhaan gahumsa olaanaa akka qabantu hubatame. Kana bu’uureffachuun qorataan kunis, suuressa waloon Zalaalam Abarraa afaanitti fayyadamuun walaloowwan filataman afran (Utuu….!, Ana, Anaafi Ana, Asiifi Achi, Malli maali?) keessatti sammuu jamaa keessatti ittiin suuresse tokko tokkoon qaaccessee jira.

**Utuu…..!**

Walaloo mata dureen isaa, **‘**Utuu…**!’** jedhu keessatti suuressi ijoon qabiyyeen walalichaa irratti fuulleffate, waa’ee gaabbii gootota Oromoofi gochoota bara jireenya isaanii keessatti isaan raawwataniifi isaanirratti raawwatame, akkasumas haala isaan gaabbii isaanii ittiin ibsatan irrattiidha.

Suuressi walaloo kanaan sammuu jamaa keessatti suureffamu ammoo: gochootaafi amaloota qooddattoota walalichaatiin taateffamaniidha. Suuressi kun akka uumamu kan taasisu immoo, haala fayyadama afaanii waloon dhimma itti baheedha.

Bu'uuruma kanaan gara qabxii ijoo qorannoo kanaatti yoo dhufne, haalli fayyadama afaanii waloo Zalaalam Abarraa walaloo isaa kana keessatti karaa qooddattoota garaagaraatiin gochootaafi jechoota walsimsiisee suuressa adda addaa ittiin uumuu danda'e maala akka fakkaatu xiinxaluu irratti fuulleffata. Xiinxalli qorataan kun haala fayyadama afaanii, waloon dhimma itti baheefi suuressa fayyadamni afaanii kun uumeen walqabatee taasises, tokko tokkoon akka fakkeenyaatti haala itti aanee jiruun dhihaataniiru. Isaanis:

Fakkeenya 1:

Gaafa mootiin Iyyaasuu shiraan aangoo irraa buufamu, haala Qeesiin 'Fannoo' gaachaneessee, waliif gadi maggalee abaarsa lallabeefi haala gootichi Oromoo: Mardaasaa Jootee abaarsa qeesichaa balfuun Goraadee butatee, mormatti aggaamuun abaarsicha ittiin hiiksisee, dhumarratti immoo, waan isarratti ta'eefi tarkaanfii fudhachuu dhiise irratti gaabbii isaa haalli ittiin dhihaate sammuu jamaa keessatti suureffamee jiraata.

Fakkeenya 2:

Dabalataan, waa'ee gooticha Oliiqaa Dingiliin walqabatee, guddinni qaama isaafi gootummaan inni qabu, keessattuu lola Xaaliyaanii irratti olaantummaa inni qabuufi haalli du'a isaa garuu, diinaan osoo hintaane, haadha warraa isaa kan inni amanee waliin jiraatu akka ta'eefi isheenis, jaalala fakkeessitee dugda susukkuumtee, waancaa inni heexoo ittiin dhugutti summii naqxee haala ittiin ajjeeste, akkasumas, yeroo lubbuun keessaa bahuuf jettu haalli inni dhidhiittachaa dhaamsa dhumaa dhaammate, sammuu jamaa keessatti suureffama.

Fakkeenya 3:

Gama biraatiin, walaloodhuma kana keessatti haalli gootichi Oromoo: Abbishee Garbaatis, shira alagaatiin osoo hintaane, baandaafi gantuu qomoo isaatiin akka ta'e, akkamitti fira fakkaatee diinaaf akka isa dabarsee kenne, dhumarratti mormaa gadi awwaalamee akka ajjeefame, gaabbii isaatiif ammoo, quba alaanfachaa akka du'e suuressa sammuu namaa keessaa hinhaqamnedha.

Fakkeenya 4:

Haalli abshaalli abbaa malaa jedhamuun beekamu (Habte Goorgis Dinagdee) diinaaf maltee malaa turee boodarra ganamuu isaa gaabbiin ibsate, fayyadama afaanii waloo kanaatiin dhihaate yaad-fakkii sammuu namaa keessatti uuma. Haalli inni yeroo gaabbii isaa ibsatu, ittiin taa’eefi bifni sagalee inni ittiin yaada gaabbii isaa ibsachuuf dhageessise fakkeessuuf barreessaa walalichaatiin kalaqame sammuu jamaa keessatti suuraa uume qaba. Haalli teessuma isaa, boquu gadi cabsuufi geemmiitti ijjachuudhaan; Sagaleen yaada ittiin ibsate immoo, sagalalee xiqqaadhaan suureffameetu qabatamaan osoo hintaane abuurraa sammuutiin yaad-fakkiin uumamtee akka jiraatu taasisa.

Fakkeenya 5:

Gootichi beekamaan Gabayyoo Gurmuu, oolmaa inni biyyaaf oolee, oolmaa isaatiif ammoo, beekamtii maqaa abbaa isaa galmee seenaa irraa dhabuuf gaabbii keessoo isaa haalli ittiin ibsate, bo’oon walaloo waa’ee gooticha kanaa ibsuurratti fuulleffate keessatti barreessaa walaloo kanaatiin suureffamee dhihaatee jira. Suuressoonni yaada bo’oo walalichaatiin suureffamanii, sammuu jamaa keessatti bocamanis, Aarsaa qaalii: inni biyyattii tana tursiisuuf jecha hanga wareegama lubbuutti kanfale ibsuudhaan walqabatee, karaan seensa diinotaallee, lafee isaatiin akka danqarametti yaadni dhihaate isa tokkodha. Suuressi inni biraa immoo, yaada galata dhabiinsa bu’aalee hojii seena-qabeeyyii, seenaa gooticha kanaa awwaalan ibsuuf barreessaa walalichaatiin kalaqameedha.

Kanaan walqabatee, kan sammuu jamaa keessatti suureffamu, oolmaa gootichi kun birmadummaa biyya isaa eegsisuuf inni ooleefi fuggisoo oolmaa isaa kana, yeroo seenaan isaa himamutti, maqaan abbaa isaa (Gurmuun) kitaabarratti kan hinbarreeffamneef maaliif akka ta’e bifa gaaffiitiin kan dhihaateedha.

Fakkeenya 6:

Kabbadaa Abbaa Marzuutis, amantii sobaatiin gowwoomfamee amantii abbaasaa kan ganamaa gadhiisuu isaatti gaabbiisaa haalli inni ittiin ibsate, walaloo kana keessatti suureffama mataa isaa qaba. Bo’oo walaloo waa’ee gooticha kanaa ittiin ibsuuf dhihaate keessatti yaadonni dhihaatan, gochoota ‘Kabbadaa Buzunesh’ irratti ergamtoota diinatiin raawwatameefi yaad-deebiin inni bifa gaabbiitiin yaada isaa ittiin ibsate, sammuu namoota isa hinbeeknee keessatti yaad-fakkiin ijaan hinmul’anneefi qabatamaan bira hingahamne akka uumamu taasisa.

Fakkeenya 7:

Buufata walaloo waa'ee simbirroo haadha godoofi Kuukkuutiin fakkeeffamee dhihaate keessatti ammoo, yaada haala qabatamaa jireenya ilma namaa keessatti raawwatamu bakka bu'eetu sammuu jamaa keessatti suureffamee dhihaate. Gidiraan Kuukkuun simbirroo haadha godoo irratti raawwatte haala qabatamaa jiruu ilma namaatiin walbira qabuun akka xiinxallu nu taasisa. Ergaan walalichaatis, dhiibbaa hamaa ummatni Oromoo akka simbirrittii haadha godoo sanaa qe'ee isaa irratti keessummeessaa jirutu allaattii haadha Godoo kanaan fakkeeffamee dhihaate. Kuukkuufi ilmaan ishee ammoo, alagaa fira fakkaatee, harka ummata Oromoo irraa nyaatee dhugee, guddinaafi jireenya ummatichaa jibbuun fakkeeffamaniitu suureffamani.

**Ana, Anaafi Ana!**

Suuressi walaloo kana keessatti xiyyeeffatame ammoo, garaagarummaa ilaalchaafi hubannaa namoonni waa'ee seenaa irratti haala waldiddaa yaada nama tokkootiin fakkeeffamee dhihaachuu isaati. Kana jechuun, haalli waloon kun garaagarummaa akkaataa hubannaa seenaa bifa waldiddaa yaad-sammuu keessoo isaa gamtokkee lamatti hiruun dhiheesse haala qabatamaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uun kan dhihaate ta'uunsaa agarsiisa. Garaagarummaan akkaataa hubannaa seenaa hawaasa keessa jirus, namoonni gariin, seenaan waan ta'ee darbe, kan deebi'ee hindhufne akka ta'etti of amansiisuun waa'ee seenaa yaaduun akka hinbarbaachifnetti yemmuu hubatu, gartokkeen namootaa ammoo, waa'ee seennaa irratti hubannoofi ijjannoo 'seenaan, ibsituu eenyummaa kaleessaa, daawwitii jiruufi jireenya ilma namaati' jedhu qabu.

**Asiifi Achi**

Walaloo mata dureen isaa "Asiifi Achi" jedhu keessatti ammoo, suuressi mul'atu, akka waliigalaatti, garaagarummaa wantoota uumamaafi namtelchee biyyoota lamaan: Biyya waloon kuni jiruufi biyya keenya keessa jiru bifa walbira qabiinsaatiin haala ittiin dhihaataniidha.

Akka yaada walalichaa irraa hubachuun danda'amutti, "As" inni jedhu, biyya ambaa, waloo Zalaalam Abarraa jiran kan bakka bu'e yemmuu ta'u, "Achi" kan jedhu ammoo, biyya Xoophiyaa yookaan biyya dhalootaa waloo Zalaalam ta'uu isaati.

Kanaanis walqabatee, akka walalicha keessatti dhihaatetti, biyya waloon kun jirutti: Yeroo waqtii gannaa roobni cabbiin walmakatee roobuu isaafi hanga aduun bahutti achuma turuu isaa, Qaama hormaata dubartootaa kan ta'e harmi, yoo jiges utubaadhaan utubanii kan

hinjigne fakkeessanii jiraachuu isaanii, Aduun yoo dhiitellee, halkaniifi guyyaan tokkuma ta’uusaa, Sareefi ijoolleen kabaja guddaa qabaachuu isaanii, Jireenyi ilma namaas ta’ee, waliin dubbiin dhuunfaa dhuunfaadhaan ta’uu, Namni kamuu jireenya mataasaa qofa jiraachuurra darbee, kan nama biraaf dhimma akka hinqabaanne haalli ittiin dhihaate, sammuu jamaa keessatti suureffama yaadaa hedduu ta’e, kan osoo qaamaan bira hingahin yaad-sammuudhaan abuuranii hubatan ni uuma.

Gama biraatiin ammoo, wa’ee wantoota armaan olitti dhihaatan kanneenii, kan waloon kun, “Achii….” jechuun dhiheesse, faallaa isa kanaatiin yaadotni dhihaatan:

Bishaan yeroo waqtii bonaa kan hinjirreefi ganna ganna ammoo, humnaa ol guutee, haalli inni ittiin socha’u, wantootni inni baatee socho’u, Harmi dubartootaa altokko jignaan akkam akka ta’u, Dhiini aduu guyyaafi halkan akka adda baasu, Sareef kunuunsi kennamu kan hinjirre ta’uu, Mirgi kan daa’immanii osoo hintaane, kan maatii ta’uu, Garaagarummaan haala hariiroo ummataafi waliin dubbii namootaa biyya kanaafi biyya waloon keessa jiraachaa jiruufi ittiin kalaqame suuressoota hedduu: Sammuu namootaa keessatti suureffamanii hubannoo gabbisaniidha. Walumaagalatti, garaagarummaan biyyoota lamaan jidduu jiru maal akka fakkaatu namoota hinbeekne beeksisuuf qabxiileen dhihaatan suuressoota hedduu uumu. Suuressootni kun akka uumamuu danda’an kan taasise immoo, haala itti fayyadama afaanii waloon dhimma itti baheedha.

Haalli fayyadama afaanii walaloo kana keessatti dhimma itti bahames, jechootaafi wantoota sammuu jamaa keessatti yaad-fakkii/suuressa hubannoo waan beekne cimsataniifi isa hinbeekne baruun adda baafatanii uumuuf gahumsa guddaa qabaniidha. Namoonni waa’ee waan beekanii haala qabatamaa ummata keessa jiruun walbira qabuun akka yaadataniifi waa’ee waan duraan hinbeeknee akka haaraatti yaadaan akka barataniif haala gaarii kan uumu itti fayyadama afaanii waloon dhimma bahu ta’uu isaas yaada kanarraa barachuun nidanda’ama.

**Malli Maali…..?**

Walaloo mata dureen isaa “Malli Maali?” keessattis, suuressi waloon kun yaada ibsuu barbaade bifa sammuu jamaa isaa keessatti yaad-fakkii adda addaa uumuu danda’uun dhihaateera. Suuressoowwan walaloo kana keessatti argamanis, tokko tokkoon haala itti aanee dhihaatuun kan adda baafaman ta’u.

Bu’aa ba’iiwwan qonnaan bulaan keessa qaxxaamuru: bona aduudhaan, ganna qorraan waxalamaa abbaa warraafi haati warraa hojiiwwan adda addaa irratti wal gargaaraa, jiruu moo’achuuf carraaqqii taasifamu bifa yaad-sammuutiin hubachuu akka dandeenyu nutaasisa. Gama biraatiin, qonnaan bulaan tokko oomisha oomishee galfachuuf dadhabbiiwwan inni keessummeessuun walqabatee, wantootni oomisha isaa balleessan maal maal akka ta’an, haala kamiin akka oomisha isaa eeggatuufi kan kana fakkaatan osoo qaamaan bira hin jiraatiin yaadaan akka hubannu taasisa.

Suuressi walaloo kana keessa jiru inni biraa, shiraafi gidiraa bara bulchiinsaa qonnaan bulaa walaloo kana keessatti bakka bu’ee dhihaate keessa oomishawwan ofii oomishan dhimma mataa isaanitiif itti fayyadamuu akka hindandeenye, ofii dadhabanii orma akka sooran, gurguranii gibira gabbaruu malee nyaatanii akka hinquufneefi bara kana duraa ammoo, nyaatanii, quufanii, kalee kaafatanii Waaqaaf galata galchaa, dachees faarfachaa haala isaan keessa darban kan ibsuudha. As keessatti, yaadni sammuu jamaa keessatti suureffamu: jireenya qonnaan bulaan kun yeroo ammaa kana keessa jiruufi jiruun inni kanaan dura keessa ture waliif faallaa ta’uusaati. Haalli jireenyaa amma keessa jiru, kan dabaan guutameefi kan mirgi abbaa qabeenyummaa namaa hinkabajamne ta’uusaa yemmuu ibsu, bara kanaan duraa keessatti garuu, jireenya qananiifi quufaa akka dabarse yaadaan nu hubachiisa.

Yaadni kunimmoo, haala qabatamaa biyya kana keessatti ummatni Oromoo baroota hedduudhaaf keessummeessaa jiruufi kabajni, ulfinni, qabeenyi, mirgiifi kanneen kana fakkaatan bara durii keessatti qabaachaa ture kan walfaalleessu ta’uudhaan bakka walbu’uun sammuu jamaa keessatti suureffama.

Kana malees, Suuressi walaloo kana keessatti guddatee mul’atu, waa’ee qooddataa waloon kuni “Caalii” jedhee moggaaseeti. Caaliin, ilma qonnaan bulaa kan barnoota baratee, qonnaan bultoota keessaa baheef abdii cimaa ta’ee, boodarrammoo, iddoo abdatame hanqate, kan waadaa ummataaf gale diiguun imaanaa dhalootaa nyaate ta’eetu walaloo kanaan suureffamuun sammuu jamaa keessatti bocamee mul’ata.

Kanumaan walqabatee, walaloo kana keessatti ’Caaliin’ gaafa jalqaba ummata mariisisuuf dhufetti: Wanti inni mormatti marate, sagaleen inni ittiin dubbate, sochiin qaamaa inni taasise, jechootni kabajaafi safeeffannaa inni ittiin dubbate, haalli namootni yaada isaa ittiin dhaggeeffataniifi teellaarra waa’ee isaa irratti gaaffii walgaafatanii, milkii gaariin akka isa faana ta’uuf haalli isaan ittiin eebbisanii gaggeesan hundi sammuu jamaa keessatti yaad-fakkii walalichi ibsuu barbaade suuressuuf kanneen tajaajilaniidha.

Walumaagalatti, waa’een ‘Caalii’ walaloo kana keessatti haalli ittiin fakkeeffame, ilma qonnaan bulaa keessaa bahee, barnoota baratee, beekkumsa addunyaa goonfatee, rakkoo hawaasa keessaa bahee akka furuuf abdatamee, imaanaan itti kennamee; boodarra waadaa gale cabsee, imaanaa dhalootaa dagatee, qomoorraa baqatee, diina firoomfatee, dhumarratti rakkoof saaxilamee gargaarsa dhabuu isaatu fayyadama afaanitiin sammuu jamaa keessatti suureffamee mul’ata.

### 4.2.2. Malleen Dubbii/Dubbiiwwan Qolaa

Fayyadamni afaanii, gama malleen dubbiitiin walaloowwan filataman keessatti dhihaate, haala miira jamaa galaana hubannoo olaanaa keessa dambaliisisuun; akkaataa ummanni Oromoo ergaawwan adda addaa haala barbbaachisummaa ergaa sanaa giddu-galeeffachuun karaa al-idilaawaa/dhokataa ta’een ittiin walii galuuf itti fayyadaman kan bu’uura godhateedha.

Malleen dubbii walaloowwan filataman afran keessatti argamanis, haala armaan gaditiin dhihaataniiru.

**Akkasaa**

Gosni mala dubbii kanaa, walaloowwan filataman hunda keessatti kan mul’atu yoo ta’u, muraasa isaanii tokkoon tokkoon walaloowwan filataman keessaa fudhachuun akka fakkeenyaatti haala itti aanu kanaan dhihaateera.

**Utuu….!**

Walaloo kana keessatti gosni dubbii qolaa/mala dubbii ‘Akkasaa’ fayyadamuun dhihaatan heddumminaan kan jiran yoo ta’u, kanneen xiinxala qorannoo kanaatiif jecha adda baafamanii akka fakkeenyaatti dhihaatan haala armaan gadiiti.

Fakkeenya 1:

Qulqulluun akka Waaq! Sabni/namni Utuu hin jenne

Jireenya xiinxalee, Seenaasaa hubatee, kan waa hingaabbine?

(Utuu...! Daq. 00:55-01:04)

Bo'oo walaloo kana keessatti, gaaffii garaagarummaa 'Waaqaa'fi nama walbira qabuun gaafatametu dhihaate. Yaadrimeen bo'oo walalichaatis 'Waaqni' qulqulluu ta'uun isaa beekamaa yoo ta'u, qulqullummaan ilma namaa mamii/shakkii keessa jiraachuu mul'isa. Kana jechuun, Waaqni qulqullummaa isaatiin dorgomaa kan hinqabneefi waan raawwateef kan hingaabbine ta'uu isaafi ilmi namaa garuu, hojii qulqullummaa qabu kan hinhojjanneefi hojiin inni hojjatu kan gaabbii ofkeessaa hindhabne ta'uu isaa hubachiisa. Kunimmoo, humna itti fayyadamni afaanii garaagarummaa haala qabatamaa jiru gabaabbinaan ibsuu keesatti qabu adda baasuun ibsuuf qabu ifoomsa.

Fakkeenya 2:

Namni Utuun seente  taa'ee quba nyaata

Akka baakkuu goromsaa naannayee mardhata

Kan borii irraanfatee kaleessa mildhata

Egeree dagatee, kaleessa jiraata

Tarkaanfachuu dhiisee, achumaa lafa dhiita

Leenca ta'uun hafee, qalbiin gururi'ee akka saree duta

(Utuu...! Daq. 01:23-01:39)

Gosni dubbii qolaa *Akkasaa,* bo'oo walaloo kanaa keessatti dhimma bahame, yaadrimee waa'ee nama gaabii keessa jiruu mallattoowwan inni mul'isu wantoota adda addaatiin walfakkeessuun ibsuu irratti xiyyeeffata. Namni gaabbiin seente mallattoowwan akkaataa mar'annaa goromsa baakkuufi haala sareen ittiin duttuun fakkeeffamee dhihaate. Mallattoolee namoota miira gaabbii keessa lixanii wantoota hawaasa keessatti mul'atanitti fakkeeffamuun dhihaate jechuudha. Kunimmoo, gahumsi itti fayyadama afaanii waloon kun ergaa isaa mala dubbii kanaan dabarfachuu danda'e bakka guddaa qabaachuusaa kan mul'iseedha.

Fakkeenya 3:

Mardaasaa Jooteedhaa ilmi Jootee Tulluu

Akka horii didaa funcaatiin qabamee yemmuu hidhaa galuu

Hingaabbinee laata maalif akka dhiise morma Iceegee qaluu?

(Utuu...! Daq. 04:51- 05:00)

As keessatti immoo, gosni dubbii qolaa: *Akkasaa* hojiirra oole, taatee akkaataa gotichi Oromoo, ‘Mardaasaa Jootee’ ittiin qabamee mana hidhaa gale, haala horii didaa ittiin qabanitti fakkeessuu irratti kan fuulleffateedha. Itti fayyadamni afaanii mala dubbii kanaan dhihaate kunis, waan lama ibsa. Isaanis: Inni tokko, funcaa/wadaroodhaan Mardaasaa hidhuun gocha diinota isaa kun sodaafi shakkii isaan gooticha irraa qaban kan ibsu yemmuu ta’u, inni lammataa immoo, gara jabummaafi hammeenya isaan kabaja ilma namaatiif qaban ifoomsuu irratti kan xiyyeefatuudha. Itti fayyadamni afaanii karaa gosa dubbii qolaa kanaan dhimma bahames, taateen akkaataa qabamuun hidhamuu ‘Mardaasaa Jootee’ irratti raawwatame, gocha horii didaa irratti raawwatamuun walbira qabuun ibsuu irratti fuulleffata.

Gama biraatiin, mulqamiinsa kabaja mirga namoomaa diinotni ‘Mardaasaa’ garajabummaan irratti raawwataniifi gocha hammeenyummaa ilma namaa horiitti fakkeessuun isaan ittiin isa adaban kan mul’isuudha.

Fakkeenya 4:

Oliiqaa Dingiliin goota baddaa sayyoo

Qeerransa ija diimaa guddaa akka waaqayyoo

Walaliin ol yaabee, walaliin qixxaatee

Hamaaketaaf Leencaan bifaan walfakkaatee

Akka Waaqa arfaasaa baddaadhaa gumgumee

Gammoojjii baroodee, boorratee garmaamee…

(Utuu...! Daq. 05:18-05:32)

Fayyadamni afaanii gosa dubbii qolaa, *Akkasaa* tti dhimma bahuun dhihaate, jabina gooticha ‘Oliiqaa Dingil’ humna ‘Waaqaa’tti fakkeessuun waa’ee gootummaa isaa daran olguddisuun ibsuu irratti xiyyeeffata. As keessatti kan hubatamuu qabu, yaadni waa’ee Oliiqaa ibsuun walqabatee, mala dubbii kanaan akka ibsamuuf barbaadame, haala guddina qaamaafi gootummaa Oliiqaa olkaasuun mul’isuuf malee, ‘WAAQAAN’ walbira qabuun ibsuuf miti.

Fakkeenya 5:

Gootni baddaa Qeellam Oliiqaa Dingiluu,

Kan Xaaliyaa ciibsee akka Re'ee qalu…

(Utuu...! Daq. 05:39-05:42)

Malli dubbii 'Akkasaa' bo'oo walaloo kana keessatti hojiirra oole immoo, tarkaanfii 'Oliiqaan' diinota biyya isaa weeraraan qabachuuf dhufan irratti fudhatu kan akkamii akka ta'e ibsuu irratti bu'uureffata.

Tarkaanfiin inni diinota isaa irratti fudhatu kunis, kan araarama hinqabne ta'uu isaa ibsuuf haala qalma re'eetti fakkeeffame malee, dhugumaan haala ilmi namaa re'ee morma kutee dhimma nyaataaf itti fayyadamu sanaan qalu miti.

Fakkeenya 6:

Diina fandalale, diina quruphise akka horii adiyyoo

Kan qabee leenjise eenyumtiyyuu hin jiru kan akka Gabayyoo

(Utuu....!: Daq. 11:01-11:07)

Malli dubbii 'Akkasa*a*' bo'oo walaloo kanaa keessatti dhimma bahame immoo, haala sochii diinonni biyya weeraran hanga harka gooticha Oromoo: 'Gabayyoo Gurmuu' galanitti isaan mul'isan kan horii adiyyootiin walfakkeessuu bu'uura godhata.

Horiin adiyyoo, horii too'annoo hinqabne, kan bakka fedhe oolee galuudha. Diinonni haala kanatti fakkeeffamanis, diinota bara lola Xaaliyaanii biyya kana qabatanii yeroo muraasaaf keessa burraaqaniidha.

Fakkeenya 7:

Kaattuu akka murxuxxee,

Urtuu akka arfii muxxee,

Balfamtuu akka sanyoo jibbaa,

Miidhagduu akka qullaa durbaa

Jibbisiistuu akka bulgaatii,

Marartuu akka ji'a baatii

Ajooftuu akka isa garaa

Urgooftuu akka abaaboo birraa

Buburraaqxuu akka jaarsa amaatiif qotuu

Of tuultuu akka misirroo wantoo galtuu

Salphoo akka Qaalluu sobee

Ulfoo akka Ruuda roobee

Lallaaftuu akka baala Abraangoo

Gubduu akka singiggoo

Dhala dhabduu akka Gaangoo

Sagal dhaltuu akka Wangoo

(Utuu...! Daq. 15:20-15:50)

Itti fayyadamni mala dubbii, *Akkasaa* bo'oowwan walaloo kana keessatti hojiirra oolan immoo, yaadota waliigalaa waa'ee Utuu…! yookiin gaabbii irratti namoonni hiika adda addaa kennan bakka lamatti hiruun dhiheessuurratti kan xiyyeeffateedha. Yaadotni kunneenis, hiika faallaa namootni waa'ee barbaachisummaa gaabbii irratti qaban haala kamiin akka isaan ibsatan bu'uureffatu. Malli dubbii, '*Akkasaa'* bo'oowwan kana keessatti dhimma bahames, yaaduma 'Utuu….!' jedhu kana wantoota adda addaatti fakkeessuun gam-tokkoon jajaa; gama tokkoon immoo kineessuun/balaaleffachuun akka ibsutti dhihaate.

Yaada kanarraa kan hubachuun danda'ames, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti gaabbiin (Utuun) gaarummaafi yarummaa qabaachuu isaati. Haalli fayyadama afaanii waloon dhimma itti bahes, yoodotuma kana ibsuurratti kan bu'uureffateedha.

**Ana, Anaafi Ana**

Bo'oowwan walaloo: mala dubbii/dubbii qolaa gosa kanaa fayyadamuun dhihaatan keessaa kanneen akka fakkeenyaatti dhihaatan isaan armaan gadiiti.

Fakkeenya 1:

Tokkeen koo inni tokko lafa dhahee rafa

Waaman hindhagawu korrisee kurruufa

Tokkeen koo inni kaan qalbii na qirqira

Akka abbaa galfataa na dhaanuuf girgira

(Ana, Anaafi Ana: Daq. 00:27-00:40)

Gosni dubbii qolaa: Akkasaa bo'oo kana keessatti dhihaate immoo, yaadota lakkuu faallaa walii ta'an, kan namni tokko waa'ee isaa ibsuuf gartokkee lamatti hiruun bifa walbira qabiinsaatiin waa'ee gartokkee isa tokkoo sirriitti ifoomsuuf hojiirra ooleedha. Gartokkeen mala dubbii kanaan ibsame kunis, gamtokkee isa qalbii qirqiruun hirriiba lagsiisu ibsuurratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, dheekkamsi yaadaa gartokkee kanaa amala '*Abbaa Galfataa*' waliin walfakkeessuun dhihaate. Abbaan galfataa, galfata/imaanaa nama bira kaawwatee; galfata kaawwate sana yoo dhabe, baay'ee kan dheekkamu ta'uusaas hubachuu dandeenya. Gamtokkeen mala dubbii 'Akkasaa' kanaan ibsame kuni garuu, yaad-qalbii galfata isaa dhabe osoo hintaane, yaad-qalbii gamtokkee kanarratti amala abbaan galfataa, galfata kennee dhabeen walfakkeessuu irratti xiyyeeffata. Kunimmoo, garaagarummaafi waldiddaa yaadota qalbii dhala namaa gidduutti uumamu amaloota ilmi namaa taateewwan adda addaa ittiin ibsaniin walqabsiisuun miirri hubannoo gahaa ta'e akka ijaaramu taasisa.

Fakkeenya 2:

Tokkeen lama ta'een takkas sadii ta'een akka sillaasotaa

Irriibaa of kaaseen, Ofii koottin falma, Ofittan muggutaa

(Ana, Anaafi Ana: Daq. 01:37-1:47)

Malli dubbii bo'oo kana keessatti dhihaate immoo, faffaca'iinsi yaad-qalbii qooddataan walaloo kana keessatti bakka bu'uun dhihaatee maal akka fakkaatu waan biraatiin ibsuurratti fuulleffata. Faffaca'insi qalbii gamtokkeewwan yaada qooddataa kanaatis, dabalaa deemudhaan gamtokkee lama bira darbuun, bakka sadiitti qoqqoodamuu isaa ibsuuf: waan ummatni waa'ee lakkoofsa sadi'iitiin walqabsiisee waliigaltee uummachuuf itti fayyadamutu dhihaate.

Gartokkeen yaadaa, tokkorraa gara lamaa; lamarraayis gara sadiitti jijjiirame kunis, yaada namootni gariin (Hordoftootni Amantii Kiristaana: Ortodoksiin) 'WAAQA' waan sadiitti fakkeessuun ibsanirraa madde; Kan isaan 'Sillaasota' jechuun waamaniin walfakkeeffamee dhihaate. Kunis, haalli fayyadama afaanii: gosa dubbii qolaa '*Akkasaa*' fayyadamuun bo'oo kana keessatti ittiin dhihaate, kan haala qabatamaa adeemsa waliigaltee keessatti hawaasni waliin jiraatu yaada isaa jechootaan ibsachuuf itti tajaajilamu ibsuurratti fuulleffata.

Fakkeenya 3:

Kaleessi tasa hin du'u, yoo dhibee ni gaggaba

Firatu olqabee, damma arraabsisa, aannan itti qaba

Kaleessi ekeraa yeroo, har'a keessaa lallaba

Egeree keessa jiraata, *akka* ayyaana Abbaa

Kaleessi hin du'u, kan du'u si'i gurbaa

(Ana, Anaafi Ana: Daq. 04:41-05:01)

Gosni dubbii qolaa '*Akkasaa'* bo'oo walaloo kana keessatti hojiirra oole kunimmoo, waa'ee seenaa kaleessaa ibsuuf, kaleessi maal akka fakkaatu 'Ayyaana Abbaa'tti fakkeessuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Seenaan kaleessaafi ayyaanni abbaa egeree keessa jiraachuu isaanitiin walfakkeenyummaa kan qaban ta'uu isaa kan mul'isuudha. As keessatti yaadni 'Kaleessa' jedhamuun waamame, kan 'Seenaa' bakka bu'uun dhihaate yoo ta'u, Ayyaanni Abbaa immoo, hundee/hidda dhalootaa kan bakka bu'uun dhihaateedha.

Kunis, Hiddi dhalootaa yookiin Ayyaanni abbaafi seenaan: wantoota bara dhufaa darbaa itti fufiinsaan jiraatan ta'uusaa kan ibsuudha. Seenaan yeroo tokko galmaa'e, yeroon ta'insa isaa darbus labata itti aanee dhufuuf akeeka kennaatuma daddarbaa deema. Ayyaanni abbaatis, adeemsa walhormaataatiin kan walqabatu yoo ta'u, ilmi dhalate tokko gara fuula duraatti hiree abbummaa argatee, kan dhaloota itti fufsiisu waan ta'uuf abdii egeree ta'uusaa agarsiisa.

**Asiifi Achi**

Bo'oowwan walaloo dubbii qolaa gosa 'Akkasaa' fayyadamuun mata duree walaloo kana keessatti dhihaatan keessaa isaan akka fakkeenayaatti fudhataman kanneen armaan gadiiti.

Fakkeenya 1:

Achii lafarra jireenyi dhala namaa

Asii akka Tuqaa lafa uree keessa deema

(Asiifi Achi: Daq. 04:42-04:48)

Dubbiin qolaa ‘Akkasaa’ fayyadamuun bo’oo kana keessatti dhihaates, garaagarummaa haala jireenya ilma namaa: biyya barreessaan walaloo kanaa keessa jiraachaa jiruufi biyya dhalootaa isaa gidduu jiru adda baasuun ibsuuf kan hojiirra ooleedha. Haalota jireenya biyyoota lamaanii keessaa kan mala dubbii qolaa *‘Akkasaa’*tti fayyadamuun ibsames, yaada haala jireenya ummataa: biyya barreessichi keessa jiraachaa jiru ibsuu irratti fuulleffatuudha. Haaluma kanaan, haalli jireenya ummatichaa amala tuqaan ittiin beekkamutti fakkeeffamuun garagarummaan haala jireenya ummataa: biyya dhalootaa barreessichaa gidduu jiru sirriitti akka hubatamu gochuu keessatti malli dubbii kun gahee guddaa taphateera.

Fakkeenya 2:

Yookaan butamaan namichaa, yoo taa’e cina kee

Yoo caraanee kolfe, akka Harree halaake

Innuu hinhalaakuuf malee

Gaggaba qasa’ee, yoo haasa’ee cooke

Yoo qoose, yoo baace,

Munaaga munaage, shimila mammaake….

(Asiifi Achi: Daq. 07:41-07:55)

Yaadni gosa mala dubbii ‘*Akkasaa*’ tiin bo’oo kana keessatti dhihaate immoo, haala amala nama dubbii baay’isu tokkoo, amala ‘Harree’ halaakutti fakkeessuun ibsuuf hojiirra ooleedha. Namni ni halaaka jechuu osoo hintaane, dubbii baay’isuufi iyya sagalee nama sanaatu, sagalee halaaka Harreetti fakkeeffame. Fayyadamni afaanii gosa dubbii qolaa kanaan dhihaate kunis, sammuu jamaa keessatti haala namoonni tokko tokko ittiin dubatanniifi

sagalee harreen halaaku dhagessisu walitti fiduun haala qabatamaa hawaasa keessa jirun walitti fidanii hubachuu akka danda'aniif kan tajaajiluudha.

**Malli Maali?**

Bo'oowwan walaloo, gosa dubbii qolaa 'Akkasaa' ofkeessaa qabanis kanneen akka fakkeenyaattii fudhatamuun armaan gaditti dhihaataniidha.

Fakkeenya 1:

Garaa Waaqaa keessa olka'ee ijaajjee,

Inni akka Harree halaaku

Galaana guddaa keessaa erbamee,

Inni dhakaa daaku

(Malli Maali....? Daq. 10:54-11:02)

Gosni Dubbii qolaa Akkasaa bo'oo walaloo kana keessa jiru immoo, yaadota 'Caaliin' waa'ee beekumsa barnoota addunyaatiin goonfatee, qonnaan bultootatti gaafa himu amalootaafi ta'iinsota uumamaan walqabatan ibsuu irratti kan xiyyeeffatuudha.

Fakkeenya 2:

Kana yeroo nutti himtu, lafarra quphannee

Xis! Ximbaa! otoo hin jedhin, jimnee jijim! jennee

Kis! kod! otoon jedhin, achiillee hinsochoone

Akka isa raata'ee, afaanuma bannee

Nadhii beekumsa kee, inuma dhudhaane

Akka baaduu furdaa, inuma habbuuqne

Gurra itti qeensinee, inuma dhaggeeffanne

(Malli Maali.....? Daq. 11:30-11:52)

Bo'oo walaloo kana keessatti yaadni gosa dubbii qolaa *Akkasaa* fayyadamuun dhihaate, haala qonnaan bultootni yeroo 'Caaliin' waa'ee beekumsa Addunyaa barnootaan goonfatee isaanitti himu, isaanimmoo isa ittiin caqasan wantoota adda addaatiin walfakkeessee kan ibsuudha. Haalli isaan haasawaa isaa yeroo caqasanitti isaan irraa mul'ates: Gaafa dhaggeeffatan, amala nama raata'e tokkorraa mul'ituun kan walfakkaatu yoo ta'u, haalli beekumsa isaa ittiin irraa fudhatan immoo, haala baaduu furdaa ittiin habbuuqaniin walfakkeeffamuun dhihaate.

Fakkeenya 3:

Akka waan kanaan dura hidda mormaa dhaabdee

Xirqantee, bookkistee, fooggaltee gadooddee

" Abadan! Abadan! kanaan hin firoomnu"

Jettee babbarooddee,

Akka korma saree atuu seera tumtee,

Atumtuu arraabdee?

(Malli Maali......? Daq. 13:39-13:55)

Malli dubbii *Akkasaa* bo'oo walaloo armaan olii kana keessatti dhimma itti bahame, haala '*Caaliin*' rakkoo hawaasni qonnaan bulaa keessa jiru furuuf gaafa waadaa galee ture ittiin ofibseefi boodarra immoo waadaa galee ture sana diiguun gantummaan isaa ittiin ifa bahe amala 'Kormi Saree' mul'isuun walfakkeessuuf tajaajila. Ummanni Oromoo, waa'ee nama fedhii mataa isaatiin waadaa namaaf galee, waadaa gale sana cabse tokko, jechamaan yoo ibsan nama 'Korma Saree'tti fakkeessuun ibsu. Jechamni kunis kan ibsu, Beeyladoota keessaa kan tufee arraabu 'Saree' waan taateef, nama waadaa cabsus kanatti fakkeessu. Itti fayyadamni afaanii gama dubbii qolaa *Akkasaa* kanaan hojiirra ooles, qalbii jamaa walalichaa haalaafi amala namoota akka 'Caalii' haala qabatamaa naannoo jireenya isaanitiin walitti fiduun akka xiinxalan taasisuuf humna qaba.

Fakkeenya 4:

Akka beera indaaqqoo, asaasaa qaxxisuu,

Yoon tolchuu dadhabe, maan haadhee hinballeessuu

Hoobbaa kee! Hoobbaa kee!

(Malli Maali......? Daq. 14:19-14:31)

Malli dubbii *Akkasaa* bo'oo kanaan dhihaate immoo, gochoota hammeenyummaa '*Caaliin'* qomoo isaa ganuun diinaafi baandota waliin michoomee, daba ummata isa barsiise irratti raawwate kan ibsuuf hojiirra ooleedha. 'Beera Indaaqqoo' tti fakkeeffamuun ergaan akka darbu kan taasifameefis, amala lugnummaa Caaliin diinaafi fira gidduu deemuun harka lafa jalaatiin qomoo isaa galaafate ittiin ibsuufiidha. Beerri Indaaqqoo, lukkuu dhaltuu buuphaa buustee yeroof addaan kutte yoo taatu, amalli isheen mul'isu: Lukkuuwwan biroo irraa adda ofbaasuufi gochoota badii adda addaa irratti hirmaachuudha.

**Iddeesaa:** Walaloowwan filataman keessatti gosni dubbii qolaa Iddeesaa hojiirra oolanis haala armaan gadiitiin dhihaataniiru.

Mata duree walaloo kanaa keessatti, bo'oowwan walaloo gosa dubbii qolaa 'Akkasaa' fayyadamuun dhihaatan kanneen akka fakkeenyaatti fudhatamuun xiinxalaman haala itti aanee dhufuun dhihaataniiru.

Fakkeenya 1:

"Utuun kun dhukkuba, dhukkuba hadhaa Bofaa,

Hadhaa hadhaa caalu, kan mar'ataa saafaa

Morgaa nama gaadi'a qalbii nama guduunfa

Yaadatu tamsa'ee faffaca'ee hafa…

(Utuu...! 7: Daq. 01:42-01:52)

Bo'oo walaloo kana keessatti yaadni mala dubbii '*Iddeessaa*' fayyadamuun dhihaate, yaada amala Utuu akkuma jiruun dhukkubaan bakka walbuusuun ibsamedha. As keessatti, jechi 'Utuu' jedhu jecha 'dhukkuba' jedhuun bakka buufamuun isaa mala dubbii gosa iddeessaa fayyadamuun waan tokko waan biraatiin ibsuu barreessaa walalichaa agarsiisa. Kunimmoo, gahee itti fayyadamni afaanii qabu kan mul'isuudha.

Fakkeenya 2:

Yoo yaadattu ta'e,

Oliiqaa Dingiliin goota baddaa sayyoo

Qeerransa ija diimaa guddaa akka waaqayyoo

(Utuu...! Daq. 05:18-05:23)

Bo'oo walaloo kana keessatti malli dubbii gosa '*Iddeessaa*'tiin dhihaate, waa'ee gootummaa 'Oliiqaa Dingil' ibsuuf jecha, amala Oliiqaa guutumaanguututti Qeerransaan bakka buusuun ibsuuf mala hojiirra ooleedha. Oliiqaan nama ta'us, gootummaa inni namummaa isaatiin qabu kana sirriitti ibsuuf jecha Qeerransaan bakka buufame. Qeerransi immoo, bineensota hunda keessaa tuttuqaa kan hindandeenyeefi diina isaa ofirraa faccisuuf cimina guddaa kan qabuudha.

Fakkeenya 3:

Leenci qomoo Leencaa, gootni mudhii ribuu

Shaanfoo abbootiisaa kan dhiiga ormaan dibu

Gootni baddaa Qeellam Oliiqaa Dingiluu

(Utuu...! Daq. 05:32-05:41)

Gosni dubbii qolaa 'Iddeessaa' bo'oo kana keessatti hojiirra oole immoo, waan lama ibsa: Tokko, gootummaa 'Oliiqaa Dingiliifi qomoon isaa qabu yemmuu ta'u, inni lammataa, haala qaamaa (mudhii) Oliiqaa Dingil ibsuu irratti kan fuulleffatuudha. Haaluma kanaan, gootummaan Oliiqaafi kan qomoo isaa Leencaan bakka buufamee kan ibsameefi Mudhiin Oliiqaa Dingil Ribuudhaan kan mallatteeffamee dhihaate ta'uusaa hubanna.

Fakkeenya 4:

Namni inni jaallatu Sooreen haadhi manaa

Kan bifti shee namaa, kan garaan seexanaa

(Utuu...! Daq. 05:58-06:03)

Yaadni bo'oo walaloo kana keessatti gosa dubbii qolaa '*Iddeessaa*'tiin ibsame kunimmoo, gochaa diinummaa haati warraa Oliiqaa Dingil abbaa warraa ishee irratti raawwatte ibsuu irratti kan fuulleffatudha. Gocha hammeenyumaa, Sooreen (haati warraa Oliiqaa) raawwatte kanatu 'Garaa Seexanaa'tiin bakka bu'e. Badii isheen raawwattetu, kan ilmi namaa niraawwata jechuun amanuuf nama rakkisu; Gara-jabummaa amala dhala namaarraa hineegamne ta'uusaa ittiin ibsuuf amala seexanaatiin walfakkeeffame. Kunimmoo, falaasama ummatni sadarkaalee badii ilmi namaa raawwatu ittiin waliif ibsan kan mul'isuudha.

Fakkeenya 1:

Kaleessi Booranticha, coqorsa irreeffadhu

Kanaachi sin ceesisuu, butee si liqimsaa

Kaleessi Odaadha, koo jala dhaabadhu; kaleessi Gaaddisaa

Kaleessi Dhugaadhaa, koo dhugaa dubbadhu; Dhugaatu si fayyisaa….

(Ana, Anaafi Ana: Daq. 05:02-05:19)

Gosni dubbii qolaa, 'Iddeesaa' fayyadamuun walaloo kanaan ibsames, yaadrimeewwan waa'ee maalummaa Seenaa irratti hubannoon akka uumamu ibsuurratti xiyyeeffataniidha. Jechi 'Kaleessa' jechuun dhihaate, Seenaa kan bakka bu'e yoo ta'u, jechoonni gurraachomsan immoo, kanneen maalummaa Seenaa ibsuuf bakka bu'aniidha. Jechoota gurraacheffaman keessaa 'Odaa' fudhannee osoo ilaallee, ummata Oromoo biratti seenaafi Odaan wantoota bakka walbu'aniidha.

Seenaafi Odaan mallattoo eenyummaati. Galmeewwan hindulloomnedha. Dhugaanis akkuma kana, seenaa/kaleessa waliin bakka walbu'u. Seenaa yaraas ta'ee, gaariin dhugaa ta'a; Seenaan sobaa hinjiru yaada jedhu ibsa.

Fakkeenya 2

Korma sanbataati, namni isaanitti hinbu'u

Dhahuuf qimmiiduu mitii, eenyumtiyyuu hinqossa'u

(Asiifi Achi: Daq. 05:18-05:26)

**Habalaka:** Habalakni gosa dubbii qolaa, waan tokko ibsuudhaaf faallaa isaa fayyadamuudhaan bifa iccitaawaatiin ergaa dabarsuuf ooluudha. Wanti ibsamu sun, fuggisoo isaatiin bakka bu'uun maqaan dhahama jechuudha. Haalli fayyadama afaanii walaloowwaan qorannoo kanaaf filataman keessatti gosa dubbii qolaa 'Habalakaa' tti fayyadamuun dhihaatanis, xiinxala isaanii waliin haala itti aanee jiruun qaacceffamanii dhihaataniiru.

Dubbiiwwan qolaa, bifa habalakeessuun dhihaatan keessaa walaloo mata dureen isaa "Malli Maali?" jedhu keessatti waa'ee 'Caalii' ilaalchisee, ilaalchisee dhihaate akka fakkeenyaatti fudhannee ilaaluu nidandeenya.

Fakkeenya

"Waanan kana jedheef, ……..

Korma koo yaa Caalii, Caalii morma lawwee

Bulchaa alagaarra, Bittaa lammiin hawwee…."

(Utuu...! Daq. 00:55-1:04)

Yaada walaloo bo'oo kanaan dhihaate keessatti kan hubatamuu qabu, amalli Caaliin mul'isee ture kan "Korma koo!" nama jechisiisu hinture. Qooddataan qonnaan bulaa bakka bu'ee dhihaate kuni garuu, faallaa isa kanaa "Korma koo!" jechuun bifa faarsuutiin dubbii qolaa habalakaa fayyadamuun ergaa isaa dabarfachuu isaatu mul'ata. Nama tuffatamuu qabu bifa leellisuutiin maqaa dhahuun, kan leellifamu immoo, kineessuun ibsuun immoo amala dubbii qolaa gosa Habalakaati. Kanaafuu, 'Caalii' imaanaa ummataa dagatee, alagaarra goree tureen "Korma koo!" jechuun waamuun qonnaan bulaa kanaa, haala faallaa ta'een ergaa isaa dabarfachuun kun dubbii qolaa gosa habalakaa ibsa jechuudha.

Gama biraatiin, yaadni qonnaan bulaan waa'ee sirna hooggansaatiin walqabatee hawwii isaa ittiin ibsates, gosa dubbii qolaa 'Habalakaa' of keessaa qaba. Kana jechuun, yaadni qonnaan bulaan akka ta'uuf hawweefi dhugaan ta'uu qabu wal faalleessuu isaatu dubbii qolaa kana jalatti ramachiisa. Sirna bulchiinsaafi sirna bittaa walbira qabuun yoo ilaallamu, sirni bulchiinsaa sirna bittaa caalaa filatamaa ta'ullee, dhugaan ummata keessa jiru faallaa isa kanaa ta'uu isaatu hubatama. Akka yaada qonnaan bulaa kana irraa hubatamutti, sirni bulchiinsa alagaa sirna bittaa lammii ofii caalaa hammaataa ta'uu isaati. Gosa dubbii qolaa kana habalaka kan taasise immoo, sababa cunqursaa irraan kan ka'e, sirni bittaa sirna bulchiinsaa irra caalchifamee hawwamuu isaati.

Dabalataanis, walaloo mata-dureen isaa “Utuu…!” jedhu kana keessatti haalli yaadotni maalummaa ‘Utuu’ ibsuuf ittiin dhihaatan, gosa dubbii qolaa habalakaa kan ofkeessaa qabuudha.

**Nameessuu:** Nameessuun gosa dubbii qolaa, waan nama hintaane tokkoof amalaafi gochaa ilma namaa kennuufidhaan dhihaatuudha. Kanaan walqabatee, gosootni dubbii qolaa walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti hojiirra oolan keessaa kanneen akka fakkeenyaatti fudhataman xiinxala isaanii waliin armaan gaditti dhihaataniiru.

Walaloowwan filataman keessaa tokko kan ta’e: walaloo mata-dureen isaa “Utuu….!” jedhu keessatti, bo’oon walaloo yaada Simbirroon haati godoo, miira gaabbii ishee ittiin ibsatte ifoomsuu irratti fuulleffatu, gosa dubbii qolaa ‘Nameessuu’ tiin dhihaate. Simbirrootu amala namaa goonfachuun dhihaate. Mee bo’oo walaloo mala dubbii kanaa fayyadamuun dhihaate akka fakkeenyaatti fudhachuun haala itti aanee dhihaate kanaan haa ilaallu.

Fakkeenya 1:

> Ofii haata’u malee, Utuun simbirrittii sinitti mul’ataa?
>
> Wucoonshee yeroo dhuman akkas jettee laataa?
>
> > “Bari’eeraa-ka’aa!” Yeroo namatti himtu
> >
> > Nutu hinbeekneef malee, gadda yeroo weeddiftu
> >
> > Qooqa mi’eeffattee yeroo … Utuuuu…. Jettu
> >
> > “Utuu… Utuuu… Utuu… Utuu…
> >
> > Maali waa naan maltanii? Maalimaaf cal jettuu?
>
> Ani bade! Wayyoo! bade Simbirrittii
>
> Utuudhaafi eegeen maalif teellaa deemtii?
>
> > Qalbeeffadhe ta’ee yeroonni walmake
> >
> > Buuphaa diinaa ta’uu Utuun dursee beekee
> >
> > Yeroo guddatan ijoollee koo fixuu Utuun bare ta’ee
> >
> > Maaf bobaa naseenu, maafan fira ta’ee?
>
> Akka obboleettii koo akka aaddee Dooddoo
>
> Allaattii miidhagduu gabbattittii furdoo
>
> > Qomoon qoffaa’aan maaf lafarraa dhumaa?

Silaa… bara barri dabe Saree harkaan guddisan

Qarriffaan jaatamaa

Maan koochoo bal'isee, maan haammachuu dhaqa?

Funaanee caccabseen bowwaatti gannaqa!"

Hinjenneeree laata?

Simbirroo miidhagduu, allaattii gabaabduu

Yemmuuttii hanqaaqxee, yaastee of jalaa dhabdu!

(Utuu…!; Daq. 13:28-14:49)

Yaada bo'oowwan walaloo armaan olitti dhihaatan keessatti, gochoota simbirroota lamaaniin akka waan isaan raawwataniitti fakkeeffamuun ibsaman irraa ka'uun yoo ilaalame, kana haala qabatamaa amala ilmi namaa walirratti raawwatu mul'isuudha. Taateen simbirroota kana lamaaniin ibsame kunis, haala qabatamaa/dhugaa ummatni Oromoo baroota hedduuf qe'ee isaarratti alagaa fira fakkaatuun gidirfamaa har'a gahe akka yaadannu nu taasisa. Shirri 'Kuukkuun' dhoksaadhaan hanqaaquu ishee, hanqaaquu 'Simbirroo' haadha godootti makuu kun adeemsa alagaan haalota adda addaatiin ummata Oromootti firooman kan mul'isu yoo ta'u, gochoonni ilmaan Kuukkuutiin; ilmaan Sibirrittii haadha godoorratti raawwatame immoo, daba alagaan fira fakkaatee dachee Oromiyaa/qe'ee Oromootaa irratti guddatee, saba Oromoo lafarraa duguuguuf yaalaa tureefi ammas itti jiru ibsa. As keessatti, qabxii ijoon xiinxalamuu qabu, haala fayyadama afaanii gosa dubbii qolaa 'Nameessuu' fayyadamuun hojiirra ittiin ooleedha.

Kanaan walqabatee, wanti xiinxalamee adda bahes, gochi allaattiiwwan kun walirratti raawwataniifi haalli Simbirroon haati godoo ta'iinsota badii ilmaan ishee irra gaheef miira gaabbii ishee ittiin ibsatte amala allaattiiwwan qabaniin osoo hintaane, kana mala ilma namaa kennuufidhaan barreessaan walalichaa nameesseedha. Kunimmoo, malli dubbii, dhugaa ummata keessa jiru haala iccitaawaa ta'een waliif qooduu keessatti ammam akka barbaachisummaa qabu kan ibsuudha.

Fakkeenya 2:

Asii yeroo ganna gannaa,

Bishaantu kottoonfatee karaarra quphana

Yommuu bona bonaa,

Qaama diriirfatee aduutti bambana

(Asiifi Achi; Daq. 00:36-00:46)

Bo'oon walaloo kunimmoo, walaloo mata-dureen isaa, "Asiifi Achi" jedhu keessaa fudhatame yoo ta'u, gosni dubbiin qolaa ergaa dabarsuuf dhimma bahame, Nameessuudha. Yaadni dubbii qolaa kanaan ibsames, amala bishaan yeroo bonaafi gannaa agarsiisu ibsuuf haala sochii qaamaa ilma namaa irratti mu'atuun walfakkeessa. Haala sochii qaamaa ilma namaatu; kan bishaaniitti fakkeeffame jechuudha.

Amalli kottoonfachuun karaarra quphanuufi qaama diriifachuun aduutti bambanuu kan ilma namaa ta'ullee, fakkeenya bo'oo walaloo dhihaate kana keessatti akka waan bishaan gochoota kana raawwataniitti ibsame. Kunimmoo, sammuu jamaa keessatti yaad-fakkiin miira hubannoo wayii akka uumamu taasisa.

Mata-dureen walaloo: gosni dubbii qolaa '*Nameessuu'* kun keessatti argamu kan biraa, walaloo mata dureen isaa "Ana**,** Anaafi Ana**"** jedhu yoo ta'u, yaadni gosa dubbii qolaa kanaan ibsame walmormii yaadaa namni tokko waa'ee maalummaa Seenaa irratti taasisu bifa waliin dubbiitiin dhihaateedha.

Yaaduun amala ilma ilma namaa ta'us, haalli yaadotni walmormii walalicha keessatti ittiin dhihaate, akka waan yaadotni walmorman kun sagaleewwan dubbiitiin gara alaatti gadi bahuun bifa nama sadaffaatti dhagahamuun walitti dubbataniinidha.

Tokkeewwan barreessaan walaloo kanaa, ofii isaa akka qooddataatti bakka of buusuun garaagarummaa yaadota waa'ee seenaa irratti keessoo isaatti uumaman haalli ittiin ibse, waliin dubbii namootni taasisan fakkaata. Tokkeen inni tokko tokkee isa kaaniin wanti inni jedhu, tokkeen inni tokko yeroo takkee isa kaan waamu, inni biraa maal akka godhu wantootni ibsan gochoota namoonni raawwatan fakkaata.

Fakkeenya 3:

Tokkeen koo inni tokko lafa dhahee rafa

Waaman hindhagawu korrisee kurruufa

Tokkeen koo inni kaan qalbii na qirqira

Akka abbaa galfataa na dhaanuuf girgira

"Kaleessi maalii…?" naan jedha

Gurjaa na bulchuu fedha

Tokkeen koo inni tokko akkas yeroo rafu

Waaman hin dhagawu, yaa anaa inaafuu!

Garuu gr tokkeen koo kaani …,

“Kaleessi maali…?” naan jedha

Gurjaa na bushuu fedha

“Har’i maali… kaleessa borii yoo hintaane?

“Boris maali eega kaleessa hin dhaalne?”Jedhee …, hirriibaa na kaasa…………

(Ana, Anaafi Ana: Daq. 00:29-01:35)

Yaada bo’oo walaloo kanaan dhihaate kana yoo ilaale, haalli tokkeewwan yaada isaanii yeroo dhiheessan gaaffiifi deebii taasisaniifi walmormii yaadaa taasisan ittiin walmuggutan gochaafi waliin dubbii namootni bifa mul’atuun taasisan fakkaata. Isa kanatu, gosa mala dubbii dhimma itti bahame, ‘Nameessuu’ taasise.

**Arbeessuu:** Arbeessuun gosa dubbii qolaa: waan dhugaan jiru tokko akka malee ol guddisuun yookiin gadi xiqqeessuun ibsuuf tajaajila kennuudha. Maqaan gosni dubbii qolaa kun ittiin beekamu inni biraa, Gurra-guddisoodha. Kanumaan walqabatee, yaadota gosa dubbii qolaa kana fayyadamuun walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti dhihaataniin ibsaman muraasa isaanii akka fakkeenyaatti fudhatamuun xiinxalamaniiru.

Fakkeenya 1:

…Hantuuta Coociraa, bineensa daggalaa,

Kana qofaa seetaa, keessaa inni galgalaa,

Bututaa du’aan koo, yoroon dhaqee gahu lafa gacciisani

Waaddii nyaataa itillee, kalaadaa geergoowwanii

Dhiiticha Tafkiidhaa, qarriffaa injiraanii….

(Malli Maali?; Daq. 01:59-02:16)

Bo’oo walaloo armaan oliii: akka fakkeenyaatti fudhatame kana keessatti, gosni dubbii qolaa ‘*Arbeessuu*’ fayyadamuun dhihaate, haala nyaataawwan(ilbiisotni maxxannee) qonnaan bulaa

akka qooddataatti bakka bu'e kana; isaa iddoo dalagaatti wantoota adda addaa oomisha irraa eegaa oolee, dadhabbii cimaan booda erga manatti galee, hirriibaaf gadi ciiseeyis boqonnaa isa dhabsiisan ibsuurratti kan xiyyeeffateedha. Balaan ilbiisonni maxxannee qaama alaa qonnaan bulaa kana irraan gahan dhugaa ta'ullee, sadarkaa hammeenyummaa isaan dhugaan dhaqqabsiisan sirriitti olguddisuun ibsuuf jecha humnaafi qaama isaan hinqabne kennuufidhaan ibsuutu mul'ate. Nyaataadhaaf, Waaddiin; Geergoodhaaf, Kalaadaan; Tafkiidhaaf, Dhiitichaan; Injiraaniif Qarriffaan kennamuufiin sadarkaa dhiibbaa hamaa isaan qonnaan bulaa sana irraan gahan arbeessuun/olkaasuun ibsuuf malee, dandeettiifi qaama uumamaan isaaniif kenname miti. Kunimmoo, gahumsa itti fayyadama afaanii: dhimma tokko sirriitti ibsuufi miira jamaa irratti dhiibbaa uumuuf barreessaan walalichaa qabu kan mul'isuudha.

Fakkeenya 2:

…Yoroo akkana jedhu,…….

Qeesiin hurrii hodhee, qilleensa arraabee

Dhiira laaffisuudhaaf abaarsa lallabe

(Utuu…..!; Daq. 03:57-04:02)

Dubbiin qolaa 'Arbeessuu' bo'oo walaloo kana keessatti hojiirra oole immoo, sadarkaa dubbii Sobaa/Kijiba 'Qeesiin' Mootii Lij Iyyaasuu mormuun; Tafarii Mokonnin akka muudamuuf duula maqa-balleessii taasise ibsuu irratti fuulleffata. Duulli sobaa, Qeesiin taasisee ture, yaada dhugummaa of keessaa qabu ta'ullee, gochootni "hurrii hodheefi qilleensa arraabee" jechuun dhimma bahaman, sadarkaa dubbii sobaa 'Qeesicharraa' mul'ate olkaasuun sirriitti ibsuuf kan fudhatameedha.

Fakkeenya 3:

Ammas nan yaadadha….

Abshaala goonkamaa, gamna bishaan waade

Obbo abbaa malaa Habta Goorgis Dinabdee

(Utuu…!; Daq. 09:16-09:23)

Akka yaada bo'oo walaloo armaan olitti dhihaate irraa hubachuun danda'amutti, yaadni gosa dubbii qolaa 'Arbeessuu' fayyadamuun ibsame, sadarkaa gamnummaa abshaalticha: Abbaa malaa (Habtagoorgis Dinadgee) sirriitti olkaasee ibsuuf kan hojiirra ooleedha. Gamnummaan

Habtagoorgis Dinagdee dhugaa biyyi beeku yoo ta'u, Yaadni "gamna bishaan waade" jechuun sadarkaa gamnummaa isaa ibsuuf, bo'oo walaloo kana keessatti dhimma itti bahame yaada mala dubbii arbeessuu fayyadamuun dhihaateedha.

Fakkeenya 4:

Asii bishaan miti jirbiitu gadi harca'a

Suuta jedhee lafa gahee dhagaa ta'a

Rukutan qottoo cabsa

Yoo qotan maarashaa dabsa

Hinkantara dhagaa ta'a

Sodaa abiddaaf sodaa aduu lafaa ka'a

(Asiifi Achi: Daq. 00:51-01:06)

As keessatti, yaadni dubbii qolaa gosa 'Arbeessuu' fayyadamuun ibsame, waa'ee sadarkaa cimina Roobaa biyya barreessaan walaloo kanaa jiraachaa jiruuti. Biyya sanatti, roobni cimaan cabbiin walmakate irra deddeebiin kan roobu ta'uunsaa yaada dhugummaa ofkeessaa qabu ta'ee osoo jiruu, sadarkaa cimina rooba sanaa sirriitti olkaasee ibsuuf jecha akka malee arbeessuutu mul'ate.

Addeenya cabbii ibsuuf jirbiidhaan kan bakka buufame yemmuu ta'u, jajjabina cabbichaa ibsuuf immoo, kan qottoo cabsuufi kan maarashaa dabsu akka ta'etti fakkeeffameetu dhihaate. Cabbiin hanga fedhe jabaatullee, humna qottoo cabsuufi maarashaa dabsu hinqabaatu. Ergaan kallattii gosa dubbii qolaa kanaan akka darbuuf barbaadamee dhimma itti bahames, garaagarummaa haala qilleensaa biyya barreessaan walaloo kanaa (Zalaalam Abarraa) hanga guyyaa walaloo kana barreesseetti keessa jiraachaa jiruufi biyya dhalootaa isaa (Oromiyaa) gidduu jiru ibsuudha.

Fakkeenya 5:

Asii bofa dugda qabu, yeroo inni hanqaaqu

Sareenis hinjaamtu, mashaammasha ija dhiqu

(Asiifi Achi; Daq. 03:31-03:36)

Bo'oo walaloo armaan oliii: akka fakkeenyaatti fudhatame keessatti, yaadni gosa dubbii qolaa 'Arbeessuu' fayyadamuun ibsame, kan waa'ee sadarkaa jaalalaafi kunuunsa namootni

biyya barreessaan walaloo kanaa: (Zalaalam Abarraa) keessa jiraatuu uumamaaf qaban ibsuu irraatti fuulleffatuudha. Akka yaada bo'oo walaloo dhihaate kanarraa hubachuun danda'amutti, sadarkaan jaalalaafi kunuunsa isaan uumamaaf qaban kunis, kan beeyladoota manaa bira darbee ilbiisa madaqsuun hindanda'amneefi nama hidduun beekamu (Bofa) illee hanga gaafa inni hanqaaqu duqda qabuutti kan fulla'u akka ta'etti fakkeeffame. Kunimmoo, haala gaarummaa sadarkaa kabajaafi kunuunsa namoonni biyya sanaa uumamaaf qaban sirriitti olguddisuun ibsuuf kan hojiirra ooleedha malee, dhugumaan ilbiisni hamaan kun (Bofni) gaafa inni hanqaaqu dugda qabu jechuu miti. Dubbiin qolaa yaada kana akka ibsuuf dhimma itti bahames, haala qabatamaa dhugaan jiru sana humnaa ol dhiitessuun beeksisuu irratti kan xiyyeeffatuudha.

**Mitihee:** Gosni mala dubbii Mitihee/Eemitii immoo, akkuma maqaan isaa ibsuuf yaalu, mala dubbii yaada irra keessaan yoo ilaalan 'Soba' fakkaatu; yemmuu gadi fageenyaan xiinxaluun hubatan garuu, dhugummaa ofkeessaa qabu tokko ibsuudha. Kana jechuun, mala dubbii yaada dhugaa/haqa ta'e tokko karaa iccitaawaa ta'een Soba fakkeessanii kallattii faallaatiin ibsuuf dhimma itti bahamu jechuudha. Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessattis yaadotni mala dubbii kanaan dhihaatan kan jiran yoo ta'u, bo'oowwan walaloo isaan irratti argaman tokko tokko akka fakkeenyaatti fudhachuun xiinxala yaada isaan ibsuuf hojiirra oolanii waliin armaan gaditti dhihaataniiru.

Fakkeenya 1:

Namni Utuun seente taa'ee quba nyaata

Akka baakkuu goromsaa naannayee mardhata

Kan borii irraanfatee kaleessa mildhata

Egeree dagatee, kaleessa jiraata

Tarkaanfachuu dhiisee, achumaa lafa dhiita

(Utuu…!: Daq. 01:21-01:34)

Bo'oo walaloo armaan olii akka fakkeenyaatti fudhatame kana keessatti yaadni gosa dubbii qolaa 'Mitihee'tti dhimma bahuun ibsame, mallattoolee nama 'Utuun' seente yookiin nama gaabiin garaa seente irraa mul'atu ibsuurratti xiyyeeffateedha. Mallattooleen mul'atan kunis, yaada irra keessaan soba fakkaatu; yemmuu gadifageenyaan xiinxalamu immoo, dhugummaa ofkessaa qabu mul'isuudha. Yaada "Namni utuun seente taa'ee quba nyaata" jedhu fudhannee yoo kan ilaallu ta'e, ilmi namaa hanga fedhe miira gaabbii keessa galurree, quba

isaa hinyaatu. Kanaafuu, haala qabatamummaa yaadichaa gochoota namummaa dhugaan raawwatamu kan mul'isu miti. Haata'uuyyu malee, Yoo haala namoonni tokko tokko wayita miira gaabbii isaan keessatti uumame ittiin ibsatan ilaalle, mallattoon quba ciniinuun, miira gaabbii ibsachuu namootarraa ni mul'ata. Haala kanaan yoo walqabsiifnee xiinxallu immoo, yaadichi jalqabarratti soba fakkaatus, mallattoo namoonni yeroo miira gaabbii ibsatan raawwatan kanaan walqabsiisnee yoo ilaallu yaada dhugummaa ofkeessaa qabu ta'a jechuudha.

Fakkeenya 2

… Enyut irraanfata jecha Abbaa Malaa?

"Danuu nama dinqaa, teenyee waa fannifnee

Gadi buusuu dadhabne, kaanee ijaajjinee"

(Utuu….!; Daq. 09:52-10:00)

Yaadni bo'oo walaloo armaan olii keessatti, gosa dubbii qolaa mitiheetiin dhihaate kunimmoo, yaad-dubbii gamnichi Oromoo: Habtegoorgis Dinagdee (Abbaan malaa) gaafa gaabbii isaa ibsatu inni itti dhimma bahe fakkeessuu irratti xiyyeeffata. Yaadichi, kan dhugumaan 'Abbaan malaa' afaan isaatiin dubbatee; gaabbiisaa ibsate osoo hintaane, kan barreessaan walalichaa haala taateewwan dogoggoraa 'Abbaan malaa' diinota saba isaa waliin ta'uun mala dhahiiwwaan tooftaa milkaa'inaa garaagaraafi qaawwa miliqqaa yeroo rakkinaa isaaniif tolchaa turee; boodarrammoo, haala gaabbii isaa ittiin ibsate jechoota afaaniitti fayyadamuun ittiin ibsuuf kalaqeedha.

Yaada bo'oo walaloo kanaan dhihaate kan mitihee taasise immoo, yaadicha irra keessaan yoo ilaalle, namni waan taa'ee fannise tokko, ijaajjee gadi buusuu dadhabaan waan dhugmmaa hinqabne fakkaata. Haata'uuyyu malee, waa'ee waa fannisuufi gadi buusuuu keessaa baanee haala taateewwan dhimmoota jiruuf jireenyaa hawaasa keessatti raawwatuun walqabsiifnee yoo xiinxalle, yaadni bo'oo walalichaatiin ibsame kun yaada dhugummaa of keessaa qabuudha. Adeemsa waliin jireenya ilma namaa keessatti, taateewwan hawaasni waliin jiraatu yeroo raawwachuu qabutti raawwachuu dhiisuu isaatiin; yeroo raawwachuu barbaadutti immoo, humna itti dhabu nijiraata. Rakkoon battala furamuu qabutti osoo hinfuramiin hafee; hundee jabeeffate, yeroo humna keenyaa ol itti ta'u qaba. Ergaan mala dubbii kanaan akka darbu barbaadames isa kanadha.

**Hinjirree Dubbisuu:** Gosni dubbii qolaa kunimmoo, mala dubbii waan hinjirre yookaan hin dubbanne tokko akka waan jiruu yookaan dubbatuu fakkeessuun waliin dubbii taasisuu irratti xiyyeeffatuudha. Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessattis, yaadotni gosa dubbii qolaa kana fayyadamuun ibsuuf hojiirra oolan, haala armaan gaditti dhihaatuun akka fakkeenyaatti fudhatamuun qaacceffamaniiru.

Fakkeenya 1:

Dache nagaan ooltee?

Yaashee niitii waaqaa

Irri kee midhaanii,

Jalli kee bishaanii

Jiraan sirra fiigaa,

Du’aan sirra ciisaa

Callaa magarsitaa,

Namaaf dabarsitaa

Yoo sitti awwaalan, nan ajaa’e hinjettu

Sirra yoo qotanis nan madaa’e hin jettuu

Gara bal’eettii koo ati nagaan ooltee?

Ati nagaan bultee?

Jennee qoqqoranna….

(Malli Maali.....?: Daq. 04:49-05:10)

Yaada bo’oo walaloo armaan olitti dhihaate keessatti, qooddataa waloon akka qonnaan bulaatti bakka buusuun kalaqeefi qooddataa biraa, waloon dachee/lafaan bakka beese jidduutti waliin dubbiin akka waan taasifameetti fakkeeffameetu dhihaate. Qooddataan taatoo qooda qonnaan bulaa fudhachuun dhihaate, gaaffiileefi yaadota adda addaa dacheedhaaf dhiheessuun isaa amala ilmi namaa dandeettii afaanii gargaaramuun yaada isaa ibsachuu kan mul’isa yoo ta’u, qaamni itti gaaffileefi yaadotni kunneen dhihaataniif(Dacheen) garuu, amala yaadota dhihaataniif deebii kennuu danda’uu hinqabu. Qooddataan bakka qonnaan bulaa bu’e amala dubbachuu danda’uu uumama namummaa isaatiin argatetti gargaaramuun yaada isaa dubbiidhaan ibsatullee, Dacheen garuu, akka waan amala dhagahuufi dubbachuu danda’uutti waloodhaan kalaqamus, uumama amala dubbachuun yaada ibsachuu danda’u

miti. Kana malees, akka yaadota qooddataa gahee Qonnaa bulaa fudhachuun dhihaate dubbate irraa hubatametti, Saalli 'Dachee' akka waan naayyee/Dubara ta'eetti amalli dubartummaa kennamuufiiti mul'ata. Kunimmoo, Dacheen akka waan amala namaa qabduu fakkeesse. Kanaafuu, yaadotni bo'oo walaloo kanaa keessatti waloon ergaa isaa ittiin dabarfachuuf qonnaan bulaafi dachee gidduutti akka waan waliin dubbiin taasifamuutti fakkeessuun kalaquun isaa, gahumsa inni gama itti fayyadama afaanii: gosa dubbii qolaa *'Hinjirree Dubbisuu/Ateessa'*tti dhimma bahuuf qabu mul'isa jechuudha.

### 4.2.3. Filannoo Jechootaa

Caaccuulee fayyadama afaanii walaloo keesssatti xiyyeeffannoo cimaa argachuu qaban keessaa inni tokko, filannoo jechootaati. Filannoon jechootaa kunimmoo, dandeettii fayyadama afaanii waloofi cimina walaloo sanaa murteessuu keessatti shoora olaanaa qabaata. Sababiin isaa, ergaafi dhaamsa walaloo sanaa galma barbaachisu biraan gahuu kan danda'u jechoota dhimma itti bahaman waan ta'aniifiidha.

Bu'uuruma kanaan, gara filannoo jechootaa walaloowwan Zalaalam Abarraa, Qorannoo kanaaf filatamaniitti yemmuu ceenu, tokkoon tokkoon walaloowwan filataman keessatti haalli filannoo jechootaa waloon kuni dhimma itti bahe, looga hawaasni jireenya guyyuu keessatti itti fayyadamuufi haala salphaa ta'een hubachuu danda'u ta'uu isaatu adda bahe. Loogni hawaasni jireenya guyyuu keessatti itti fayyadamu kunis haalaafi iddoo hojiirra oolmaa mataa isaanii kan qaban yemmuu ta'u, kanaan walqabatee ibsi bal'aan armaan gaditti dhihaatee jira.

Jechoonni walaloowwan filataman keessatti dhimma bahaman haala fayyadama afaanii, garaagarummaa looga dubbattoota hawaasa naannoo tokko jiratuu kan giddu-galeeffatedha. Kana jechuun, loogni dhalattootni afaanichaa fayyadamaniifi kanneen dhalattoota hinta'iin (guyyaa keessa baran) fayyadaman garaagarummaa qabaachuu isaa gama fayyadam afaanii waloon dhimma itti baheen ibsamuu danda'eera jechuudha.

Fakkeenya 1

> Lafa dhufaatiisaa utuu namni hin argin Iceegeen utaalee
>
> Fannoo gaachaneessee, olii gadi maggalee
>
> > "Wugz keme aariyoos…. ken Iyyaasuu hordofee

Kunoo isin abaaree, keraa keessan cufee

Ken kenerra derbee yaada Iyyaasuun buluu

Seexana afaan bu'aa, mena Waaqaa hindhaaluu

Haati werraa keessan seree gugurraa dheluu!"

(Utuu...! Daq. 03:31-03:54)

Bo'oo walaloo kana keesatti, haalli Iceegeen sagaleewwan jechoota tokko tokkoo ittiin sagaleesse, akkaataa dhalattootni Afaan Oromoo ittiin sagaleessan irraa wal adda. Fakkeenyaaf, jechoota "Ken, Keraa, Kenerra, derbee, mena, werraa, Seree, dheluu" jechuun fayyadamaman kanneen dhalattoota afaanichaafi dhalattoota hintaane gidduu garaagarummaa qaba. Jechoota akka fakkeenyaatti eeraman kanneen keessatti dhamjechoonni sagalee /e/'dhaan dhihaatan kan looga Iceegeen fayyadame yemmuu ta'u, dhamjechoonni kunneen looga dhalattoota Afaan Oromootiin yemmuu sagaleeffaman, "Ken => Kan, Keraa=> karaa, kenerra=> kanarra, derbee=> darbee, mena=> mana, werraa=> warraa, Seree=> Sareefi deluu=> dhaluu" ta'u.

Kanarraa kan hubatames, garaagarummaan loogaa dubbattoota afaan tokkoo sadarkaa dhamjechaatti mul'achuu isaafi dubbattootni sagalee jechootaa gara afaan dhalootaa isaaniitti harkisuu isaaniiti. Kanaafuu, walaloo kana keessatti haalli fayyadama afaanii garaagarummaan looga Afaan Oromoo dubbattoota gidduutti mul'atu maalirraa akka madduufi haala qabatamaa hawaasa keessa jiru walbira qabuun xiinxaluun akka danda'amutti dhimma bahame. Kunimmoo, gahumsi waloon kuni afaanitti fayyadamuun garaagarummaa akkaataa dubbii namootaa, haala qabatamaa hawaasa keessa jiru ittiin ibsuuf dhimma itti bahe olaanaa ta'uusaa nama hubachiisa.

Dabalataanis, jechootni walaloowwan filataman keessatti dhimma bahaman sansakkaa/amala qooddattootni ittiin beekaman ibsuu akka danda'anitti filatamuun hojiirra oolani. Amala qooddattootni ittiin beekaman yeroo jedhamu, amaloota akka gootummaa, gamnummaa, diinummaa, gantummaafi kan kana fakkaatan kanneen walaloowwaan filataman keessatti qooda fudhattoota ta'uun dhihaatan ittiin dhihaataniidha. Amalootni kunis, kan waloon ergaa dabarsuuf barbaade sana bu'uureffachuun jechootaafi gochoota walsimsiisuun kalaqeedha.

Kunimmoo, xiyyeeffannoo dubbistoota/dhaggeeffattoota walalichaa haala qabatamaa naannoo jireenyaa isaanitiin walitti firoomsuun hubannoo cimsuu keessatti shoora guddaa qabaata.

Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti, jechootni gootota Oromoo ittiin ibsuuf hojiirra oolaniifi baandotni diina waliin ta'uun lammii isaanii dabarsanii kennan ibsuuf filatamanii itti fayyadamaman jechoota amala qooddattoota kanneenii ifoomsaniidha.

Fakkeenyaaf, walaloo Utuu….! jedhu keessatti, Mardaasaan goota abaarsa saba isaa fuulaa fuulatti mormuuf sodaa hinqabneefi gara-laafessa, gara-laafummaa isaatiin wareegama qaalii kanfale ta'uu isaa ibsuuf jechootni filataman kanneen eenyummaa isaa seenessuuf tajaajila guddaa kennaniidha.

Dabalataanis, Waa'ee 'Oliiqaa Dingil' ilaalchisee, haala guddina qaama isaa, iddoo dhaloota isaa, gahumsa inni lola Xaaliyaanii irratti mul'iseefi haala inni dhumarratti ittiin du'e, kan du'e haadha warraa isaa ta'uudhaan walqabatee haalli isheen ittiin ibsamte, yeroo lubbuun keessaa bahuuf deemtu dhaamsi inni lammii isaaf dhaame hundi bifa namoonni sirriitti hubachuu danda'aniin akka dhihaatu kan taasise, filannoo jechootaa jechootaa waloon kun dhimma itti baheedha.

Kana malees, adeemsa qabsootiin walqabatee, haalli gootummaa Abishee Garbaafi haalli Qadiidaa Wannabee ittiin fira fakkaatee diinaaf dabarsee isa kenne, jechoota gochaan walfakkaataniin dhihaatani. 'Qadiidaa'n, 'Abishee Garbaa' qabsoo dhaabsisuuf jechoota gorsa fakkaatanitti fayyadamuun nama naasuu isaa qabu fakkaatee, sobaan sossobee akka waan hooggansaaf barbaadameetti fakkeessuuf jechoonni filataman, jechoota haala dubbii namoota akka qooddataatti bakka bu'an ibsuu danda'aniidha.

Fakkeenya 2

> Daggala maaf teessaa?
>
> Akka ilmaan Jaldeessaa,
>
> Galtee shuumii hintaatuu?
>
> Horroon hingassaatuu?"…
>
> (Utuu…!: Daq. 08:23-08:30)

Kanarraa kan hubachuun danda'amu, fayyadamni afaanii baandoonni fayyadaman mataan isaa amala isaan qaban kan hordofu ta'uu isaati. Bo'oo walaloo kanaa keessatti yaadni dhihaate, haala 'Qadiidaa Wannabee' ergama diinaa galmaan gahuuf 'Abishee Garbaa' sobaan sossobee, nama isaaf yaadu itti of fakkeessee akka inni isa amanee waraana dhiisuun harka kennatu ittiin taasisetu hubatama. Dhimmi ijoon qorannoo kana keessatti xiinxalame ammoo, haala barreessaan walaloo kanaa, afaanitti fayyadamuun akkaataa 'Qadiidaan' afaan mi'eeffatee, quuqamaa of fakkeessee, Abishee ittiin amansiisedha. Kunimmoo, filannoon jechootaa waloon kun dhimma itti bahe, jechoota gocha namootaa ibsuun, ergaan akka darbu barbaadame sun sirriitti akka ifoomu taasiseera.

Gama biraatiin, Walaloo mata dureen isaa "Malli Maali?" jedhu kessatti haala filannoo jechootaa hojiirra oolanii yoo ilaalle, Jechoonni waloon dhimma itti bahuun ofii isaa qonnaan bulaan bakka of buusee, 'Caalii' ammoo, nama barnoota ammayyaatiin hawaasa qonnaan bulaa keessaa bahuun baratee, hawaasa keessaa bahe tajaajiluuf waadaa galee, boodarra hawaasicha ganuun imaanaa ummataa dagate bakka buusuun ittiin ibse, jechoota hawaasa keessatti haalaan hojiirra oolaniidha.

Waloon kun, jochoota qonnaan bulaan itti fayyadamu, akkuma jirutti fudhachuun kan itti fayyadame yoo ta'u, jechoota qonnaan bulaan jireenya guyyuu isaa keessatti hinfayyadamneefi maqaa dhahuuf isa rakkisanis haaluma hawaasa keessatti itti fayyadamamaniin lafa kaa'e.

Fakkeenyaaf, jechootni akka 'Waaloojii, Doftoruu, Addisabaqaa' jechuun qonnaan bulaan dhimma itti bahe, kanneen hawaasa keessatti baratamummaa hinqabne ta'uu isaanitiin walqabatee, haala ittiin waamamuu qabaniin maqaa dhahuu dhiisuu isaaniitu mul'ata. Maqaan idilee, jechoota qonnaan bulaa kanaaf al-idilee ta'an kunneen dubbattoota barnoota ammayyaa baratan biratti ittiin maqaa dhahaman immoo, 'Baayoloojii, Doktaruufi Addis Ababaa' jedhamuun beekkamu.

Kunimmoo, dandeettii waloon kun dhugaa ummata keessa jiru afaanitti fayyadamuun haala namoonni carraa barnootaa hinargatiin ittiin dubbatu walaloodhaan ifoomsuu danda'e kan mul'isuudha.

## 4.3. Dhimmoota Walaloowwan Filatamaniin Kaafaman

Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti, dhimmootni adda addaa fayyadama afaanii barreessichi (Zalaalam Abarraa) ittiin ibse kanneen armaan gaditti dhihaataniidha.

### 4.3.1. Seenaa

Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman dhimmoota garaagaraa ibsuurratti xiyyeeffatu. Dhimmoota xiyyeeffannoo walaloowwan filataman kanneenii keessaa inni tokko, fuulleffannoo gama seenaatiin jiruudha. Qabxiilee seenaa ibsuudhaan walqabatanii walaloowwan filataman kessatti mul'atan tokko tokkoon yemmuu ilaallu, haala armaan gadiitiin dhihaataniiru.

**Utuu….!**

Walaloo mata dureen isaa 'Utuu..!' jedhu keessatti yaadni waliigalaa dhihaate, seenaa ta'iinsota ta'anii darbaniifi bifa gaabbii ofkeessaa qabuun ibsamaniidha. Seenaan as keessatti ibsames, seenaa gootota Oromoo baroota darban keessatti biyyaafi ummata isaanii jiraachisuuf qabsoo diddaa gabrummaa keessatti shoora olaanaa taphatanii boodarra garuu, haala isaan hin eegneen shira namoota isaan fakkaatanii du'aaf isaan kennanii kan seenessuudha.

Kanumaan walqabatee, seenaan walaloo kanaan ibsame inni biraa, seenaa dabaafi siyaasa jallinaa sirna gita bittaa ummanni Oromoo dhimmoota adda addaatiin walqabatee keessatti cunqurfamaa/gidirfamaa/hacuucamaa ture kan ibsuudha.

Kana malees, seenaan walaloo kana jalatti dhihaate inni dabalataa, haala goototni Oromoo qabsoof manaa bahanii wareegamaaf saaxilamaniidha. Goototni hedduun garalaafummaafi baandaa lammii keessaa beekuu dhabuu isaanitiin aarsaa lubbuu qaalii kan kanfalan ta'uu isaanii ibsa.

**Ana, Anaafi Ana**

Walaloo kana keessatti kan dhihaate immoo, garaagarummaa haala hubannaa seenaa namoota gidduu jiru bifa waliin dubbii yaada nam-tokkeetiin waloon kun ittiin ibsedha. Yaada walaloo kana keessatti dhihaate kanammoo, haala qabatamaa namootni seenaa ittiin hubataniifi xiyyeeffannoo isaan seenaaf kennaniin walcinaa qabnee yoo ilaalle, dhugaa ummata keessa jiru akka hubannu nutaasisa.

**Malli Maali....?**

Walaloo mata dureen isaa ‘Malli Maali?’ jedhu kessattis dhimmi seenaa Ummata Oromoo ibsuu irratti fuulleffate bal’inaan jira. Qabxii ijoo walalichaa irraa yoo eegalle, ummanni Oromoo baroota hedduuf barnootarraa akka fagaatuuf shirri siyaasaa irratti xaxamaa akka ture hubachuun nidanda’ama. Kanammoo kan ragaa bahu, yaada qooddataan bakka qonnaan bulaa bu’uun waa’ee gidiraawwan qaamni hooggansa alagaa isarratti raawwatee innimmoo, ‘Caalii’ tti himate irraa hubatameedha.

**4.3.2. Siyaasa**

Dhimmoota walaloowwan filataman keessatti waloon afaanitti fayyadamuun dhugaa haala qabatamaa ummata Oromoo keesa jiru ittiin ibse keessaa inni biraa, qabxiilee xiyyeeffannoo gama siyaasaatiin walqabatanii dhihaataniidha.

Dhimmoonni siyaasaan walqabatee, walaloowwan filataman kanneen keessatti dhihaatanis, dhiibbaalee haala siyaasa yeroofi namoota bu’uureffachuun haala qabatamaa hawaasa keessatti mul’ataniidha. Dhimmoota siyaasaan walqabatanii walaloowwan filataman keessatti dhihaatanis, muraasa isaanii akka fakkeenyaatti mata dureewwan walaloo keessatti ibsaman waliin haala armaan gadiitiin dhihaataniiru.

**Utuu…!**

Haala qabatamaa gama siyaasaatiin walqabatee, ummata keessa jiru waloon kunimmoo walaloo isaa kana keessatti ogummaa itti fayyadama afaanii olaanaa ta’etti dhimma bahuun dabawwan baroota darban keessatti haala leellistootni sirna gita bittaa yeroo sanaafi baandonni lammii keessaa waliin ta’uun lubbuu goototа Oromoo qaqqaalii ittiin galaafatan ibsee jira. Haalli waloon kun dhimmoota siyaasa jallinaa, walaloo kana keessatti ittiin ibses bifa seenessuutiin yemmuu ta’u, haala goototni Oromoo shiraan itti wareegaman, dhaamsa dhumaafi sochii qaamaa goototni Oromoo yemmuu lubbuun keessaa bahuuf deemtu yaada isaanii bifa gaabbii ofkeessaa qabuun ibsatanfi haala leellistoonni sirna gita bittaa yeroo sanaa shiraan dhugaa ummataa awwaalanii siyaasa sirna cunqursaa leellisuun gochoota hamaa raawwatan ittiin ibsuuf afaanitti fayyadame haala qabatamaa siyaasa biyya kana keessa ture kan ibsuudha.

**Fakkeenyaaf 1:**

Sirni bulchiinsa mootii ‘Lij Iyyaasuu’ hanga bara turtii aangoo isaatti, haalli ture wayyooma qabaatullee, gareen leellistoota olaantummaa siyaasa murna tokkoo garuu, dhugaa kana awwaaludhaan sirni siyaasaa duraan ture akka deebi’uuf hawwan, siyaasa bulchiinsa ‘Lij Iyyaasuu’ kan ummata biratti fudhatamummaa argatee ture sobaan faallessanii ‘Tafariin’ akka mootii ta’uuf duula gaggeessaa turuun dhugaa siyaasa jallinaa walaloo kana keessatti dhihaateedha.

**Fakkeenya 2:**

Walaloodhuma kana keessatti, haalli sirni gita bittaa siyaasa jallinaa/cunqursaa lammiilee qomoo tokko ta’an waliif diinomsee ergama isaa galmaan gahachuuf itti fayyadamaa turuu isaa ibsuuf, gochootni baandota akka: haadha manaa ‘Oliiqaa Dingil/Sooree’ fi ‘Qadiidaa Wannabee’ fa’aan raawwataman afaanitti fayyadamuun walaloo kana keessatti ittiin ibsamanis yaada dhugaa, siyaasni sirna gabrooftaa ummata Oromoo irraan gahaa ture ibsuudha.

**Asiifi Achi**

Mata duree walaloo ‘Asiifi Achi’ jedhu kana keessatti, dhimmoota haala siyaasaa ibsuuf waloon afaanitti fayyadamuun ergaa isaa ittiin dabarfate, garaagaraa keessaa muraasni isaanii akka fakkeenyaatti xiinxalamuun haala armaan gadiitiin dhihaataniiru.

Haalli waa’ee siyaasaatiin walqabsiifamee xiinxalame inni tokko, yaada waloon matuma isaatiin qooddataa ta’uudhaan garaagarummaa dhimma kabaja mirga namoomaa irratti: biyya inni yeroo ammaa jechuun hanga guyyaa walaloo kana barreesseetti, keessa jiraatuufi biyyaa biraa, kan inni sirriitti beeku yookiin kan keessatti guddate ( Itoophiyaa) gidduu jiru walbira qabuun ittiin ibseen walqabatee dhihaateedha.

Fakkeenyaaf, Akkaataa waloon kun, walaloo isaa kana keessatti garaagarummaa kabaja mirga beelladootaa keessaa: kan Saree, biyya waloon kun yeroo ammaa keessa jiraatuufi Kan biyya Itoophiyaa gidduu jiru fudhachuun ittiin ibse, kan dhugaa hawaasa keessa jiru ibsu ta’ee, haala qabatamaa garaagarummaa kabaja mirga namoomaatiin walqabatee jirus ibsuudha.

Kunimmoo, garaagarummaa siyaasaa haala qabatamaa biyyoota lamaan gidduu jiru ibsuu irratti kan fuulleffatu ta’uu isaa bo’oon walaloo armaan gaditti dhihaate ni mul’isa.

Fakkeenya 1:

…Achii sareetu mirga sarummaa dhaba

Asii sareetu mirga namummaa qaba

Hattuufi yakkamtuuf ma lee, diina tokkollee hinqabdu

Roorroon itti baay'atee, Biyya abbaasheetii hinbaddu

(Asiifi Achi: Daq. 04:26-04:40)

Akka yaada bo'oo walaloo kana keessatti dhihaate irraa hubachuun danda'amutti, garaagarummaan kabaja mirga sareefi kan ilma namaa walbira qabuun waloon kun ibse, garaagarummaa sadarkaa kabaja mirga namoomaa gidduu jirufi haala qabatamaa dhiibbaa siyaasaa biyyoota lamaan gidduu walmadaalchisuudhaani. Kana kan ibsummoo, yaada waloon kun dhuma bo'oo walalichaarratti "Roorroon itti hammaattee, Biyya Abbaasheetii hinbaddu" jechuun saree fakkeessee, dhiibbaa siyaasa cunqursaa mirga dhala namaa biyya kana keessa jiru ittiin ibseedha. Dhugaa ummata keessa jiruun walqabsiifamee yoo xiixalamus, haalli jiru yaaduma walaloo kana keessatti dhihaateen kan walsimatu ta'uu isaatu hubatame. Dhugaa kana ifoomsuu keessatti shoora guddaa kan taphare immoo, haala fayyadama afaanii, waloon kun dhimma itti bahe ta'uusaatu hubatame.

**Malli Maali?**

Walaloowwan xiinxala qorannoo kanaatiif filataman keessaa tokko, walaloo mata dureen isaa 'Malli Maali?' jedhu kanadha. Qabxiilee xiinxalaman keessaayis inni tokko, haala barreessaan walichaa afaanitti fayyadamuun dhimma siyaasaa walaloo kana keessatti ittiin ibseedha. Bu'uuruma kanaan, qabxiileen qorataan kun qorannoo isaa kana keessatti, haala barreessichi afaanitti fayyadamuun dhimmoota siyaasa ittiin ibse kan armaan gaditti dhihaataniidha.

Walaloo kana keessatti qabxiileen dhihaatan gutumaan guutuutti, kanneen waa'ee qonnaan bulaatiin walqabatanii dhihaataniidha. Qabxiilee dhimma siyaasaatiin walqabatee, walalicha keessatti xiinxalaman keessaa inni tokko, yaadota dhiibbaa siyaasaatiin qonnaan bulaa irra gahaa turan; kan waloon qooddataa (qonnaan bulaa) bakka bu'e ta'uun dhiheesseedha. Dhiibbaan siyaasaa, qonnaan bulaa irra ture sunis, siyaasa sirna 'Abbaa Irree' kan qonnaan bulaa irraa qabeenya isaa humnaan saamee, qe'eedhuma isaatti mirga abbaa qabeenyummaa irraa mulqaa ture ta'uu isaa yaada qonnaan bulaan 'Caalii'tti bifa iyyannootiin himaterraa

hubachuun danda'ameera. Haalli fayyadama afaanii barreessichi yaadota qonnaan bulaa kana ibsuuf dhimma itti bahes, haala qabatamaa ummanni yaada isaa ittiin ibsatu kan bakka bu'uudha. Fakkeenyaa 1:

…… Jabana lamaanuu, nuyii kanaan jiru

Hin dhufa inni Beeroo inni dubbii injiru

Bobaatti qanqalloo, harkaa qawwee qaba

Hoodhaa! Fudhaa! Hinbeeku, as kennaa lallaba

Haqaaqee fudhachuuf, ganda sagal laba

Gashaa inni sassaabu maqaa sagal qaba

Gibira, Gidira

Samachaa, Hammacaa

Mawwaacoo, wawwacoo

Meeqan himee fixaa, isa inni sararu

Gashaa narra jiru, isan an gabbaru

Isa maaliif dhiiroo, isa ani saamamu

Qe'ee abbaa koorratti isa ani dhiitamu

Maali maqaan gashaa? Waanani hinbeekne

Nagaa jireenya koof anoo hin wareegne

Yeroon harkaa dhabe, namuu naan hiixanne

Yeroon dhukkubsadhe, 'siyaamaaru' hinjedhamne……..

(Malli Maali.....?: Daq. 06:34-07:15)

Bo'oowwan walaloo armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu, qonnaan bulaan walalaloo kanaan ibsame, cunqursaa siyaasaa hamaa ta'e keessa turuu isaati. Yaada qooddataa gahee qonnaan bulaa fudhachuun haala gidiraafi cunqursaa siyaasaa yeroo sanatti sirni bulchiinsa

alagaatiin ummatarra gahaa ture kanarraa akka hubatametti, hooggantootni sirna bulchiinsa bar asana keessaatis ta’ee, sirnichumti mataansaa qonnaan bultoota lafaafi qabiyyee isaanii humnaan kan saamu, rakkoo hawaasni keessa jiruuf dantaa kan hinqabne, nama saamuu malee kan gargaarsa namummaaf hindhimmamne, walumaagalatti ummata Oromoof naasuu kan hinqabne ta’uu isaati. Fayyadamni afaanii as keessatti hojiirra ooles, haala qabatamaa qonnaan bultootni Oromoo keessa darbe walaloo kanaan sammuu namootaa keessatti yaadfakkii bifa uumuu danda’uun hojiirra oole.

### 4.3.3. Hawaasummaa

Hawaasummaan haala jiruufi jireenyaa namoonni naannoo tokko waliin jiraatan walitti dhufuun gaddaafi gammachuu walii qooddataniidha.

Dhimmoota walaloowwan filataman keessatti, barreessichi afaanitti fayyadamee ibse keessaa dhimmi hawaasummaas isa tokkodha. Haalli fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti dhimma hawaasummaa ibsuuf hojiirra ittiin ooles, haala qabatamaa ummanni dhimmoota jiruuf jireenya isaanii keessatti isaan mudate: gaddas ta’ee, gammachuu, yaraas ta’ee, gaarii, tolaas ta’ee, hamaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsatan bifa addeessuu danda’uunidha.

Kanumaan walqabatee, Walaloo mata dureen isaa ‘Asiifi Achi’ jedhu keessatti, yaada barreessaan walalichaa, garaagarummaa haala hawaasummaa biyya inni hanga yeroo walaloo kanaan dhugaa jiru ibsuuf barreessetti keessa jiraachaa jiruufi biyya kana (Itoophiyaa/Oromiyaa) gidduu jiru ibsuuf dhimma itti bahe, bo’oo walalichaa keessaa fudhatamee armaan gaditti dhihaateen kan ifoomu ta’a:

Fakkeenya 1:

> Achii: nagaatu gaafatama
>
> Oduutu firfirfama, afaantu banatama
>
> Asii nagaatu tuffatama, Gaazexaatu dubbifama,
>
> Oduutu funaanama, Afaantu cuqqaalama
>
> Achii: Ooltee? Bultee? jedha namni yoo walargu
>
> Inni karaa deemu, inni walbira darbu,

Kan kefkeffee dhugu

Geejjiba keessatti nagaa walgaggabsa

Nagaa gaafachuudhaaf kan rafe dammaqsa

Namicha garasii, dubartii garanaa

Isa as dhihoo ta'ee, isa gama sanaa

Isa gara teellaa yookaan isa cinaa

"Attam naguma jirtuu?

Addisabaqaa dhaqxuu?

Kanumaa maaf dhaqxuu?

Naguma bultanii? Aaddee haadha Taaddalaa

Ani rafee hinbulle kaleessa galgalaa

Barcuma argattanii? Obbo abbaa Xilahuu

Silaa! Dhaloonni si'anaa lafaa namaa hin kahuu

Attam coraan keessan nagumaammoo adaraa?

Maatii hundi nagumaa? Quba qabduu firaa?

Maalan nagaa bulaa, Aadde haadha Nagahoo

Mooyyeesaatti naqatee natumaa bulehoo

Isinoo nagumaa? Attam jirtu adaraa?"

Jedhee walgaafataa, jedheetu walqora……

(Asiifi Achi: Daq. 05:28-06:44)

Yaada kanarraa kan hubatames, haala ummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jireenya isaanii keessatti waan isaan mudateefi haala fayyummaa maatiin, firri, ollaafi biyyi guutuun keessa jiru bakka walitti dhufan kamittuu, ittiin yaada isaanii waliif ibsaniidha. Barreessaan walalichaatis, haala qabatamaa ummanni Oromoo: adeemsa waliin jireenyaa keessatti waa'ee

isaanii ittiin waliif ibsan kana ibsuuf haalli itti fayyadama afaanii inni hojiirra oolche, bifa dhugaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uu danda'uuniidha. Haalli hawaasummaa, hawaasa waloon kun keessa taa'ee waa'ee isaanii walaloo kana keessatti ittiin ibses, haala qabatamaa ummatichi adeemsa waliin jireenyaa keessatti waa'ee walii isaanii waliif ibsuuf hin aadeffatamne ta'uu isaa haala barreessaan walalichaa afaanitti fayyadamuun ittiin ibse irraa hubachuun danda'amee jira.

Walumaagalatti, haalli fayyadama afaanii, waloon kun haala hawaasummaa biyya inni keessa taa'ee walaloo kana barreesseefi kan biyya keenya (Ummata Oromoo) biratti mul'atu ittiin ibsuuf dhimma itti bahe; kan yaadota haala qabatamaa ummata keessa jiru bakka bu'uu danda'uudha. Fayyadamni afaanii hojiirra oole kunis, kan bifa dhimmoota hawaasummaa haala qabatamaa ummata keessatti mul'atan ibsuu danda'uun dhihaateedha yoo jedhamu, jechoota gochoota haala qabatamaa mul'ataniin bakka bu'anii dhihaatan hunda kan dabalateedha. Fakkeenyaaf, walaloo dhihaate kana keessatti, Waliin dubbii namootni konkolaataa tokko waliin yaaban: (Aaddee Haadha Taaddalaa, Obbo Abbaa Xilahuufi Aadde Haadha Nagahoo) taasisan irraa kan hubatamu, nagaa walgaafachuun, iddoo deeman walqorachuufi haala keessa jiran walgaafachuun akkuma jirutti ta'ee, qeeqni gama safuutiin walqabatee, dhaloota ammaa irratti mul'atu waljalaa ka'uu dhiisuu kan ibsuudha.

# 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa ragaalee qaacceffamanii, Argannoowwan qorannoo kanaan bira gahamaniifi Yaboo qarataan kun teechisetu walduraa duubaan dhihaatee jira.

## 5. 1. Cuunfaa

Walaloon damee ogbarruu keessaa tokko ta'ee, gareewwan gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis, Barwalaloofi Afwalaloo yemmuu ta'an Lamaan keessaa kan qorannoon kun irratti fuullaffatemmoo, barwalaloodha. Barwaloon immoo, damee ogbarruu dandeettii itti fayyadama afaanii sadarkaa olaanaa ofkeessatti hammatuudha. Sababiin isaa, gahumsa itti fayyadama afaanii: waloo, walaloo sana kalaqeetu, sadarkaa hubatamummaa ergaa walalichaa murteessa waan ta'eef. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaatis, haala fayyadama afaanii: walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen filataman keessatti ittiin hojiirra oolan qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Walaloowwan qorannoo kanaaf filatamanis: 'Utuu!', 'Ana 'Anaafi Ana', 'Asiifi Achi' fi 'Malli Maali?' kanneen jedhaniidha.

Qorataan kunis, kaayyoo qorannoo isaa kana galmaan gahuuf, jalqabarratti walaloowwan filataman kanneen barreeffamaan qindeeffachuu irratti fuulleffate. Sana booda, qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti argaman haala barbaachisummaa isaanitiin erga adda baafateen booda; gara qaaccessa ragaalee madda odeeffannoo irraa, mala qorannoo sakatta'a harshammeetiin funaannateetti cehe. Adeemsa hojiilee qorannoo isaa kanaanis: Qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti argaman maal fa'a akka ta'an, itti fayyadamni afaanii dhimma bahame dhimmoota akka akkamii ibsuurratti akka xiyyeeffatuufi haala kamiin akka hojiirra oolan adda baasuun qaaccessee jira.

## 5.2. Argannoo

Ragaaleen iddattoowwan filataman irraa, mala funaansa ragaalee sakatta'a harshammeetiin walitti qabaman; mala qaaccessa ragaa akkamtaatti dhimma bahuun qaacceffamaniiru. Qaaccessa ragaalee qorataan kun taasiseenis, argannoowwan armaan gaditti dhihaatan bira gahuun danda'amee jira.

- Fayyadamni afaanii, walaloowwan filataman hunda keessatti dhimma bahame, garaagarummaa akkaataa waliigaltee dubbii afaanii keessatti, namoota gidduutti mul'atu, haala qabatamaa 'dhugaa' hawaasa keessa jiruun walfakkeessee dhiheessuu isaatiin miira hubannaa namootaa kan qajeelchuu danda'u ta'uu isaatu qorannoo kanaan adda bahe.
- Inni biraa, itti fayyadamni afaanii waloowwan filataman keessatti hojiirra oole: Haala gochootni, amalootni, sochiileeniifi mallattooleen adda addaa namootni agarsiisan jechoota afaaniitti dhimma bahuun sammuu jamaa keessatti yaad-fakkii waa'ee waan duraan hinbeekne tokkoo ittiin suuressuun danda'ameedha.
- Dabalataanis, jechoonni walaloowwan filataman keessatti dhimma itti bahaman, jechoota waaltawoo ta'an; Kan gareen hawaasaa carraa barnoota idilee argatan muraasni qofti itti fayyadaman osoo hintaane, kanneen 'Sabni Oromoo bal'aan' bakka jireenyaafi haala jiruufi jireenyaa garaagaraa keessa jiraatu salphaatti hubachuu danda'u ta'uun isaanii bu'aa qorannoo kanaan adda baheedha. Jechoota ummanni Oromoo jireenya guyyuu isaa keessatti itti tajaajilamu kan giddugaleessa godhate jechuudha.
- Kana malees, haalli fayyadama afaanii: walaloowwan filataman keessatti, waloon ergaa isaa ittiin dabarfachuuf dhimma itti bahe, haala jechoota afaanii fayyadamuun sammuu jamaa keessatti suuraa bifa yaadaatiin abuuramu, kan Addunyaa dhugaa irra hinjirre kalaqee: akka waan jiraatanii dubbataniitti, akka waan nyaatanii dhuganiitti, akka waan gaddaafi gammachuu isaanii ibsataniitti, akka waan lolanii moo'ataniitti, akka waan ijaan argamanii harkaan qaqqabamaniitti fakkeessee ittiin dhiheesseedha. Gahumsi itti fayyadama afaanii: waloo 'Zalaalama Abarraa' walaloowwan filataman keessatti jechootaan fakkii yaadaa, sammuu namaa keessatti uumuudhaan walqabatee horateefi gaheen fayyadamni afaanii bu'aa kana fiduu keessatti taphate olaanaa ta'uu isaatu hubatame.

## 5.3. Yaboo

Qorataan kuni, bu'uura qaaccessa ragaalee maddoota odeeffannoo irraa mala funaansa ragaa sakatta'a dookimantii/harshammeetiin funaannateen, qabiyyeewwan itti fayyadama afaanii: walaloowwan filataman keessatti hammatamaniifi haalli hojiirra oolmaa isaanii maal akka fakkaatu irratti yaadota "Yaboo qorannoo kanaa nita'u" jedhee amane, haala armaan gaditti tarreefamaniin dhiheessee jira. Isaanis:

- Qabiyyeewwan fayyadama afaanii: Hojiilee walaloo keessatti fudhatamummaafi amanamummaa yaadaa uumuuf, gahee olaanaa kan qaban ta'uunsaa adeemsa qorannoo kana keessatti taasifameen waan adda baheef, namoonni hojiilee kalaqa walaloo waliin walqabatu irratti bobba'uuf hawwii qaban, bu'aa qorannoo kanaa irraa hubannoo xurree/daandii milkaa'ina waloo Zalaalam Abarraatirra isaan buusu akka argataniif jecha waraqaan qorannoo kun mana dubbisaa Yuunivarsiitii Haramaayaa keessa galuun madda odeeffannoo labataa labatatti darbuu yoo ta'e gaarummaa qabaata.
- Barnoota Afaan Oromoo keessatti, miseensota fayyadama afaanii shaakala barwalaloo keessatti xiyyeeffannoo keessa galuu qabaniifi barbaachisummaa isaanii ittiin barsiisuufillee, yaadrimeewwan qorannoo kana keessatti dhimmoota itti fayyadama afaaniitiin walqabatanii dhihaatan, haala barbaachisummaa isaaniitiin bu'aa barnootaa keessatti qooda cimaa waan qabaatuuf, hanga danda'ametti waraqaan qorannoo kun baay'ifamee iddoowwan dubbisa kitaabaa adda addaa keessa akka jiraatu osoo taasifamee, bu'aa barnootaa keessatti deeggarsa guddaa nitaasisa.
- Fayyadama afaanii walaloowwan filataman keessatti haalli filannoo jechootaa waloon itti fayyadamee dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ibsuuf isa dandeessise, jechoota Afaan Oromoo hedduu beekuufi garaagarummaa looga dubbattoota Afaan Oromoo gidduu jiru adda baasee beekuu isaa irraa kan madde akka ta'e hubachuudhaan; Barsiisonni Afaan Oromoo qabiyyeewwan barnootaa: beekumsa hiika jechootaafi fayyadama jechootaa barattootni akka horataniif dhihaatan ittiin hubachiisuuf dandeettii fayyadama afaanii waloo Zalaalam Abarraa walaloowwan dhihaatan keessatti mul'ise kana fakkeenya godhachuun itti fayyadamuu danda'u.

# WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa (2021). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC

Ayub Ismael (2008). *Language Use of the Jamican and Rastafarian Community in Shashamene A Sociolinguistical Study*. Addis Ababa University: Un published MA Thesis.

Caalaa Birrinaa (2019). *Itti Fayyadama Malleen Dubbii Walaloo 'Miila Kaayyoo' fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?' Keessatti: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin*. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamin.

Cooper, R. ( 1976). *The Study of Language Use In M.L. Bender J.D.Brown R.L Cooper, and C.A. Ferguson (ends), Language in Ethiopia.*London: Oxford University Press.

Elsa, P. (2011). *Elements of Poetry (Partial List).*

Falmataa Kafanaa (2021). *Biiftuu Haqaa: Dilbii Walaloo*. Finfinnee: Oromiyaa. Michuu Design

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Subi Printing Press

Filee Jaallataa (2019). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa ADP (ADP Printing Press)

Gammachiis Zawuduu (2016). *Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa*. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamiin.

Ginbaar Waaqjiraa (2017). *Qaaccessa Qabiyyee Afaanii Jaarsummaa Haadha Warraafi Abbaa Warraa Gidduutti: Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa*. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamne.

Guddeon J.A. (1982). *A Dictionary of Literary Terms*. New York: Published by Peguin Books.

Ibsaa Addunyaa (2016). *Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo Anaan'yaa Keessatti, Digirii Lammaffaatiif Qophaa'e*. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hin maxxanfamin.

Kevan, B. & Lyam, Ch. (2011). *What Is Poetry?*. Biyyaafi Mana Maxxansaa hin qabu.

Lawrence, J.(1972). *Mix Me A Metaphor*. London: Gentry Books.

Mechael T. (2019). Literacy Stylistics: https://oxfordre.com/literature/display/10.1093/acrefore/9780190201098.001.0001/acrefore-9780190201098-e-1008#:~:text= Literary%20stylistics%20is%20a%20practice,lingustic%20 foregrounding%2C%20in%the%20text

Nuuraddiin Ibraahim (2020). *Qubee Harmee: Kitaaba Gabbina Barnoota Afaan Oromoo*. Maxxansa 2ffaa. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa ESAYAS General Trading & Printing

Richard, Y. (2008). *Methodology In Language Teaching.* Cambridge: Cambridge University Press.

Shaw, H. (1972). *A Dictionary of Literary Terms*. New York: Mc Graw Hill Book Company

Sinqinesh Alamuu (2019). *Qaaccessa Malleen Dubbii fi Suuressuu Walaloo Obomboleettii Keessatti*. Waraqaa Ittiin Guuttannaa Digirii Lammaffaa. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamiin

Sylvan Barnet and William E.Cain.(2009).Ashort Guide To Writing About Literature.New York:Pearson Longman.

Taaddasaa Gaaddisaa (2017). *Qaaccessa Asoosamoota Afaan Qawwee Jalattii fi Galfata Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin*. Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hin maxxanfamin

Tewodros Bogale (2002). *Major Themes In Ethiopian Poetry In English From 1944-1967 E.C.* Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of MA. Addis Ababa University: Un published.

Yaadannoo Gaaromsaa (2014). Hora Obaa: *Kuusaa Afoollan Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa. Dhaabbata Maxxansaa Elleni.p.p. PLC

Zalaalam Abarraa (2003). *THE JOURNAL OF OROMO STUDIES.* Volume 10, Numbers 1 and 2. Middle Tennessee State University Murfreesbora, TN 37132-0189

Depryck, K. (1993). Evaluation and Paradox Knowledge, Evaluation and Paradox. USA: State University of New York Press.

Clark, H. (1996). Using Language: Cambridge University Press.

Ricoeur .(1975). The Rule Of Metha Plot. United King Dom. Toylor And Fram Is Group.

# Dabaleewwan

## Dabalee A

### Utuu…!

Utuun maal fakkaattii?

Adii, diimtuu moo… bifa gurraachoftii?

Mildhuu dura martee, yaada guduunfitee, bor dimimmistii?

Boquu yaadaa haqaaqxee, Kaleessatti hodhitee, abdii kutachiiftii?

Moo… booree namatti uumtee, boriif si'eessitti?

Kan agartan jirtuu?

Teessoon shee garami; eessa mandheen utuu?

Masaraanshee eessaa, iddoosheen qubattu?

Eenyufaa jaalattii? Eenyuun kan balfitu?

Eenyufaa gonoftii, eenyuun kan badhaastu?

Utuun kan eenyuuti? Eenyutu dhuunfataa?

Kan manaashee hinqabne ofii jiraa laata?

Qulqulluun akka Waaq! Sabni/namni Utuu hin jenne

Jireenya xiinxalee, Seenaasaa hubatee, kan waa hingaabbine?

Waanuma halleefuu…

Maalummaa utuu, mee koottaa haxinxaalnu

Cina gadheef gaarii addaan haa calalluu.

Karaa cina tokkoo, kan nutti mu'atu

Kan yaadni ciicatee, kan qalbiin hubatu

Namni Utuun seente taa'ee quba nyaata

Akka baakkuu goromsaa naannayee mardhata

Kan borii irraanfatee kaleessa mildhata

Egeree dagatee, kaleessa jiraata

Tarkaanfachuu dhiisee, achumaa lafa dhiita

Leenca ta'uun hafee, qalbiin gururi'ee akka saree duta

Utuun kun dhukkuba, dhukkuba hadhaa bofaa

Hadhaa hadhaa caalu, kan mar'ataa saafaa

Morgaa nama gaadi'a qalbii nama guduunfa

Yaadatu tamsa'ee faffaca'ee hafa

Karaa cina kaanii…

Utuun qorichadha kan fanxoo fayyisu

Kan kuukkii balleessee, kan guboo buqqisu

Utuun dawaa gaari abbaa itti beekkateef

Kaleessa hubatee, kaleessa xiinxalee, kan irraa barateef

Boriif akeekkatee, booree kudhaammatee,

Kan jiruuf seexa'e, kireenyaaf kutate.

Utuu kana hubachuuf mee koottaa akkas goonaa

Kan darbe qorannaa kaleessa xiinxalnaa

Diinqa seenaa seennee, maqaa namaa dhoofnaa.

**Xxxxxxxxxxxxxxxxxx**

Yeroon waa'ee Utuu isinitti odeessu

Nama gaabbiin du'e yeroon maqaa kaasu

Mardaasaan yaadadha kan qeesii wareersu.

Bara abdiin daraaree, achumaan coolige

Jabana Iyyaasuu, bara aangoon wal rige

Kunoo bara sana,….

## Dabalee A

### Ana. Anaafi Ana

Tokkeen koo inni tokko lafa dhahee rafa

Waaman hindhagawu korrisee kurruufa

Tokkeen koo inni kaan qalbii na qirqira

Akka abbaa galfataa na dhaanuuf girgira

“Kaleessi maalii…?” naan jedha

Gujaa na bulchuu fedha

Firaa waa naa malaa

Yaadachuu yaadadheen,

Dagachuu irraanfadheen…,

Harkaan taa’aa bulaa

----------------------

Ani waa ta’eera waa naa falaa firaa

Tokkeen koo inni tokko qalbii na qirqira

Irraanfachuu irraanfata

Yaadachuu yaadata

Tokkeen koo inni tokko akkas yeroo rafu

Waaman hin dhagawu, yaa anaa inaafuu!

Gar tokkeen koo kaani …,

“Kaleessi maali…?” naan jedha

Gurjaa na bushuu fedha

“Har’i maali… kaleessa borii yoo hintaane?

“Boris maali eega kaleessa hin dhaalne?”

Jedhee …, irriibaa na kaasa

Raasee na dammaqsa

Tokkeen lama ta’een takkas sadii ta’een akka sillaasotaa

Irriibaa of kaaseen, Ofii koottin falma, Ofittan mugguta

-----------------------

Ani gar tokkeen koo, gar tokko koo kaaniin

Dukkana limixii, walakkaa halkaniin

Irraanfachuu lageen, yaadachuudhaan qora

Irriibaa dammaqeen yaadachuun wareera

Tokkeen koo inni tokko, tokkoo koo isa kaaniin

Dukkana limixii, walakkaa halkaniin

----------------------------

"Maaloo hin gowwoomiin rafi yaa namana

Isa bara durii hawwitaa barana

Kaleessi tareera

Kuunnoo… fagaateera

Maaf hin irraanfattuu?

Irriiba kee hinraftuu?

Kaleessi tareeraa…,

Kaanif gooba kormaa itti tuulee goobsee

Kaaniif gooba saree badhaasa badhaasee

Gadaamessi kaleessaa waa rimaayee baatee

Miixatee, oofkalee, Ulfatu irraa bayee, gatata gatatee

Jettee maaf of qortaa? maaluma rakkattee?

Balaqqama seenaa faltii yeroo darbee

Jettees maa taajjabdaa? Siin maaltu si dhibee?

## Dabalee C

Asiifi Achi

Achii Axaariin bandii bittiin

Mammaksa nama abshaalaati

Asii garraamiitu dagata

Axaariitu nagadata

Kumafaa irraa buufata

Asii yeroo ganna gannaa,

Bishaantu kottoonfatee karaarra quphana

Yommuu bona bonaa,

Qaama diriirfatee aduutti bambana

Achii bishaan rooba,

Asii bishaantu gooba

Asii bishaan miti jirbiitu gadi harca'a

Suuta jedhee lafa gahee dhagaa ta'a

Rukutan qottoo cabsa

Qotan maarashaa dabsa

Hinkantara dhagaa ta'a

Sodaa abiddaaf sodaa aduu lafaa ka'a

Ganna guutuu ciisaa bahee,

Aduun dhuftee yoo dhagahe

Gaafa sana lafaa ka'ee dambali'a

Hinsokossa, hinsocho'a ciisee yaa'a

Achii bishaan bonaa, qaamni huuqqatee laga ciisu

Ganna ganna qaamni hurkatee, baqatanuu nama hindhiisu

Miilla baasa, miilla qabaa muka guddaa namaa yaaba

Mukni guddaan cabee hinbeekne gaafa sana namaan caba

Utuu hindu'in ekeraan ofii namaan tapha

Hinbookkisaa nimar'ataa

Ni dheekkamaa hindutaa

Hinxirqanaa hinfoolataa

Diddiqa muree kaataa

Dhagaa gateettiitti baataa

Awwaala eenyuu dhaqa laataa?

Achii harmi jige hamma du'e

Asii harmi jige hamma gu'e

Achii harmi jignaan gatii hinqabu

Asii harmi jige gatii hindhabu

Utubaadhaan utubu, utubanii ol qabu

Achii harmi jignaan, ol hinjedhu lammaffaa

Qomarra sii gadi rafa

Asii harmi ka’ee dhaabbata

Dhangalaasa dhahata

Jigee hinhafu eessabbaasaa

Cireessatu utubee kaasaa

Lakkii! Jigee hinhafu, qomarratti hodhamee

Jiruun tole harma jige kaasaan kanaaf mammaakame natti fakkaata